# Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa

# Sakatta'a Bu'a qabeessummaa Hojiiwwan Komishinii Naamusaa fi Farra Malaamaltummaa Oromiyaa


**Qoratootni:**

Geetaachoo Fayisaa

Waaqgaarii Dullumee

Sambataa Abdataa

**Gulaaltonni:**

Alamaayyoo Massalaa

Dhaabaa Dirribaa

Kabbabaw Biraanuu



**Caamsaa, 2009**

**Hiikoo Jechoota Kottoonfatanii**

KNFM – Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa

KNFMNO- Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa

MNO- Mootummaa Naannoo Oromiyaa

SDFY - Seera Deemsa Falmii Yakkaa

Lakk. – Lakkoofsa

Kwt. -Keeyyata

LGQ- Lakkoofsa Galmee Qorannoo

ALA – Akka Lakkoofsa Awurooppaa

ALI – Akka Lakkoofsa Itoophiyaa

Baafata


Boqonnaa Tokko ..... 1

1. Gumee Qorannoo ..... 1

1.1 Seensa Waliigalaa ..... 1

1.2 Hima Rakkoo ..... 2

1.3 Kaayyoo Qorannoo ..... 6

1.4 Faayidaa fi Fayyadamtoota Qorannoo ..... 6

1.5 Mala Qorannoo ..... 7

1.6 Daangaa qoranichaa ..... 9

1.7 Hanqina Qorannoo ..... 9

Boqonnaa Lama ..... 11

Sakata'a Hogbarruu Haala Madaallii Bu'aqabeessummaa Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa ..... 11

2.1 Madaallii Dhaabbilee Farra Malaammaltummaa ..... 11

2.1.1 Kutannoo siyaasaa ..... 13

2.1.2 Bilisummaa ..... 14

2.1.3 Humna Namaa fi Baajata ..... 14

2.1.4 Walta'iinsa Qaamolee Hirtaa (Stakeholder) Waliin Godhamu ..... 15

2.1.5 Ittigaafatamummaa fi To'annoo ..... 16

2.1.6 Ilaalacha Hawaasni Qaamolee Farra Malaammaltummaa Irratti Qabu ..... 17

2.1.7 Raawwii Hojii Dhaabbilee Farra Malaammaltummaa ..... 17

2.2 Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa ..... 18

2.2.1 Haala Hawwaasummaa, Siyaasaa fi Diinagdee Naannoo Oromiyaa ..... 18

2.2.2 Haala Hundeeffamaa ..... 20

BOQONNAA SADI ..... 23

Xinxaala Daataa Haala Qabatamaa Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa ..... 23

3.1 Bilisummaa ..... 23
3.2 Humna Namaa fi Baajata ..... 30
3.2.1 Humna namaa ..... 30
3.2.2 Baajata ..... 39
3.3 Qindoomina Komishiniin Qaamolee Biroo Waliin Qabu ..... 44
3.4 Raawwii Hojii Komoshinnii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa ..... 52
3.4.1 Ittisa Yakka Malaammaltummaa ..... 52
3.4.2 Hojii Qorannoo fi Himannaa ..... 69
3.5 To'annoo fi Itti gaafatamummaa ..... 88
3.6 Kutannoo Siyaasaa ..... 90
3.7 Ilaalchaa fi Amantaa Ummatni Komishinii Irraa Qabu ..... 93
3.8 Aanggoo fi caaseffama Komishinii Naamausaa fi Farra Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa ..... 96
Boqonnaa Afur ..... 110
Guduunfaa fi yaada furmaataa ..... 110
4.1 Guduunfaa ..... 110
4.2 Yaada furmaataa ..... 116
4.3 Miiltolee ..... i
4.4 Maddoota wabii ..... i

## Boqonnaa Tokko

### 1. Gumee Qorannoo

#### 1.1 Seensa Waliigalaa

Waggootni digdamoota darban malaammaltummaan gufuu guddinaa ta'uun isaa yeroo caalatti itti hubatameedha. Kanumaafis, sadarkaa idil-addunyaattis ta'ee biyyoolessaatti sochii fi tarkaanfiwwan adda addaa malaammaltummaa hir'isuu irratti xiyyeeffatan taasifamaa turaniiru. Keessumattuu, sochii malaammaltummaa hir'isuu keessatti hundeeffamni qaamolee addaa farra malaammaltummaa irratti xiyyeeffachuun hojjetan (specialized Anti-corruption Agencies (ACAs) qabxii akka Idil-addunyaatti xiyyeeffannoo argate ta'eera. Dhaabbanni mootummoota gamtoomanii bara 1996(ALI) dhiibbaa malaammaltummaan nageenyaa fi guddina hawwaasa addunyaa irratti qabu hubachuun konvenshinii malaammaltummaa ittisuu irratti xiyyeeffatu baasee jira.[1] Konvenshinichis malaammaltummaa ittisuu fi hir'isuu keessatti barbaachisummaa xiyyeeffannoo qaamolee addaa farra malaammaltummaa irratti hojjetaniif kennamuu qabu agarsiisee jira.[2] Haaluma walfakkatuun biyyoota dhaabbilee kanneen fayyadamuun malaammaltummaa hir'isuu fi ittisuu irratti milkaa'ina argatan, kanneen akka Hong Kong fi Singaapoor irraa muuxannoo fudhachuun biyyoonni hedduun dhaabbilee farra malaammaltummaa irratti hojjetan hundeeffataniiru. Haa ta'u malee dhaabbileen kunneen biyyoota hunda keessatti milkaa'ina walfakkaataa hin argamsiifne. Biyyoonni dhaabbilee kanneen haala hawwaasummaa, diinagdee fi siyaasaa isaaniin walsimsiisanii, kutannoodhaan dhimma itti bahan malaammaltummaa hir'isuu fi ittisuu keessatti bu'aa argataniiru. Gama biraan immoo biyyootni dhaabbilee kanneen sababa dhiibbaa garaa garaatiif, maqaaf qofa, hundeessanii fi kutannoo siyaasaa gahaa hin agarsiifne bu'aa barbaadame fiduu hin dandeenye.

Akka Itoophiyaatti sochii farra malaammaltummaa irratti goodhamu galmaan gahuuf yeroo duraaf bara 1993 dhaabbata adda dureen sochii kana qindeessuu, kan Komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa Itoophiyaa jedhamu sadarkaa federaalatti hundaa'ee jira. Naannoleenis komishinii caaseffamaa fi ergamaan komishinii mootummaa federaalaa fakkaatu hundeeffatanii jiru. Naannoon Oromiyaas bu'ura labsii lakk.71/1997tiin Komishinii Naamusaa fi farra malaammaltummaa naannoo Oromiyaa hundeessee jira. Komishiniin Naamusaa fi Farra

[1] United Nations Convention against Corruption, resolution No. 58/4 of 31 October 2003.
[2] Art. 36 of United Nations Convention against Corruption, resolution No. 58/4 of 31 October 2003

Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa (KNFMNO), bara 1995 erga hundaa'ee kaasee hojii farra malaan maltummaa irratti xiyyeeffate hedduu hojjateera. Yeroo ammaa Komishinichi waajjira muummichaatiin ala damee Shan magaalota Oromiyaa Adaamaa, Ciroo, Shaashamannee, Jimmaa fi Naqamtee irratti banuun hojii isaa hojjataa jira. Komishinonni kunneen malaammaltummaa hir'isuu fi ittisuu keessatti gahee gurguddoo sadi; ittisuu, qorachuu fi himachuu akka bahatan godhameera. Haa ta'u malee hojiin komishichaa sadarkaa malaammaltummaan naannoo keenyaa irra jiruu fi fedhii hawwaasa naannichaa guutuu irratti sadarkaa maalii irra akka jiru waan hin beekamneef, kana qorannoodhaan adda baasuun barbaachisaadha. Dabalataan, dhaabbilee kanneen bu'a qabeessummaa isaanii yeroo yeroon madaalaa, hanqinoota mul'ataniif fala ka'aa deemuun barabaachisaadha. Qorannoon kunis komishiniin naamusaa fi farra malaammaltummaa Oromiyaa kaayyoo dhaabbateef galmaan ga'uu keessatti sadarkaa maalii irra akka jiru fi hudhaaleen komishinicha mudatan maal akka ta'an adda baasuuf kan gaggeeffameedha.

### 1.2 Hima Rakkoo

Oromiyaa keessatti Malaammaltummaan sochii misoomaa godhamaa jiruu irratti danqaa akka ta'e ni hubatama. Malaammaltummaan rakkoo cimaa yeroo ammaa sirna siyaasaa fi hawwaas-diinagee naannichaa qoraa jiru ta'uu irraa kan ka'e qaama cimaa fi bilisummaan hojii farra malaammaltummaa olaantummaan qindeessu horachuun barbaachisaadha. Gama kanaan Komishiniin Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa erga dhaabbatee hojii hedduu hojjetaa tureera, ammaas itti jira. Komishinichi erga hundaa'ee waggoota 14 kan lokkoofsise yoo ta'u, bu'aan inni hanga ammaa argamsiise mul'ata isaa faana madaaluun barbaachisaadha. Mul'anni komishinichaa '*Bara 2012tti, Naannoo Oromiyaatti Malaammaltummaa fi Hojmaatni badaan sadarkaa gufuu guddina diinagdee fi bulchiinsa gaarii ta'uu hin dandeenye irra geesssisuu'* kan jedhu yoo ta'u kana galmaan ga'uuf waggota sadi qofatu isa hafa. Hojiilee komishinichaan hanga ammaa hojjetaman kallattii bu'a qabeessuummaa fi galma qabame milkeessuutiin maal irra akka jiran qoratanii, cimina jiru jabeessuun, hanqinoota immoo fooyyessuun yoo hin danda'amne, mul'ata qabame galmaan ga'uu dhabuu qofa osoo hin taanee, sochii farra malaammaltummaa irratti godhamu akka waliigalaatti kan miidhu ta'a.

Milkaa'ina dhaabbilee malaammaltummaa irratti hojjatan kan akka Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa kanaaf deeggarsi mootummaan taasisu murtteessaadha. Mootummaan malaammaltummaaf xiyyeeffannoo kennuudhaan komishinichi hojii farra malaammaltummaa haala guutuu fi bu'a qabeessa ta'een akka hojjatu deeggarsa guutuu hin taasisneef taanaan bu'aan barbaadame hin argamu. Dabalataan, Mootummaan gochaa malaammaltummaa sadarkaa kamittuu nama kamiinuu (Aangawoota siyaasaa Olaanoo dabalatee) raawwatame ykn raawwatamu qorachuun tarkaanffii sirreeffama akka irratti fudhatamu Komishinichaaf haala mijeessuutu irraa eegama. Deeggarsaa fi xiyyeeffannoo barbaadamu hin kennineef taanan qaamolee farra malaammaltummaa irratti hojjatan hundeessuun maqaaf malee, bu'aa fiduu hin danda'u.

Komishiniin hojii malaammaltummaa ittisuu fi tarkaanffii sirreeffamaa fudhachuu irratti hojii isaa giddu lixummaa tokko malee bilisummaan raawwachuu qaba. Komishinichi bilisummaa kan hin qabne taanaan amanamummaan hawwaasa biratti qabus gadi bu'aa ta'a. Kun immoo bu'a qabeessummaa isaa irrattis dhimma rakkoo uumuudha. Gama kanaan sadarkaan bilisuummaa Komishinichaa, dhiibbaa inni bu'a qabeessummaa komishinichaa irratti qabuu fi hanqinootni jiran adda bahuu qabu.

Wantoota bu'a qabeessummaa hojii dhaabbiilee farra malaammaltummaa irratti dhiibbaa qaban keessaa, hanqinni humna namaa fi baajataa kanneen ijoodha. Gochaa Malaammaltummaa walxaxaa fi hundee gadi fageeffate to'achuu fi sirreessuun humna namaa gahuumsa qabuun hin deeggaramne taanaan hojiin farra malaammaltummaa milkeessuun ni ulfaata. Haaluma walfakkaatuun hangi baajata dhaabbatichaas uwwisaa fi qulqullina hojii dhaabbatichaa kan murteessu ta'a. KNFMNO gama humna namaa fi baajataan hanqinootni akka isa mudatan ni ibsama.[3] Hanqinootni kun bu'aqabeessuummaa Komishinichaa irratti dhiibbaa hagamii akka fidan adda bahuu qaba.

Gama biraatiin komishinichi humna namaa fi baajata qabu faana hojiin malaammaltummaa ittisuu, qorachuu fi himachuu irratti qabatamaan hojjate sadarkaa kam irra akka jiru yoo adda hin

[3] Abduljalil Muhammad faa, Qo'annoo Rakkoolee Bulchiinsa Gaarii, KNFMNO, irratti bara 2007gaggeeffame, fuula 9 fi10

baafamne, cimina jiru itti fufsiissuu fi hanqinoota mul'atan sirreessuun hin danda'amu. Eeruu malaammaltummaa irratti dhiyaatu simachuu irraa jalqabee adeemsa eeruu irratti murtii kennuu, qorachuu fi himachuu keessatti KNFMNO bira hanqinooleen akka jiran gabaasni komishinichaa ni agarsiisa.[4] Hojiin farra malaammaltummaa irratti hojjatamu ifaajjii qaama tokkoo qofaan galma gahuu hin danda'u. KNFMNO'n qaama adda dureen farra malaammaltummaa irratti hojjatu ta'us, hojii farra malaanmaltumaa irratti qaamolee hirtaa biroo faana qindoominaan hojjachuun irraa eegama. Gama kanaaniis KNFMNO danqaan adda addaa mudataa jira.[5] Komishiniin farra malaammaltummaa irratti hojjatu, hunda dura ofii isaa (hoggantootni fi hojjatootni) gochaa farra malaammaltummaa irraa bilisa ta'uu qaba. Bakka itti gaafatamummaan qaama kanaa hin mirkanoofnetti hojii farra malaammaltummaa mirkaneessuun gonkuma hin danda'amu. Sadarkaan hojii ittigaafatamummaa mirkaneessuu fi keessoo Komishinichaa jiru maal akka fakkaatan adda bahee hin beekamne.

Hojii komishinichi malaanmalatummaa hir'isuu fi ittisuuf hanga ammaa hojjeta jiru irratti sadarkaan amantaa ummatni komishinicha irraa qabu fi itti quufinsi maamiltootaa giddugaleessa akka ta'e gabaasni komishinichaa ni agarsiisa.[6] Kana jechuun koomishinichi hojiilee farra malaammaltummaa hojjetu fi tajaajila kennuu keessatti hanqinootni sirreessuu qabu kan jiran ta'uu hubachiisa. Komishiniin Naamusaa fi farra Malaammaltummaa Naannoon Oromiyaa akkuma isa kan Federaalaa muuxannoo bulchiinsa Hong Kong irraa fudhatameen tarsimoo sochii farra Malaammaltummaa gurguddoo sadi, jechuunis ittisa malaammaltummaa, barnootaa fi itti gaafatamummaa mirkaneesuuu (effective law enforcement) hojjataa jira. Haa ta'u malee Mootummaan Fedraalaa labsii haaraa lakk.943/2008, hundeeffama Abbaa Alangaa Muummichaatiif baaseen aangoo Komishiniin Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Federaalaa gama yakkoota Malaammaltummaa qorachuu fi himachuutiin qabu irraa kaasee aangoo Abbaa Alangaa Muummichaa fi Komishinii Poolisii taasisee jira.[7] Kana jechuun immoo Komishinichi kanaan booda hojii Malaammaltummaa ittisuu qofa irratti kan daanga'u ta'uu agarsiisa. Akka naannoo Oromiyaattii caaseffamaa fi aangoo KNFMNO irratti jijjiramni hanga ammaa taasifame jiraachuu baatus, jijjirraan caaseffamaa fi aangoo akka Komishiinii Federaalatti godhame akka

[4] Gabaasa karoora raawwii KNFMNO, bara 2009 kurmaana 1ffaa, fuula, 28
[5] Adde Hiruut, afgaaffii gaafa…
[6] Gabaasa karoora raawwii KNFMNO, bara 2008 kurmaana 1ffaa, fuula, 4
[7] Labsii Lakk.943/2008, Labsii Hundeeffamaa fi Aangoo Abbaa Alangaa Muummichaa murteessuuf bahe, kwt.22 (2) fi(3).

naannoo Oromiyaattis godhamuu akka danda'u gochoonni agarsiisan ni mul'atu. Fakkeenyaaf Biiroon Haqaa Oromiyaa wixinee labsii hundeeffama fi aangoo Abbaa Alangaa Muummichaa Naannoo Oromiyaa qopheesse keessatti akkuma mootummaan federaalaa taasise aangoo yakkoota malaammaltummaa qorachuu fi himachuu KNFMNO irraa kaasee jira.[8] Gama biraatiin jijjirran caaseffamaa fi aangoo yaadame kun sochii farra malaammaltummaa naannoo Oromiyaa keessatti godhamaa jiru laaffisuu danda'a yaadni jedhu namoota biraa ni ka'a. Jijjiramni yaadame kun dhiibbaan sochii farra malaammaltummaa irratti qabu (fooyya'insa ykn laafina fiduu danda'u) dursanii qorannoon osoo adda hin baasin caaseffamaa fi aangoowwan qaamolee jijjiruun faayidaa yaadame galmaan ga'uu hin danda'u. Qorannoon kunis haala naannoo Oromiyaa jiru faana sochii farra malaammaltummaa naannicha keessatti godhamu qaamni qindeessu, KNFMNO caaseffamaa fi aangoo akkamii yoo qabaate bu'a qabeessa ta'a kan jedhu deebisuuf yaalera. Kana gochuufis waliigaltee Itoophiyaan sochii farra amalaammaltummaa irratti biyyoota waliin taasiste; hogbarruuwwan sochii farra malaammaltummaa irratti barreefaman; fi muuxannoowwan biyyoota garaa garaa ilaalamaniiru. Heerri Mootummaa naannoo Oromiyaa fi seeronni dhimma malaammaltummaa irratti labsamanis xinxaalamaniiru. Dabalataan, qorannoon kun malaammaltummaa ittisuu fi hir'isuu irratti bu'a qabeessummaa hojii KNFMNOtiin hanga ammaa hojjataman madaaluuf; hanqinootaa fi rakkoo Komishinicha mudatan adda baasuu; fi bu'a qabeessummaa sochii farra malaammaltummaa naannoo Oromiyaa fooyyessuuf/itti fufsiisuuf, caaseffamaa fi aangoo Komishinichi qabaachuu qabu, xinxaaluun kallattii furmaataa akeekera. Qoranichi gaafilee qorannoo ijoo ta'an sadi, kanneen itti aananiif deebii kennuuf kan gaggeefamedha. Isaaniis:

1. Qabsoo farra malaammaltummaa keessatti bu'aqabeessumman hojii KNFMNO hanga ammaa jiru sadarkaa maal irra jiira?
2. Hojii farra malaammaltummaa hojjataa jiru keessatti rakkooleen KNFMNO mudataa jiran maal faadha?
3. Sochii farra Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaatti taasifamu dursuu keessatti KNFMNO caaseffama fi aangoo akkamii yoo qabaate bu'a qabeessa ta'a? Kan jedhaniidha.

[8] Wixinee Labsii Hundeeffamaa fi Aangoo Abbaa Alangaa Muummichaa Oromiyaa murteessuuf qophaa'e kwt. 23(2)

## 1.3 Kaayyoo Qorannoo

**Kaayyoo gooroo**

Qoranichi kaayyoo gooroo sadi galmaan ga'uuf kan gaggeeffamedha. Kaayyoon gooroo qorinichaa inni duraa bu'a qabeessummaa hojii KNFMNO madaaluun ciminaa fi hanqinoota jiran adda baasuudha. Kaayyoon inni lammataa immoo hojii KNFMNO'n farra malaammaltummaa irratti hojjatu keessatti wantoota danqaa ta'an adda baasuun kallattii fuulduraa bu'a qabeessummaa dhaabbatichaaf gumaachu akeekudha. Kaayyoon inni sadaffaan sochii farra malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa bu'a qabeessa taasisuuf, KNFMNO'n caaseffamaa fi aangoon akkamii qabaachuu qaba kan jedhuuf deebii laachuu ta'a. Kanumaafis qoranichi kaayyoowwan gooree armaan gadii qabatee kan raawwatamedha. Kaayyoowwan gooree kunis:

- KNFMNO ergama isaa galmaan ga'uuf hojiiwwaan gama malaammaltummaa ittisuu, qorachuu fi himachuutiin hojjate hagam bu'a qabeessa akka ta'e ni madaalama.
- Hojiiwwaan farra malaammaltummaa raawwachuu keessatti bilisummaa KNFMNO qabu adda baasuun hanqinoota jiraniif fala akeekuu.
- KNFMNO'n ergama kennameef akka galmaan ga'uuf baajataa fi humna namaa gahaa qabaachuu isaa adda baasuu.
- Sochii farra malaammaltummaa godhamu keessatti qindoomina KNFMNO fi qaamolee hirtaa biroo gidduu jiru xinxaaluun, rakkoolee mudataniif furmaata kaa'uu.
- KNFMNO fi hojjatoota dhaabbatichaa biratti sadarkaa ittigaafatamummaan mirkaneessuun irratti argamu agarsiisuu fi
- Hojii KNFMNO'n hojjatuu fi gahuumsa isaa irratti ilaalcha hawwaasni bal'aan qabu adda baasuudha.
- Sochii farra malaammaltummaa irratti kutannoon mootummaa naannoo Oromiyaa qabu fi dhiibbaa kun bu'a qabeessummaa hojii KNFMNO irratti fide addaa ni baafama.

## 1.4 Faayidaa fi Fayyadamtoota Qorannoo

Qorannoon kun hojiiwwan KNFMNO malaammaltummaa hir'isuu ykn ittisuu irratti hojjataa jiru, bu'a qabeessummaa isaa madaaluun; rakkoolee fi hanqinoota sochii farra malaammaltummaa irratti Komishinicha mudatan kan agarsiisu ta'a. Kanaaf qorannoon kun adda

dureen Komishichi hojiiwwan hojjataa ture keessatti ciminoota fi carraawwan jiranitti fayyadamuun hanqinoota mul'atan fooyyessuuf kan isa fayyadu ta'a. Gama biraan qaamoleen Mootummaas (Caffee, qaamolee raawwachiiftuu fi kkf) ta'ee Mit-mootummaa Komishinicha deeggaruu fi cimsuuf hojjatan bu'aa qorannoo kanaa irraa kan fayyadaman ta'a. Qoranichi qorannoo biraa fuuldura gaggeeffamuufis akka maddaatti ni tajaajila.

### 1.5 Mala Qorannoo

Qorannoo kana gaggeessuuf irra caalmaan dhimma kan itti bahamu mala qorannoo akkamtaa (qualitative) ta'a. Kunis qorannoo bu'a qabeessummaa dhaabbilee akka KNFMNO qorachuuf daataan mala qorannoo hammamtaan funaanamu argannoo qoranichaaf roogummaa cimaa kan hin qabne ta'uun waan amanamuufidha. Haa ta'u malee daataa akkamtaan argame cimsuuf data hammamtaa kan akka ilaalcha hawwaasni jiraachuu malaammaltummaa irratti qabuu (corruption perception survey) hojiirra oolee jira. Raawwii hojii komishiichaa irratti yaada afgaaffiin argame cimsuuf bargaafiin faayidaa irra ooleera. Istaastiksiin adda addaas xinxaalameera. Akka walii galaatti Daataan qoranichaaf barabaachisu afgaafii 170, bargaaffii 241 fi sanadoota adda adda 78 funaanamaniru.

#### 1.5.1 Maloota

##### A. Maddoota Sadarkaa Duraa

**i. Af-gaaffii**

Ragaa qorannichaaf barbaachisan walitti qabuuf af-gaaffiin mala qorannoo isa ijoodha. Daataan qoranichaaf barbaachisu hooggantoota komishinichaa sadarkaa adda addaa jiran, hojjatoota komishinichaa (kanneen ittisa, qorannoo fi himannaa irrattii hojjetan), abbootii adeemsaa, adeemsa hojiilee komishinichaa waliin afgaaffii gadi fageenya qabu taasisuun funaanameera. Dabalataan, miseensota caffee, Abbootii seeraa, abbootii alangaa fi qoratoota poolisii hojii komishinichaa waliin walitti dhufeenya qaban hojjatan waliinis afgaaffiin taasisfameera. Hoggantoota, ogeessota seeraa, oditaroota fi qondaalota naamusaa Biirolee fi waajjiroota adda addaa keessa jiranii waliin afgaaffiin godhameera.

**ii. Marii garee**

Ogeessota KNFMNO, Abbootii seeraa, Barsiisotaa Yuniversitii, ogeessota miidiyaa dhimma farra malaammaltummaa irratti hojjatan, sirreeffamtootaa fi namoota yakka malaammaltummaan

shakkamanii mana amala sirreessaa jiran waliin mariin garee gaggeeffameera. Dabalataanis muuxannoo naannolee biroo jiru haala KNFMNO wal-bira qabanii hubachuuf akka ta'u ogeessota ykn hoggantoota KNFM Mootummaa Federaalaa, Naannoo Kibbaa fi Tigraay waliin mariin taasifameera. Akk waliigalaatti qaamoleen daataa qoranichaaf barbaachisu irraa funaame kanneen armaangadii ta'u.

- KNFMNO Giddugaleessaa fi Dameewwan Komishinichaa Aadaamaa, Ciroo, Shaashamannee, Jimmaa fi Naqamteettii argaman irraa
- Wajjira Pirezdaantii Naannoo Oromiyaa fi waajjira Bulchiinsaa fi Kantiibaa Godinoota Shanan dameen komishinii itti argamuu
- Waajjira Oditara Muummichaa Oromiyaa
- Biiroo Walta'iinsa Diinagdee Oromiyaa fi waajjiraa godinaalee Shanan dameen komishinii itti argamanii
- Manneen Murtii ( Mana Murtii Waliigala Oromiyaa fi Dhaddachawwan Mana Murtichaa dabalatee, Manneen Murtii Olaanaa godina komishiniwwan kanneen itti argaman)
- Biiroolee Haqaa (Dameewwan Birichaa dabalatee Waajjiroolee Haqaa Godina Komishinoonni kennen kessatti argaman)
- Komishinii Poolisii Oromiyaa fi qajeelchota Komishinichaa Godinaa
- Waajjira caffee Oromiyaa
- Abbagaar Oromiyaa
- Ejansii Manaajimantii fi Misooma lafa magaalaa Oromiyaa fi kanneen godinaa
- Biiroo Galiiwwaan Oromiyaa fi waajjiroolee isaa godinaa
- Manneen amala sirreessaa godinoota dameen komishinii itti argamu keessa jiran
- Dhaabbata Raadiyoo fi Televizhinii Oromiyaa
- Yuniversitii Saayinsii fi Teekinoolojii Adaamaa
- Yuniversiitii Naqamtee
- Biiroo pablik Sarvisii Fi Bulchiinsa humna namaa Oromiyaa kanneen Godinootaa
- Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Mootummaa Federaalaa
- Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Mootummaa Naannoo Ummatoota Kibbaa
- Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Mootummaa Naannoo Tigraay

*iii. Madda Sanadaa*

Sanadootni qoranichaaf barbaachisan kanneen akka, seerotaa (Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi Federaalaa, labsiilee yakka malaammaltummaa irratti bahan; labsiilee aangoo KNFMNO murteessuu fi hojii farra malaammaltummaa qajeelchuuf labsaman fi kanneen biraa roogummaa qaban), karoora, gabaasa raawwii, gamagama raawwii karoora KNFMNO xinxaalamaniiru.

*B. Maddoota Sadarkaa Lammaffaa*

Adeemsa qoranichaa keessatti barreefamootni fi hog-barruuwwan roogummaa qaban xinxaala qorannoof faayidaa irra ni oolu.

### 1.6 Daangaa qoranichaa

KNFMNO'n erga hundaa'ee hojii farra malaammaltummaa irratti hojjachuu jalqabee waggoota 14 lakkoofsisee jira. Hojiiwwan waggoota 14 guutuu malaammaltummaa hir'isuu fi ittisuu irratti komishinichaan hojjataman hunda qorannoo tokkoon madaaluun ulfaataadha. Kanaf qorannoon kun hojiilee dhaabbatichaan baroota kanneen hunda hojjataman kan haguugu miti. Kanaafuu bu'uruma hogbaruuwwan akeekaniin, qoranichi madaallii hojii Komishichaa sadarkaa amma irra jiruu fi fooyya'insa fuulduraaf barbaadameef roogummaa akka qabaatuuf, hojiiwwan komishinichaa kan waggoota sadan darban as jiran (2006, 2007 fi 2008) irratti kan fuulleffatu ta'a.

### 1.7 Hanqina Qorannoo

Hojii qaamni tajaajila Ummataa kennuu hojjate fi bu'aqabeessuummaa isaa madaaluun dhimma salphaa miti. Kunis dhaabbilee kanneen keessatti dhimmoota galtee hojii (inputs) fi bu'aawwan argaman (outputs) salphaatti lakka'anii irra gahuun waan rakkisaa ta'eefidha.[9] Haaluma walfakkaatuun bu'a qabeessummaa qaamolee mootummaa sakata'uuf malli walfakkaataa fi irratti walii galames hin jiru. Qorannoon kunis hanqinoota kanneen keessatti kan raawwatameedha. Hanqinoota kanneen xiqqeessuuf hogbarruuwwan sakata'a bu'a qabeessummaa dhaabbilee farra malaammaltummaa irratti barreeffaman sirnaan fayyadamuun barbaachisaa waan ta'eef, qorannoon kunis hogbarroota kanatti dhimma baheera. Keessumattuu,

[9] Diana Marieta Mihaiu and et al, 2010, Efficiency,Effectiveness And Performance Of The Public Sector, Romanian Journal of Economic Forecasting – 4/2010, pp.134

gaadlaayiniin dhaabbilee idil-addunyaa farra malaammaltummaa irratti hojjatan, kan akka *Tiraanspaarensii Internashinaalii* fi Sagantaa Misoomaa Gamtaa Mootummootaa (UNDP)tin qophaa'an akkaataa bu'a qabeessummaan dhaabbilee farra malaammaltummaa itti sakata'amu irratti kallattii kan agarsiisan waan ta'aniif qoranichaaf roogummaa qabu. Gama biraan odeeffannoowwan qoranichaaf barbaachisanis haala quubsaa fi sirrii ta'een argachuu irratti hanqinni tureera. Namoonni odeeffannoo kennuu irratti of qusachuun; ragaan istaastiksii qindaa'aa ta'ee fi qulqullina qabu dhabamuun rakkoo guddaa ture.

### 1.8 Caaseffama Qoranichaa

Qorannoon kun boqonnaa Afuritti kan qoqqodame yoo ta'u, boqonnaan tokko gumee qoranicha kan qabateedha. Boqonnaan lama immoo dhimmoota xinxaala hog-barruudhaan walqabatan kan hammatu yoo ta'u, boqonnaan sadi jalatti immoo xinxaala daataa gaggeefameera. Yaadni guduunfaa fi yaadni furmaataa immoo boqonnaa Afur jalatti ibsamera.

## Boqonnaa Lama

## Sakata'a Hogbarruu Haala Madaallii Bu'aqabeessummaa Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa

### 2.1 Madaallii Dhaabbilee Farra Malaammaltummaa

Hundeeffamaa fi babal'ina dhaabbilee farra malaammaltummaa faana, dhaabbileen kunneen kaayyoo dhaabbataniif galmaan ga'uu isaanitiif, akkaataan bu'aqabeessummaa isaanii itti madaalamu, mootummoota, dhaabbilee gargaarsaa fi barreessitoota biratti qabxii ijoo ta'aa dhufeera. Bu'aqabeessummaa dhaabbilee kanneenii madaaluun dhimma salphaa fi haala walfakkaatuun raawwatamuu miti. Kanaaf sababa kan ta'u immoo dhimmoonni (factors) hundeeffama isaniif sababa ta'an; haalonni hojii dhaabbilee kanaa murteessan biyyaa biyyatti garaagarummaa kan qaban ta'uu; fi ragaan hojii dhaabbilee kanaa sirnaan agrsiisan salphaatti kan hin argamne ta'uu irraa kan ka'eedha.

Bu'aqabeessummaa qaamolee kanaa madaaluuf ulaagaa maal fayyadamna kan jedhus dhimma ilaalamuu qabuudha. Hayyoonni hedduun akkaataa fi ulaagaa madaalli qaamolee kanaa irratti barreeffama adda addaa barreessanii jiru. Ulaagaan kunneen qabxiilee qaamni farra malaammaltummaa cimaa ta'e qabaachuun irraa eegamu ka'uumsa kan godhataniidha. Qorattuun Lala Camerer jedhamtu dhaabbata cimaa, of danda'ee farra malaammaltummaa irratti hojjatu qabaachuuf wantootni kudhan barbaachisaadha jechuun barreessitee jirti.[10] Qabxiileen kunneenis, haala naannoo (contect), (siyaasa, hawwaasummaa fi diinagdee), odeeffannoo, tarsimoo, kutannoo siyaasaa, qabeenya, humna gahuumsa qabu, aangoo, bilisummaa, to'annoo fi hirmaannaa hawwaasaatidha.

[10] Camerer, Lala (2001) Prerequisites for Effective Anti-Corruption Agencies, 10th IACC, Workshop Papers, Prague, IACC, Transparency International,pp.2

Gama biraatiin Mootummoota Gamtoomanitti sagantaan guddinaa, UNDP'n dandeettii ejansiiwwan farra malaammaltummaa madaaluuf tooftaa fi qabxiilee itti dhimma bahamuu qaban kan jedhe tarreessee jira. Madaalliin dandeettii ejansoota kanaa sadarkaa gurguddoo sadi; haalota ejansichaa aangessan (enabling environment ) dandeettii dhaabatummaa fi dandeettii dhuunfaatti qooduun ilaaluun ni danda'ama.[11] Haala kanaan haalonni ejansicha aangessan; haala hawwaasummaa, diinagdee fi siyaasaa, kutannoo siyaasaa mootummaan farra malaammaltummaa irratti qabu, sirna caaseffama fi qindoominaa, qulqullina seeraa fi iftoomina aangoo, bilisummaa, humna namaa fi baajata akkasumas to'annoo ejansoota kanneen irratti godhamu of keessatti hammata.[12] Qabxiileen madaallii sadarkaa dhaabbataatti ilaalaman immoo, ergamaa fi mul'ata, hooggansa, karoora hojii yeroo dheeraa, caaseffama hojii ejansichaan wal-gitu qabaachuu, bulchiinsa humna namaa, manaajimentii beekkumsaa fi odeeffannoo, qindoominaa fi tajaajila qunnamtii ummataa, hordoffii fi madaallii hojii akkasumas leenjii fi qabiinsa hojjatoota ejansichaa kan dabalatuudha.[13]

Dhaabbannii *Transparency International* jedhamu hojii farra malaammaltummaa irratti hojjachuun beekamu, dandeettii ejansiiwwan farramalaammaltummaa cimsuuf gaadlaynii qopheessee keessatti wantoota bu'a qabeessummaa hojii dhaabbilee kanaa irratti dhiibbaa uumanii fi ulaagaa madaallii ejansiiwwan kaneenii ta'uu danda'an kaa'ee jira.[14] Agarsiistonni kunis Torba yoo ta'an isaanis; Tokkoffaan bilisummaa fi sadarkaa dhaabbatichi qabu, lammaffaan humna namaa fi baajata (maallaqa) dhaabbatichaa, sadaffaan hojii qorannoo fi adda baasuu dhaabbatichi raawwatu, arfaffaa hojii ittisuu, barsiisuu fi dhaqabamiinsa dhaabbatichi qabu, shanaffaa walta'iinsa qaamolee biraa waliin godhamu, jahaffaan ittigaafatamummaa fi to'annoo dhaabbatichi qabu fi torbaffaa ilaalcha hawwaasni qaama farra malaanmaltumaa kana irratti qabu akka ta'an adda baasee jira.

Hayyuun biraa dhimma malaanmaltumaa irratti barreeffamoota adda addaa bareessuun beekamu, *John S.T. Quah* dhaabni farra malaammaltummaa irratti hojjatu tokko bu'a qabeessa

[11] UNDP, capacity assessment of anti-corruption agencies, practitioner's guidline, 2011, pp.15
[12] UNDP, capacity assessment of anti-corruption agencies, practitioner's guidline, 2011, pp.27
[13] UNDP, capacity assessment of anti-corruption agencies, practitioner's guidline, 2011, pp.32
[14] Jon Quah, Anti-corruption agencies strengthening initiative, Research implementation guide, Transparency International, 2015, pp.7

ta'uuf haalduree jaha guutuu akka qabu adda baasee jira.[15] Akka ibsa ogeessa kanaatti qaamni farra malaammaltummaa jalaqabarratti ofii isaa malaammaltummaa irraa bilisa ta'uun; toa'nnoo qaama siyaasaa ykn poolisii irraa bilisummaa qabaachuun; seerota farra malaammaltummaa qindaa'aniin deeggaramuun; humna namaa fi baajata gahaan deeggaramuun; seerota farra malaammaltummaa loogii malee hojiirra oolchuu fi mootummaan malaammaltummaa ittisuuf kutannoo cimaa kan qabu ta'uun qabxiilee barabaachisoodha.

Akka waliigalaatti hogbarruu armaan olii irraa kan hubatamu, kutannoon siyyaasaa, bilisummaan, humni namaa fi baajatni, raawwiin hojii, walta'iinsi qaamolee biraa waliin godhamu, itti gaafatamummaa fi to'annoo akkasumas ilaalchi hawwaasni qaamolee farra malaammaltummaaf qabu qabxiilee bu'aqabeessummaan qaamolee farra malaammaltummaa ittin madaalamaan ta'uu isaati. Qabxiilee kanneen tokko tokkon haala itti aanuun ilaaluun barbaachisaadha.

### 2.1.1 Kutannoo siyaasaa

Kutannoon siyaasaa mootummaa bu'aqabeessummaa dhaabbata farra malaammaltummaa dhimmoota murteessaan keessaa isa ijoodha. Kutannoon siyaasaa taatee walxaxaa fi kallattii garaa garaaatiin ibsamuudha. Akka waliigalaatti kutannoon siyaasaa tattaaffii taatotni kaayyoo (imaammata fi sagantaa farra malaammaltummaa) galmaan gahuufi itti fufsiisuuf agarsiisanidha. Kutannoon siyaasaa ka'uumsa sochii farra malaammaltummaa (fedhii ummataa, fedhii dhaabbilee gargaarsaa), sadarkaa malaammaltummaa hubachuun kallattii sochii farra malaammaltummaa baasu hundeessuun; qaamolee hirtaa waliin qindoomina fi wal deeggarsaan hojjachuun; gochaa farra malaanmaltuummaa irratti tarkaanffii sirreeffamaa amanamaa ta'e fudhachuun; fi sochii farra malaammaltummaa irratti deeggarsa wal irraa hin cinne taasisuun ibsama.[16] Kutannoon siyaasaa Mootummoonni sochii farra malaammaltummaa fi dhaabbilee farra malaammaltummaa irratti qaban sadarkaan adda addaa qaba.[17] Mootummoonni hoggantootni isaanii gocha malaammaltummaa irratti hirmaatan kutannoo homaa akka hin qabnetti fudhatamu. Mootummoonni kutannoo laafaa agarsiisan biratti hooggantooni

[15] Jon S.T. Quah, Anti-Corruption Agencies In Four Asian Countries: A Comparative Analysis, a review of paper presented at the Sixth Asian Forum on Public Management, Bangkok, Thailand, 2007, pp. 81-89
[16] Derick W[ Brinkerhoff,(2000), Assessing Political Will For Anti!Corruption Efforts An Analytic Framework, John Wiley and Sons Ltd, pp.242
[17] UNDP, capacity assessment of anti-corruption agencies, practitioner's guidline, 2011, pp.28

malaammaltummaa ittisuuf kaka'uumsa hin qaban. Mootummonni gariin immoo kutannoo qabaachuun isaanii sadarkaa amansiisaa irraa kan hin geenye ta'uu danda'a. Mootummooleen bu'a qabeessummaa dhaabbilee farra malaammaltummaatiif kutannoo cimaa fi qabatamaan mul'atu agarsiisanis ni jiru. Biyyoota sochii farra malaammaltummaa irratti kutannoo cimaa agarsiisan kanneen akka Hong Kong (Speville-2010:-53), Singaapoor (Quah1994: 408) fi Indoneezhiyaa (Bolongaita-2010:-20) keessatti dhaabbileen farra malaammaltummaa irratti dhaabbatan kanneen bu'aaqabeessa ta'uu danda'aniiru. Biyyoota akka Keeniyaa (Okoth-2014:-20) keessatti immoo dhaabbilee kanneen dhabamuu kutannoo siyaasaa irraa kan ka'e milkaa'uu hindandeenye.

### 2.1.2 Bilisummaa

Bilisuummaan dandeettii dhaabbanni farra malaammaltummaa tokko dhiibbaa hin malle ykn giddu lixummaa qaama biraa malee ergama isaa galmaan ga'uuf hojjatuudha. Bilisummaan dhaabbilee farra malaammaltummaa sadarkaa sadiin, jechuunis bilisummaa dhaabbatummaa, bilisummaa hojii fi bilisummaa maallaqaa (baajataa) jedhamee qoodamuu danda'a.[18] Bilisummaan dhaabbataa kan ilaalamu kallattii hirmaannaa mootummaan hooggantoota dhaabbilee kanaa muuduun; raawwii hojii fi murtii dhaabbilee kanneenii keessatti qabuutini. Bilisummaan hojii immoo dandeettii dhaabbileen kunnee dhiibbaa fi giddu lixummaa qaama raawwachiiftuu ykn qaama sadaffaa biraa malee hojii isaa itti hojjatu kan ibsuudha. Sadarkaan bilisummaa kanneenii aangoo dhaabbilee farra malaammaltummaaf kenname faana kan deemu ta'a. Milkaa'inni dhaabbilee farra malaammaltummaa irratti hojjatanii bilisumma isaan qaban irratti akka hundaa'u ragooleen ni agarsiisu.[19]

### 2.1.3 Humna Namaa fi Baajata

Malaammaltummaa ittissu ykn to'achuun hojii baay'ee ulfaatadha. Kanaaf sababni tokko sochiin farra malaanmaltumma irratti godhamu namoota beekumsa, aangoo fi tooftaa cimaa qaban faana kan godhamu ta'uu isaati. Kanaaf namoonni hojii farra malaammaltummaa irratti hojjatan ogeessota gahuumsa olaana qaban, baay'inni isaanis hojii hojjatamu faana kan walgitu ta'uu qaba. Dabalataan hojjatootni kunneen ogummaa adda addaa irraa kan walitti bahanii fi hojii

[18] UNDP, capacity assessment of anti-corruption agencies, practitioner's guidline, 2011, pp,30
[19] Alan Doig, Measuring 'success' in five African Anti-Corruption Commissions, u4 reprts, pp.12, John R. Heilbrunn, (2004), Anti-Corruption Commissions Panacea or Real Medicine to Fight Corruption? World Bank USA, Washington DC, pp.15

isaaniitiif kaka'uumsa olaanaa kan qaban ta'uun irra jiraata. Biyyoota akka Hong Kong keessatti wantoota dhaabbilee farra malaammaltummaa akka milkaa'an godhan keessaa humni namaa gahuumsa qabu isa tokkodha.[20]

Baajatni qaamolee farra malaammaltummaaf ramadamu hojiilee dhaabbata kanaa irratti dhiibbaa kallattii qaba. Dabalataan baajatni qaamolee kanaaf ramadamu, kutannoo siyaasaa mootummaan qaamolee kanaafii hojii isaanitiif qabu; akkasumas bilisummaa isaanii illee kan murteessudha. Baajata qaamolee kanaa ilaalchisee rakkoowwan uumamuu danda'an hambisuuf furmaata kallattii adda addaa kaa'uun ni danda'ama. Isaanis; qaamoleen kunnin baajata isaanii kallattiin paarlaamaaf dhiyeeffachuu akka danda'an ykn bajatni isaaniif wabiin seeraa akka jiraatu gochuun ta'uu danda'a. Gama biraan immoo hojii qaamoleen kunneen hojjatan irratti hundaa'uun bajatni isaanii akka walgitaa deemu gochuun ni danda'ama. Tooftaan inni biraa qaamoleen kunnen hojiiwwan hojjatan keessatti qabeenyawwan bu'aa gochaa malaammaltummaa ta'uun deebifaman irraa akka fayyadaman gochuunis ni danda'ama.[21]

### 2.1.4 Walta'iinsa Qaamolee Hirtaa (Stakeholder) Waliin Godhamu

Malaammaltummaa xiqqeessuuf qindoominni qaamolee adda addaa murteessaadha. Qindoominni kunis qaamolee hawaasummaa, mootummaalee, dhaabbilee gargaarsa kennan, miidiyaa fi kkf dabalachuu danda'a. Konveenshinii Gamtaan Mootummootaa sochii farra malaammaltummaa irratti baase keessatti qindoominni qaamoleen kunneen farra malaammaltummaa irratti taasisan barbaachisaa akka ta'e ibsameera. Miseensotni konveenshinichaas malaammaltummaa irratti duuluu keessatti bu'uura seerri biyya isaanii eeyyamuun nama dhuunfaa, hawaasa, dhaabbilee miti mootummaa irratti hirmaachisuun malaammaltummaa xiqqeessuuf hojjechuu akka qaban ibsa. Kunis iftoomina babal'isuun, odeeffannoon hawaasa bal'aa akka gahu gochuun kan raawwatamuudha.[22]

---

[20] Comprehensive & Effective Approach to Anti-Corruption. The Hong Kong ICAC Ex-perience, with a View on New Approaches in the Fight Against Corruption, http://www.kwok-manwai.com/articles/Comprehensive_Effective.html visited on 12/22016 at 3:30pm

[21] UNDP, capacity assessment of anti-corruption agencies, practitioner's guidline, 2011, pp,31

[22] United Nations Convention against Corruption Article 13.

Konveenshiniin farra malaammaltummaa gamtaa Afrikaas malaammaltummaa dhabamsiisuun dhabbilee idil-addunyaa, ardii fi biyyaalessaa waliin walitti dhiyeenyaan hojjechuun barbaachisaa akka ta'e keewwata 19 irratti ibsee jira. Kana malees, konveenshinichi miidiyaalee fi dhabbilee hawaasaa (civil society) waliin hojjechuun malaammaltummaa hambisuu keessatti gahee akka qabu ibseera. Akka hayoonni Meagher fi Voland jedhaman ibsanitti, milkaahinsi dhaabbilee farra malaammaltummaa dhabbilee mootummaa kanneen biroo waliin qindoomanii hojjechuu irrattis ni hundaa'a.[23] Dhimma kana irratti qabatamaan dhaabbileen malaammaltummaa odeeffannoo argachuu, qaamolee mootummaas ta'ee miti-mootummaa waliin wal deeggaranii hojjechuu irratti hanqinootni kan mul'atan waan ta'eef milka'inni dhaabbilee farra malaammaltummaa hanga barbaadame akka hin taane hog-barruuwwan ni ibsu.[24]

### 2.1.5 Ittigaafatamummaa fi To'annoo

Qaamoleen farra malaammaltummaa qabeenyaa maallaqaa fi humna namaa akkasumas aangoo hojii farra malaammaltummaa akka hojjataniif isaaniif kenname sirnaan hojiirra oolchuu isaanii, keessumattuu hojjatootni qaamolee kanaa gochaa malaammaltummaa irraa bilisa ta'uu isaanii mirkaneessuun barbaachisaadha. Hojjatootni dhaabbilee farra malaammaltummaa ofii isaanii gochaa malaammaltummaa irratti kan hirmaatan yoo ta'e sohii farra malaammaltummaa karaa lamaan miidha. Tokkoffaa hawwaasni amantaan dhaabbilee kana irraa qabu gadi buusa. Lammataa immoo gochaan malaammaltummaa kun hojjatootni dhaabbatichaa hojii isaanii qulqullinaa fi akkaataa bu'a qabeessa hin taaneen akka raawwatan godha.[25] Ittigaafatamummaa dhaabbiilee farra malaammaltummaa karaa adda addaa mirkaneessuun ni danda'ama. Kunis, dhaabbileen kunneen gabaasa waggaa qaama itti gaafatamaniif (qaama seera baastuu) akka dhiyeessan taasiuun; Qaamolee dhaabbilee kanneen irratti to'annoo gaggeessan hundeessuu; fi

[23] ACA's success depends on cooperation with other government agencies "since it forces anti-corruption champions to achieve strategic consensus and to commit to concrete forms of cooperation.
[24] Jon Quah, Anti-corruption agencies strengthening initiative, Research implementation guide, Transparency International, 2015, pp.10
[25] Jon Quah, Anti-corruption agencies strengthening initiative, Research implementation guide, Transparency International, 2015, pp.11.

hojjetoota dhaabbatichaa malaamaltummaa raawwatan irratti eeruwwan dhiyaatan qorachuu, adabbii balleessan wal gitu kennuu fi kanas hawwaasa beeksisuun ta'uu danda'a.[26]

### 2.1.6 Ilaalacha Hawaasni Qaamolee Farra Malaammaltummaa Irratti Qabu

Ilaalchi ummatni qaamolee hojjii farra malaammaltummaa hojjetan irratti qabu bu'a qabeessummaa isaanitiif murteessaadha. Sababiin isaas ummanni dhaabbileen farra malaammaltummaa kunneen bilisummaa fi loogii malee sochii farra malaammaltummaa irratti ni hojjatu jedhee kan amanu yoo ta'e hojii dhaabbilee kanaaf deeggarsa olaana taasisa. Gama biraatiin ammoo, amantaan hawaasni dhaabbilee kana irraa qabu gadi bu'aa yoo ta'e dhaabbatichi hojii farra malaammaltummaa irratti milkaa'uu hin danda'u. Muuxannoo dhaabbilee farra malaammaltummaa biyyoota gama kanaan milkaa'an irraayis kan hubatamu kanuma. Dhaabbileen farra malaammaltummaa biyyoota akka Hong Kong fi Indoneezhiyaa hawwaasa isaanii biratti amantaa gaarii waan horataniif hojii milkii qabu hojjechuu danda'aniiru.[27] Kanaafuu, ilaalchi ummatni bu'a qabeessummaa dhaabbilee farra malaammaltumaa irratti qabu adda baasuun barbaachisaadha. Qaamoleen hojii farra malaammaltummaa hojjachuuf hundaa'an, sakata'a ilaalcha ummataa yeroo yeroon gaggeessuun irraa eegama. Ilaalchi ummataa dhaabbilee kunneen malaammaltummaa akka ittisaniif mootummaan aangoo fi qabeenya barbaachisuun aangessuu; qaamoleen kunneen adeemsa seeraa hordofanii hojii isaanii loogii malee hojjechuu fi dhabuu isaanii madaaluuf kan gaggeefamuudha.[28]

### 2.1.7 Raawwii Hojii Dhaabbilee Farra Malaammaltummaa

Dhaabbileen farra malaammaltummaa caaseffamaa fi ergama kennameef irratti hundaa'uun hojii garaa garaa ni hojjatu. Akka waliigalaatti dhaabni malaammaltummaa hir'isuu ykn ittisuu irratti

[26] Author: Jon Quah, 2015, Anti-Corruption Agencies Strengthening Initiative Research Implementation Guide, Transparency International, pp.11

[27] *Gabriel Kuris, 2014,* From Underdogs To Watchdogs: How Anti-Corruption Agencies Can Hold Off Potent Adversaries, Princeton University, pp.9

[28] Jon Quah, Anti-corruption agencies strengthening initiative, Research implementation guide, Transparency International, 2015, pp.12.

hojjachuuf hundaa'e tokko hojiilee kanneen itti aanan hunda ykn keessaa hanga tokko kan hojjatu ta'a. Isaaniis; dhimmoota malaammaltummaa qorachuu fi himachuu; ittisuu; barsiisuu fi hubannoo uumuu; sochii farra malaammaltummaa qindeessuu; qorannoo gaggeessuu fi hojimaata qaamolee tajaajila kennanii to'achuu dha.[29] Hojiilee kanneen raawwachuuf dhaabbileen farra malaammaltummaa gochaawwan akka komii ykn eeruu gocha malaammaltummaa fuudhuun deebii itti kennuu; dhimmoota malaammaltummaa irratti odeeffannoo funaanuu; To'annoo fi qorannoo gaggeessuu; Himannaa raawwachuu; Ajajawwan bulchiinsaa adda addaa kennuu; kenna tajaajila ykn raawwii hojii keessatti rakkoo uumamuu danda'u hambisuuf qorannoo, xinxaala gaggeessuu fi deeggarsa teekinikaa laachuu; Naamusa irratti kallatti imaammataa agarsiisuu; hojimaatni fi seerotni bahan hojiirra ooluu mirkaneessu; sirna qabeenya ibsuu fi galmeessisuu raawwachiisuu; Hawwaasaaf barnootaa fi odeeffannoo kennuu; fi Qaamolee hirtaa waliin qindoominaan hojjachuu raawwachuutu irraa eegama.[30] Kanaaf sadarkaan hojiileen dhaabbatichi akka hojjatu aangeffame kunneen itti raawwataman agarsiistuu bu'aqabeessummaa dhaabbatichaa ta'u jechuudha.

## 2.2 Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa

### 2.2.1 Haala Hawwaasummaa, Siyaasaa fi Diinagdee Naannoo Oromiyaa

Lakkoofsa ummataa bara 1999 gaggeefame irraa dhaabbatni Istaastiksii Giddugaleessa Itoophiyaa (CSA) tilmaama guddina ummataa, baaseen baay'inni ummata Naannoo Oromiyaa bara 2009tti miiliyoona 35 akka ta'u tilmaama kaa'ee jira.[31] Kanneen keessaa dhibbentaan 86 baadiyyaa kan jiratan yoo ta'u dhibbeentaan hafe, 14 immoo jiraatota magalaati. Naannoon Oromiyaa bal'ina lafaa iskuweer kiiloo meetira 284,538 qabachuun[32] naannolee miseensa federeshinii Itoophiyaa ta'an keessaa bal'inaanis tokkoffaa irratti argamti. Galiin biyyaa akka walii galaa fi kan mootummaa naannoo Oromiyaas kan hundeeffame qonna irratti akka ta'e

[29] Specialized Anti-Corruption Institutions, Review Of Models, OECD, 2008, PP.21
[30] Specialized Anti-Corruption Institutions, Review Of Models, OECD, 2008, PP.21
[31] Federal Democratic Republic Of Ethiopia Central Statistical Agency, Population Projection Of Ethiopia For All Regions At Wereda Level From 2014 – 2017, August 2013, Addis Ababa, pp.98
[32] Oromia region, https://www.google.com/#q=oromia+region+area+square+kilometers accessed on 12/1/2016.

beekamaadha. Galii qonarraa argamu kana keessaa dhibbentaan caalu galii naannoo Oromiyaa irraa argamuudha.

Bu'ura heera mootummaa naannichaatiin qaamolee mootummaa sadeen seera tumtuu, seera hiiktuu fi raawwachiistuu hundeeffamaniiru.[33] Oromiyaan miseensa federaashinii Itoophiyaa salgan keessaa tokko taa'uun erga hundooftee jalqabee namoonni torba perezidaantii naannichaa ta'uun tajaajilaniiru. Filannoon waliigalaa ummata hirmaachisu waggaa Shan, Shaniin gaggeefamaa tureera. Haa ta'u malee naannichatti aangoon siyaasaa hanga ammaatti paartii tokko (Dhaabbata Dimokiraasawaa Ummata Oromoo) miseensa gamtaa (coalition) paartii biyya bulchaa jiru (Adda Dimokiraatawaa Warraqsa Ummatoota Itoophiyaa) ta'e harka ture. Sirni diinagdee nannichaa akkuma isa kan biyyaa kaappitaalizimiin kan durfamu ta'us mootummaan sochii diinagdee keessatti gahee olaanaa akka taphata. Tajaajila siviil sarvisii naannichaa foyyeessuuf yeroo adda addaa tattaaffiin godhamaa tureera. Gama mirga odeeffannoo hawwaasaa cimsuutiin tattaaffiin godhamaa jiraatus raawwiin amma jiru hanqinoota hedduu akka qabu ni hubatama.

Tattaaffii jijjirama gama hundaan Naannicha keessatti taasifamaa jiru bu'a qabeessa akka hin taane, gochaawwan malaammaltummaa guddina diinagdee, hawwaasummaa fi diimokiraasii miidhan mul'ataa jiru. Keessumattuu, gochaan malaammaltummaa kun bulchiinsa lafa magaalaa fi kennisa tajaajila mana qoheessaa, Bittaa, Geejjibaa fi keninsa tajaajila haqaa keessatti bal'inaan akka mul'atu qorannoowwan ni ifoomsu.[34] Gochaawwan malaammaltummaa kun mormii ummataa naannichatti waggoota darbaniif mul'ataa turaniif wantoota sababa ta'an keessaa tokkoo akka ta'e mootummaan naanichaa ni amana.

Hanqinni dimokraasii babal'achuu malaammaltummaaf carraa guddaa akka uumu ni amanama. Carraan saxilamummaa fi hammeenya malaammaltummaas sadarkaa dimokiraasummaa biyyaa

[33] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee bahe labsii lakk.46/1994, fooyya'iinsa labsii lakk. 94/1997 fi labsii lakk. 108/2006 kwt 46. seensa Heera mootummaa naannoo Oromiyaa irratti ummatni oromoo guddina saffisaa, dinagdee, nageenya fulla'aa fi dimokraasii cimaatti kan geenyu heera mootummaa dimokraatawaa federaalawaa rippuubilika itoophiyaa bu'uura kan godhate, haala qabatamaa naannichaatiin walisimatee kan deemu mirgoota heera mootummaa federaalaatiin kenname osoo hin hir'atiin hojiirra oolchuu heera dandeessisu akka baafatte ibsa.

[34] Alamuu Disaasaa(faa), Qo'annoo Sakatta'a Hubannoo, Ilaalchafi Gocha Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa, yuniversitii saayinsii fi teeknoolojii Adaamaa,2016,pp.127

waliin walitti dhufeenya guddaa qaba. Biyyi Itoophiyaa sadarkaa dimokiraasummaatiin biyyoota 167 keessaa 124ffaa irratti argamti.[35] Gama biraan immoo dhaabbanni *Transparency international* jedhamuu fi akka Adunyaatti malaammaltummaa xiqqeessuu irratti hojjetaa jiru, bara 2008 (ALI)tti hubannoo hawwaasni malaammaltummaa irratti qabuun (corruption perception index), Itoophiyaan biyyoota 167 keessaa sadarkaa 103ffaa qabattee akka jirtu agarsiisee jira. Gabaasni dhaabbatichaa hubannoo hawwaasnii fi qaamoleen adda addaa sochii farra malaammaltummaa irratti qaban bu'ureeffachuun kan hojjatamu yoo ta'u Itoophiyaan qabxii dhibba irraa 33 galmeessuun tarree biyyoota malaammaltummaan keessatti baay'atuu qabattee jirti. Kana irraa kan hubatamu sadarakaan Itoophiyaan gama malaammaltummaan irra jirtu hamaa ta'uu isaati. Dhaabbanni *world economic forum* jedhamu akkaataa biyyoonni addunyaa qabeenya qaban fayyadamuun badhaadhina waliigalaa lammiilee isaaniif argamsiisan irratti qorannoo gaggeessuun bara baraan sadarkaa biyyootni irratti argaman ifa ni taasisa. Akka gabaasa dhabatichaa, '*Global competitiveness report'* jedhamu kanaatti Itoophiyaan bara 2008 (ALI)tti biyyoota dhaabbatichaan qorataman 140 keessaa sadarkaa 109ffaa argattee jirti.[36] Gabaasichi Itoophiyaa keessatti hojii daldalaa hojjachuuf wontoota danqaa cimaa ta'an keessaa malaammaltummaan sadarkaa arfaffaa qabatee akka jiru ifoomsee jira.[37] Sadarkaan akka biyyaatti Itoophiyaan argatte kun haala naannoo Oromiyaa jirus kan ibsu ta'a.

Hogbarruu fi haalota qabatamaa siyaas diingdee fi hawwaasummaa biyyaa fi Naannoo Oromiyaa kana irraa kan hubatamu hammeenyummaa fi saaxilamummaa malaammaltummaaf wantootni carraa banan hedduun akka jiraniidha. Kun immoo sochii farra malaammaltummaa fi bu'a qabeessummaa Komishinichaa irratti dhibbaa olaanaa qabaata.

### 2.2.2 Haala Hundeeffamaa

Rakkoon malaammaltummaan qabu sadarkaa addunyaatti xiyyeeffannoo guddaa waan argateef, Dhaabbatni Mootummoota Gamtoommanii qabsoon farra malaammaltummaa biyyoota

[35] Bertelsmann Stiftung, BTI 2016 — Ethiopia Country Report. Gütersloh: Bertelsmann Stiftung, 2016. Ethiopia is ranked 124th out of 167 countries in the Economist Intelligence Unit's 2014 Democracy index. Both its ranking and its overall score have deteriorated, and it continues to be categorized as an authoritarian state, a category it shares with neighboring states including Eritrea and Sudan.
[36] Klaus Schwab, World Economic Forum, Global competitiveness report for year 2015/16 pp.7
[37] Klaus Schwab, World Economic Forum, Global competitiveness report for year 2015/16 pp.165

addunyaa hunda hirmaachisuun akka godhamu haala mijeessaa tureera, ammas itti jira. Mootummaan Itoophiyaas sochii akka addunyaatti malaammaltummaa hir'isuuf godhamu keessatti hirmaachaa akka jiru waliigalteen idil-addunyaa biyyattin mallatteesite ni ibsa. Itoophiyaan konveenshii farra malaammaltummaa dhaabbata mootummoota gamtoomanii (UN) (*anti corruption convention*) bara 1999 raggaasiftee jirti. Haaluma walfakkatuun Itoophiyaan konveenshiniii gamtaa afrikaa malaammaltummaa ittisuuf bahes mallatteessuun miseensa taatee jirti. Mootummaan federaalaa yeroo jalqabaaf bara 1993 malaammaltummaa fi hojimaata badaa maqsuuf qaama dhimmicha abbummaan fudhatee irratti hojjatu bu'ura labsii 235/1993tin hundeessee jira. Komishinichis barumsa naamusaa, malaammatummaa ittiisuu fi qorachuun dhimmichi akka murtii argatu taasisuu irratti kan hojjachuuf yaadamee dhaabbate. Labsiin hundeeffama komishinichaa yeroo lama labsii lakk. 433/2005 fi 883/2007tin fooyya'e jira. Yakkoonni malaammaltummaas uumama isaaniitiin yakkoota biroo irraa adda waan ta'aniif labsiin sirna adeemsa falmii addaa fi Seera ragaa adda ta'een deeggaramu akka qabus itti amanamuudhaan labsiin sirna adeemsa falmii fi seerri ragaa farra-malaammaltummaa labsii lakk.236/93 fi lakk.239/93 labsameera. Hanqinaalee labsii lakk.236/93 fi lakk.239/93 keessatti mul'ataniif furmaata laachuuf fi dhimmoota yakka malaammaltummaa bifa addaatiin ilaaluuf labsiin lakk.434/97 erga tumamee itti hojjetamaa turee boodas adeemsa keessa hanqinaalee labsii kana keessatti mul'ataniis furmaata laachuf labsiin lakk. 882/2007'n fooyya'eera. Haa ta'u malee, yeroo ammaa komishiniin naamusaa fi farra malaammaltummaa federaalaa qaama of danda'ee dhaabbatu ta'uun hafee abbaa alangaa waliigalaa jalatti makameera.[38]

Komishiniin Naamusaafi Farra Malaammaltummaa Naannoo Oriomiyaa labsii lakk. 71/95 Adoolessa 5 bara 1995 sadarkaa naannootti hundaa'ee, Sadaasa bara 1997 hojii eegale. Komishiniichis, malaammaltummaa fi hojmaatni badaan hojiilee mootummaan misooma ariifachisaa galmeessuuf gaggeessa jirutti guufuu akka hintaane ittiisuuf waggoota kudhan darban keessa hojiilee hedduu raawwataa tureera. Kaayyowan komishinichi hundeeffameefis hojiiwwan gurguddoo kan akka Barnoota naamusaa fi farra malaammaltummaa babal'isuudhaan hawaasni dammaqina qabuu fi malaammaltummaafi hojimaata badaa baachuu hin dandeenye akka uumamu tattaaffii gochuu, Yakka malaammaltummaa fi hojmaata badaa ittisuu, Yakka malaammaltummaa saaxila baasuun, qorachuu fi himachuun naannicha keessatti tajaajilli

[38] Proclamation No. 943/2016 Federal Attorney General Establishment Proclamation Art. 22.

ummataa haqummaa qabu akka jiraatu carraaqii gochuu, Abbootii taayitaa fi hojjettoota mootummaa naannichaatiif kan tajaajilan dambiiwwan naamusaa adda addaa akka qophaa'an taasisuu, raawwatiinsa isaanii hordofuu fi danbiiwwan naamusaa qaamoleen biro qopheeffataniif yoo gaafatame deeggarsa gochuudha.[39] Kaayyoo kana galmaan gahuufis komishinichi mul'ataa fi ergama baafachuun sochii gochaa jira.

Ergamni komishinichaa, Bara 2012tti, Malaammaltummaa fi Hojimaatni badaan guddina Dinagdee fi Bulchiinsa gaarii Naannichaa irratti sadarkaa gufuu ta'uu hin dandeenye irra geessisuudha. Komishinichi Mul'ata Barumsa Naamusaafi Farra Malaammaltummaa babal'isuun hawaasa malaammaltummaafi hojimaata badaa baachuu hin eehamne horachuu; Manneen Hojii Mootummaafi Dhaabbilee Misooma Mootummaa keessatti qo'annoo hojimaataa gaggeessuun qaawwaalee malaammaltummaaf karaa banuu danda'an adda baasuun sirreessuu;Yakka malaammaltummaa qorachuun shakkamtoota seeratti dhiyeessuun murtii seeraa akka argatan taasisuu; Qabeenya malaammaltummaan horatame deebisiisuun akka faayidaa mootummaafi ummataatiif oolu taasisuu kan jedhan qabatee hojjataa jira.

Komishiniin Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa malaammaltummaa fi hojimaata badaa naannicha keessa jiru too'achuuf caaseeffamni Komishinichaa, Adeemsota hojii ijoo afurii fi deeggarsaa sadii kan qabuudha. Kunis:- Adeemsa Hojii Ijoo Ittisa Yakka Malaammaltummaa, Adeemsa Hojii Ijoo Qorannaa -Himannaa Yakka Malaammaltummaa, Adeemsa Hojii Ijoo Qabeenya Galmeesisuu fi Madaa Galii Beeksisuu, Adeemsa Hojii Ijoo Dhimmoota Komunikeeshinii Mootummaa fi Barumsaa Naamusaa, Adeemsa Hojii Deeggarsaa Qophii Karooraa, Bajataa, Bittaa fi Bulchiinsa Faayinaansii, Adeemsa Hojii Deeggarsaa Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa, Adeemsa Hojii Deeggersaa Hordoffii fi Deggersa Odiitii Keessaati.[40]

[39] labsii lakk.71/1995, labsii komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa mootummaa naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe kwt 7.

[40] Gamaaggama raawwii hojii komishinii naamusaa fi farra malaammaltumaa naannoo Oromiyaa hundeeffama isaa irraa jalqabee hojiilee raawwataman, ciminaalee jiran (bu'aalee argaman), hanqinaalee mula'atan, rakkoolee quunnamanii fi kallattii furmaataa gara fuulduraa.

## BOQONNAA SADI

## Xinxaala Daataa Haala Qabatamaa Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa

### Seensa

Qaamni farra malaammaltummaa kamiyyuu hojii farra malaammaltummaa hojjatu irratti bu'a qabeessa ta'uuf wantootni guutamuufii qaban jiru. Wantootni kunneenis haalota mijaa'oo (enabling environments) yoo ta'an irra caalaan mootummaa ykn qaama komishinchaan ala ta'e irraa kan eegamaniidha. Komishinichi immoo haalota mijatoo kanneenitti fayyadamuun hojii aangeffame sirnaan raawwachuun irraa eegama. Madaalliin qaamolee farra malaammaltummaa yommuu gaggeefamu qabxiilee lamaan kana (haala mijatoo fi raawwii qaamichaa) bu'ureeffachuudhani. Dhaabbannii *Transparency International* jedhamu dhimmoota kana lamaan jalatti kan kufan, kalaatti madaallii 7 fi agariistota 50 bu'aqabeessummaa qaama farra malaammaltummaa itti madaalan akeekee jira.[41] Kutaa kana keessaatti qabxiilee kanneenii fi hogbaruu wal fakkaataan ibsaman irratti hundaa'uun, haalota mijatoo fi raawwii KNFMNO irratti daataa bifa garaa garaan funaanaman kan itti xinxaalaman ta'a.

### 3.1 Bilisummaa

Bilisummaan qaama farra malaammaltummaa qabxii 7 bu'ureeffachuun kan madaalamu ta'a. Qabxiileen kunis; bilisummaa seeraa (qaamni farra malaammaltummaa of danda'ee seeraan kan dhaabbate ta'uu fi dhabuu), ergama qabaachuu, aangoo adda bahe qabaachuu, akkaataa muudama komishinaraa, turtii aangoo komishinaraa fi akkaataa aangoo irraa itti kaafamu, hojii hojjatamu keessatti giddu lixummaa fi loogii irraa bilisa ta'uu fi qaama farra malaammaltummaa mormitoota miidhuuf akka meeshatti fayyadamuudha.[42] Itti aansuun KNFMNO qabxiilee kanneen faana tokko tokkoon haa madaallu.

[41] Jon Quah, Anti-Corruption Agencies Strengthening Initiative Research Implementation Guide, Transparency International

[42] Jon Quah, Anti-Corruption Agencies Strengthening Initiative
Research Implementation Guide, Transparency International, 2015, pp.32

KNFMNO bara 1995 bu'ura labsii lakk.71/95tiin erga hundaa'ee kaasee qaama of danda'ee ta'ee kan dhaabbateedha. Labsii 71/95s ta'ee labsiin fooyya'iinsaa lakk.197/2008 keeyyanni 6(1) komishinichi caaseffama mataa isaa qabaachuun kan dhaabbate ta'uu isaa ifatti tumeera. Bilisummaa komishinichaan wal qabatee qabxiin falmii baay'inaan ka'u itti waamamni komishinichaa qaama kamiif ta'uu qaba dhimma jedhu irratti. Bu'ura labsii 197/2008 keeyyata 6(2)tiin KNFMNO itti waamamni isaa pirezdaantiif akka ta'e ni ibsa. Dhimma itti gaafatamummaa komishinichaa kana ilaalchisee yaadonni lama; pirezdaantiif ta'uun gaaridha fi itti waamamni komishinichaa caffeef ta'uu qaba kan jedhan ni calaqisu. Ogeessonnii fi namoonnii afgaaffiin godhameef itti waamamni komishinichaa pirezdaantiif ta'uu hin qabu jedhan dhiibbaa itti waamamni kun bilisummaa isaa irratti qabu kallattii giddu lixummaa fi kutannootiin ibsu. Komishinichi pirezdaantiif kan itti waamamu yoo ta'e hojii olaantummaa seeraa kabachiisuu hojjatu irratti giddu lixummaa hambisuun rakkisaadha yaaddoo jedhu baay'inaan ibsama.[43] Muuxannoo hanga ammaa naannoo Oromiyaa keessa jiruun kutannoon pirezdaantotni naannichaa Malaammaltummaa irratti qaban wal fakkaataa kan hin taane waan ta'eef hojii farra malaammaltummaa irratti gargaarsi komishinichi argatu jijjirama pirezdaantii waliin jijjiramuu danda'a. Dabalataan Itti waamamni komishinichaa caffeef ta'uun komishinichi dhiibbaan qaama raawwachiiftuu irraa itti dhufu waan hir'atuuf, hojii itti gaafatamummaa mirkaneessuu haala bilisummaa fooyya'aa qabuutiin akka raawwatu ni gargaara yaadni jedhu ni calaqisa.[44]

Gama biraatiin immoo itti waamamni komishinchaa amma jiru miidhaa isaa caalaa faayidaan inni qabu kan caalu ta'uu ibsuun; itti waamamni komishinichaa haaluma amma jiruun itti fufuu akka qabu, ogeessonni deeggaran jiru. Kunis komishinichi hojiin, keessumattuu itti gaafatamummaa mirkaneessuu irratti hojjatu deeggarsa qaama raawwachiiftuu kan barbaadan waan ta'aniif deeggarsa kan salphaatti kan argatu itti waamama ammaa kana yoo qabaatedha yaada jedhutu dhiyaata.[45] Mootummaan kutannoo hin agarsiisne taanan Komishinichi caffeef akka itti waamamu gochuun qofti bilisummaa hin goonfachiisu yaadni jedhus ni jira.[46]

[43] Taaddalaa Balaachoo, Asaffaa Makuriyaa, Maaniyaaziwaal, Yohaannis, Takluu, Chaalaachoo, Geetaachoo Tamasgeen
[44] Isheetuu Dassee
[45] Damoozee Maammee
[46] Addisuu

Qaamoleen farra malaammaltummaa qaama kamiif itti waamamuu qabu dhimma jedhu ilaalchisee muuxannoon wal fakkaataan hin jiru. Akkaataa caaseffama sirna bulchiinsaa fi modeela qaama farra malaammaltummaa (ACAs model) filatame irratti hundaa'uun itti waamamni qaamolee kanneenii qaama seera baastuu ykn raawwachiiftuuf ta'uu mala. Biyyoonni akka Singaapoor, Hong Kong, Botsuwaanaa qaamoleen farra malaammaltummaa isaanii qaama raawwachiistuuf itti waamamu. Singaapoor fi Hong kong koreewwan adda addaa hojii qaamolee farra malaammaltummaa hordofuun giddu lixummaa to'atan qabu. Komishiniin farra Malaammaltummaa (ICAC) mootummaa naannoo *New South Wales* kan biyyaa Awustiraaliyaa immoo itti waamama dachaa qaama seera baastuu fi raawwachuuftuuf qaba.[47] Biyyootni kunneen sochii farra malaammaltummaa irratti kanneen milkaa'ina gaarii qabaniidha. Kana irraa kan hubatamu itti waamani qaamolee farra malaammaltummaa ,qaama kanaaf ta'uu qaba qajeeltoon jedhu akka hin jirree fi dhimmi itti waamamaa qofti milkaa'ina irratti dhiibbaa kan hin qabneedha. Muuxannoo biyyoota kanneen irraa kan hubatamu itti waamamni qaamolee farra malaammaltummaa qaama tokkof qofa osoo hin taanee, koreewwan adda addaa hundeessuun giddu lixummaa qaama raawwachiiftuu irraa dhufu to'achuu, itti gaafatamummaa qaamolee kanaa madaaluu fi amantaa hawwaasaa cimsuun kan danda'amu ta'uu isaati.

Qabxii madaallii bilisummaa qaamolee farra malaammaltummaa keessaa inni lammaffaan hojii (mandate) seeraan qaamichaaf kennamedha. Dhaabbatichi hojiiwwan farra malaammaltummaa hunda( ittisuu, qorachuu, himachuu fi barsiisuu) kan hojjatu yoo ta'e bu'a qabeessummaa isaaf haalli mijataan akka uumametti fudhatama. Kanneen keessaa tokko ykn muraasa qofa irratti kan xiyyeeffatu taanaan immoo bu'a qabeessummaa isaa irratti dhiibbaa qabaata. Gama kanaan KNFMNO hundeeffama irraa kaasee hojiiwwan farra malaammaltummaa hunda (ittisuu, qorachuu, himachuu fi barsiisuu) akka hojjatu seeraan aangeffamee yeroo ammaas hojjataa jira.[48] Kun immoo cimina guddaa KNFMNO fudhatamuu qaba. Hojiiwwan kanneen raawwachuuf komishinichi aangoowwan bal'aaniis akka kennameef hubachuun ni danda'ama. Komishinichi qorannaa yakka malaammaltummaatiif yoo barbaachise, mana ykn qabeenya nama kamiituu sakatta'uu, hordofuu, toannaa jala oolchu danda'a.[49] Akkasumas, komishinichi nama yakka

[47] John R. Heilbrunn, (2004), Anti-Corruption Commissions Panacea or Real Medicine to Fight Corruption? World Bank USA, Washington DC, pp.4-9
[48] Labsii,lakk. 71/1995, kwt.7fi10, labsii lakk.197/2008 kwt.15
[49] Labsii lakk. 197/2008 kwt.15(13)

malaammaltummaatiin shakkame kamiiyyuu to'annoo jala oolcuun qorachuu[50], herrega baankii qorachuu fi ajaja mana murtiin akka hin sochoone gochuu danda'a.[51]

Qabxiin bilisummaa qaama farra malaammaltummaa waliin wal qabatu kan biraa akkaataa mudaamaa fi aangoo irraa kaafama hoogganaa komishinichaa (komishinaraa) ti. Hoogganaansi fuula ykn gaadidduu komishinichaa akka waliigalaatti kan agarsiisudha. Namni hoogganaa komishinii ta'uun muudamu, hidhata siyaasaa kan hin qabne, gartumaleessa (neutral), loog-maleessa (impartial), amala olaanaa (integrity) fi gahuumsa nama qabu ta'uu qaba.[52] . Kanaaf immoo muudamni fi aangoo irraa kaasuun komishiniraa ulaagaa adda bahee fi adeemsa ifaa, hirmaachisaa ta'e keessa darbuu qaba. Keessummatuu namoota amaloota fi gahuumsa kana qaban adda baasanii muudamaaf dhiyeessuuf hirmaanaan qaamolee mootummaa (seera baastuu fi seera hiiktuu) hawwaasaa fi dhaabbilee hawwaasaa, akkasumas paartilee siyaasa murkatootaa dabalatee dhimmamtoota adda addaa barbaachisaa akka ta'e ni amanama.[53] Muudama irraa kaasuun walqabatees hooggansi qaamolee farra malaammaltummaa turtiin yeroo aangoo isaanii seeraan murteessuun barbaachisaadha. Hoggantoota kaneen aangoo irraa kaasuuf sababa gahuun jiraachuu fi kunis qaama seera baastuun mirkana'uu qaba.

Gara KNFMNOtti yommuu deebinu komishinira KNFMNO pirezdaantiin naannoo dhiyeessuun caffeen ni muuda. Itti aanaan komishinaraa immoo dhiyeessa pirezdaantiin mana maree bulchiinsa naannichaatiin muudama.[54] Haa ta'u malee labsichi ulaagaa namni komishinara ykn itti aanaa komishinara ta'uun muudamu qabaachuu qabu hin ibsine. Haaluma wal fakkatuun nama komishinara ta'u kana adeemsa kamiin akka filatamu wanti caqasame hin jiru. Qabatmni jiru pirezdaantiin akkuma hoggansa mana hojii kamiiyyuu nama hojii mana hojichaaf akka madaalu itti amane caffeef dhiyeessee kan mirkaneessudha. Labsiin 197/2008 turtiin yeroo komishinaraa waggaa 6 akka ta'eee fi irra deebiin muudamuu akka danda'u ni ibsa. Komishinara muudama irraa kaasuu ilaalchisee dhimmoonni sababa ta'anis dambii naamusaa qophaa'e darbuu gahuumsa dhabuu fi akka ta'e tarreeffameera. Yaadota afgaaffii irraa argamanis yoo ilaalee muudama komishinaara komishinichaa hanqina kan qabu ta'uu hubanna. Namoonni afgaaffiin

[50] Labsii lakk. 197/2008 kwt.15(14)
[51] Labsii lakk. 197/2008 kwt.15(16)
[52] Jakarta Statement on Principles for Anti-Corruption Agencies
[53] Sofie Arjon Schütte, The fish's head:Appointment and removal procedures for anti-corruption agency leadership,U4 IssueMay 2015 No 12
[54] Labsii lakk.197/2008 kwt.11

godhameef hedduun hooggansi komishinichaa kan filatamu dandeettii fi gahuumsa irratti osoo hin taanee amanamummaa siyaasaa irratti hundaa'uun muudamu yaada jedhu qabu. Namoonni hoogganaa komishinichaa ta'an kanneen isaan muudan irratti qabsaa'uuf gahuumsa hin qaban yaadni jedhu baay'inan ibsama.[55] Kun immoo kan hubachiisu akkaataan muudama komishinaraa bilisummaa dhaabbatichaa kan hin eegsifnee fi amantaa ummatni komishinicha irraa qabu illee kan miidhu ta'uu isaati.

Dhimmi biraa bilisummaa waliin walqabatu jiraachuu fi dhiisuu giddu lixummaa hojii komishinii irratti godhamuudha. KNFMNO hojii qorannoo fi himannaa yakka malaammaltummaas ta'ee kanneen biroo daangaa hojii isaa keessatti hojjatu giddu lixummaa fi dhiibbaa nama kamiirraayyuu bilisa ta'e akka gaggeessuu tumameera.[56] Haa ta'u malee tumaan seeraa kun bilisummaa komishinichi akka dhaabatti qabu malee bilisummaa ogummaa Abbaa Alangaa addatti hin ibsine. Tumaa labsichaa kwt. 16(6) jalatti immoo Komishinarri Komishinichaa hojii qorannoo fi himannoo akka gaggeessan ogeessota kan ajaju ta'uu kaa'a. Akkaataan raawwii keeyyatichaa qajeelfamaan akka murtaa'u ta'uus ni ibsa. Qajeelfamichi ajajni Komishinarri kennu bilisummaa ogummaa Abbaa Alangaa fi bu'a qabeessummaa hojii walitti araarsuuf kan yaadame fakkaata. Haa ta'u malee qaajeelfamichi hanga ammaa hin bane. Itti aansuun dhiibbaa fi giddu lixummaa bilisummaa hojii komishinichaa irratti qabatamaan mul'atu maal akka fakkatu ilaalla.

Gaafii hojii qorannoo fi himannoo komishinichaa irratti giddu lixummaan ni jiraa jedhuuf namoonni afgaaffiin godhameef hedduun jiraachuu giddu lixummaa hubachiisaniiru. Komishinichi dhimmoota yakka malaammaltummaa ciccimoo fi hooggansi olaanaan keessatti hirmaatu heyyama qaama raawwachiistuu (kaabinee) malee qorachuufi himachuu hin dandeenye yaadni jedhu ogeessota komishinichaas dabalatee namoota hedduun ni calaqisa. Yakkoota Malaammaltummaa Abbootiin taayitaa olaanootiin raawwataman akka hin qoranne, kanneen qoratamanis akka hin himanne dhiibbaan qaamolee bulchiinsaatiin irra gahaa akka jiru ogeessonni KNFMNO hedduun ibsaniiru. Ajajaa fi giddu lixummaa qaamolee adda addaa federaalaa kaasee hanga Godinaa jiruun namootni yakka hojjatan keessumattuu, qondaaltotni olaanoo fi kantiibonni bulchiinsa Magaalota adda addaa itti gaafatamummaa jalaa akka miliqan

[55] Kom. Amsaaluu Kumarraa, Asaffaa Gannatii
[56] Labsii lakk.197/2008 kwt.12

godhamuu ogeesonni ni ibsu.[57] Fakkeenyaaf, yakka malaammaltummaa biiroo barnoota Oromiyaa bittaa kitaabaa keessaatti qarshii qisaasa'e akka komishiniin hin himanne godhamee jira. Dhimma biraatiin, Interpraayizii Ijaarsa Bishaan Oromiyaa paayippii fi jenereetara qonnaan bultoota naannoo Oromiyaa hongeef saaxilamaniif bitame faayidaa yaadameefirra osoo hin oolchin namoota dhuunfatti gurguruun qisaasama qarshii miliyoon 108 ol dhaqabsiisan dhimmi isaa qoratamee akka himanni hin hundoofne godhamuunis ibsameera. Haaluma wal fakkaatuun dhaabbanni Roopaak 'Real state' jedhamu lafa investimantiin kennameef ala qonnaan bulaa seeraan ala lafa irraa buqqisee miidhaa hawwaasa irraan gahe qoratamee akka hin himatamnes godhamee jira. Dhimmi ijaarsa galma aadaa dirree sheekanaa huseenitti Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaatiin gaggeefamuuf yaadame irratti qisaasama gaheef itti gaafatamummaan akka hin uumamne ta'uunis sababa giddu lixummaatiin ta'uu ogeessonni hubachiisaniiru. yakkoonni malaammaltummaa ijaarsa pirojektootaa fi saamicha lafa magaalaa waliin walqabatanii magaalot akka shaashamannee, Adaamaa, Galaan keessatti raawwataman abbootii aangoo olaanoo waliin kan wal qabatan waan ta'eef himannaa akka itti banauma hin taane. Malaammaltummaa projektii ijaarsa bishaanii Godinalee Harargee keessatti hirmaannaa kan qaban dhimmoonni abbootii taayitaa olaanoo hedduun qoratamee akka himannaan hin hundoofne godhamee jira.[58] Dhimmoonni malaammaltummaa ciccimoon dantaa ummataa tuqanii fi qisaasama hamaa geessisan, angawootni olaanoon harka keessaa qaban calalamanii, qoratamanii osoo hin himatamne callisanii taa'aa hedduu ta'uu ogeessonni kunneen ni hubachiisu.

Namoonni hoggansaan sadarkaa naannoo irra jiran bilbilaa fi caasaa adda addaa uumuun komishiniin dhimmoota yakkaa malaammaltummaa faayidaa isaanii tuqu, ykn firri isaanii keessatti hirmaate akka hin qoratamne yoo danqan ni mul'ata.[59] Kanuma faana, Komishiniin namoota yakka malaammaltummaa raawwatan hunda qixa akka itti gaafatamaa ta'an gochuu irratti giddu lixummaan akka isaan mudatu ogeessonni ibsaniiru. Fakkeenyaaf qisaasama lafa magaalaa Sulultaatti raawwatame keessaa namoonni gahee guddaa kan qaban sababa kaabinee ta'aniif himannaa keessaa akka hafan godhamuu ogeessonni kun hubachiisaniiru. Hojii qorannoo fi himannaa yakka malaammalatummaa irratti ogeessonni komishinichaa bilisummaa kan qabne ta'uutu ibsama.Sadarkaa dameetti Hooggantootni Godinaa hojii gama itti gaafatamummaa

[57] Yoahannis, Kataraa, Asaffaa, Tarrafaa
[58] Taaddalaa Balaachoo, Asaffaa Makuriyaa
[59] Toofiiq (fkn dhimma aanaa Bookee)

mirkaneessuutiin komishinichi hojjatu gidduu lixuun dhiibbaa uumaa jiru.[60] Hooggansi komishinichaa ofitti amanamummaa fi qulqullummaa kan hin qabne waan ta'eef dhiibbaa alaa dhufu ittisuu hin dandeenye yaadni jedhu ogeessotan ka'eera. [61]

Dhiibbaa fi giddu lixummaa qaama alaa irraa dhufuun cinaatti giddu lixummaa fi dhiibban keessa komishinichaa jirus bilisummaa ogeessotaa kan tuqaa jiru ta'uu ogeessoonni ni ibsu, Hoogganaan komishinichaa haaluma barbaadeen himatni akka ka'u ogeessa ajajun tureera.[62] Ogeessonni qorannoo yakkaa jalqabanii addaan kutuuf ni dirqamu.[63] Dhimma akka hin qoratamne ykn himatamne barbaadamu, ogeessi yakkicha qorachuu ykn himachuuf yommuu deeggarsa gaafatu, (durgoo fi meeshaalee hojii adda addaa) dhorkachuun; qorannoon kan jalqabame yoo ta'e immoo, qoranichi akka addaan citu hojii biraa ogeessicha ajajuun dhimmichi akka hafu taasisuun jira. Fakkeenyaaf, Biiroon Bishaan Oromiyaa qasaasama bittaa ujummoo bishaanii dhaqabe fi yakkoota malaammaltumma ijaarsa pirojeektoota magaalaa shaashamanneetti raawwatan qoratamee akka hin himatamne hoogganaan komishinichaa dhorkuu Abbootiin alangaa komishinichaa ibsaniiru.

Mootummaan qaama farra malaammaltummaa namoota yaada addaa ykn mormii qaban miidhuuf akka meeshatti kan fayyadamu yoo ta'e qaama farra malaammaltummaa kun bilisummaa qaba hin jechisiisu. Gama kanaan qabatamaan naannoo fi KNFMNO maal akka faakkatu yoo ilaalle yaadaota afgaaffiin argaman irraa hanqinooleen jiraachuu hubanna. Namoonni yakka malaammaltummaa raawwatan bu'ureeffatee osoo hin taanee, wantoota akka naannummaa, amantaa, siyaasaa fi kkf irratti hundaa'uun yakka malaammaltummaatin akka himatamanii miidhaman gochuun ni mul'ata. Komishiniin meeshaa nama yaada addaa qabu itti rukatan ta'aa jira namootni jedhan hedduudha.[64] Komishiniin qaama olaantummaa seeraa eegsisu qofa osoo hin taanee meeshaa itti wal miidhan[65] haaloo walirratti bahan[66] illee ta'aa jiras jedhameera. Namoonni garee uumanii kanneen garee isaanii keessa hin jirre balleessaa isaa

[60] Afgaaffii obbo Filee Bittagaz, Qindeessa Bulchinsa human namaa waajjira paapliik Sarvisii Godina Harargee Lixaa waliin gaafa Guyyaa 8/05/2009 gaggeeffame. Komaandaar Hayiluu Qixoo, Tekluu
[61] Tarreessaa Kaasaa, Chaalaachoo
[62] Takluu
[63] Anteenaa Wasanee qorataa Poliss Q/Po/Go/Jimmaa walliin gaafa 17/05/2009.
[64] Tarrafaa Daffaar, Najiib Abdurraman, Sayid Kadir, Zawdituu Abarraa, Dassaaleeny
[65] Damoozee Maammee
[66] Isheetuu Dasee

malee ykn baleessaa isaan ol akka itti itti gaafatamu gochuun ni mul'ata.[67] Abbootiin qabeenyaa fi abbootiin taayitaa faayidaa isaaniif hin malle argachuuf namoota isaan jala dhaabbatan miidhuuf komishinichatti fayyadamuun jiraachus kan ibsan jiru.[68] Yaadota afgaaffin argaman kan irraa kan hubatamu, sadarkaa mootummaa olaanaatti komishinii mormitoota siyaasaa ittii miidhuuf akka meeshaatti fayyadamuun baay'inaan hin mul'atu. Haa ta'u malee, waldhabbii dhuunfaa fi garee gidduutti umamu, faayidaa hin mallee argachuuf ykn kan argame akka hin saaxilamneef, naannummaa, firoomaa fi wantoota wal fakkatan irratti hundaa'uun komishinii akka meeshatti fayyadamuun kan jiru ta'uu agarsiisa. Ogeessonnii fi hojjatootni KNFMNO dhimmoota bu'aqabeessummaa hojii komishinichaa irratti miidhaa fidan akka sadarkeessan bargaaffiin gaafatamanii, giddu lixummaa hojii komishinichaa irratti godhamu hanqina humna namaatti aansuun sadarkaa **2ffaa** irratti filataniiru. Xinxaala kana irraa komishinichi keessumattuu hojii itti gaafatamummaa mirkaneessuu irratti bilisuummaa akka hin qabne hubatama. Bilisummaa KNFMNO ilaalchisee akka waliigalaatti Komishinichi qaama of danda'e ta'ee seeraan hundeeffamuu fi aangoo hojii farra malaammaltummaa hunda akka hojjatu aangeffamuun isaa qabxii ciminaati. Haa ta'u malee akkataa muudamafi aangoo irraa kaafamuu Komishinaraa, giddu lixummaa hojii komishinichaa keessatti mul'atuu fi komishinicha akka meeshatti fayyadamuun wal miidhuun qabxiilee bilisummaa komishinichaa miidhaniidha.

### 3.2 Humna Namaa fi Baajata

#### 3.2.1 Humna namaa

Sochii farra malaammaltummaa irratti taasifamu sirnaan raawwachuuf, dhaabbileen farra malaammaltummaa humna namaa fi bajata gahaa qabaachuu qabu. Bajatni dhaabbilee farra malaammaltummaaf ramadamu kutannoo mootummaan malaammaltummaa irratti duuluuf qabullee kan agarsiisuudha. Dhaabbileen farra malaammaltummaa humna namaa fi bajata gahaa qabaachuunis agarsiistuwwan akka bajata walii gala biyyaaf/naannoof ramadamuu fi kan komishiniif ramadamu waliin madaaluun; komishiniin bajata gaafaatu mirkaneeffachuu danda'uu fi dhabuu; bajatni waggaa waggaan komishiniif ramadamu dhaabbataa ta'uu isaatiin

[67] Afgaaffii Mangistuu Alamaayyoo Sirreeffamaa seeraa fi bulchaa Aanaa Giddaa Ayyanaa duraanii waliin gaafa 16/05/2009 gaggeeffame.
[68] Afggaaffii Asras Baqqalaa sirreeffamaa seeraa fi ogeessa Abbaa Taayitaa Geejjiba Godina Wallaggaa Bahaa duraanii waliin gaafa 16/05/2009 taasifame. Amsaaluu fi Bayyanaa

madaalama. Humna namaan walqabatee mindaa fi faayidaan hojjetoota mana hojichaa dhaabbilee dhuunfaa fi mootummaa birootiin dorgomaa ta'uu; ulaagaa filannoo hojjetootaa ifa ta'e qabaachuu; ogeessota gahumsa olaanaa (gama qorannaa yakkaa, ittisaa fi barumsa naamusaatiin) qaban qabaachuu; ogeessa yeroo yeroon leenjii argatu qabaachuu; ogeessota mana hojichaatti amantaa (stability) qaban qabaachuun madaalama. KNFMO gama kanaan maal akka fakkaatus haala armaan gadiin xiinxalameera.

Komishiniin ergaa hundaa'ee waggoottan lakka'amanillee bu'aa irraa barbaadame fiduurratti hanqinni akka jiraatu kan taasise keessaa inni guddaan humna namaa gahaa dhabuu akka ta'e ogeessotni af-gaaffiin taasifameef ni ibsu.[69] Hanqina humna namaa fi dhaqqabamoo ta'uu dhabuu komishinii irraa kan ka'e hojiiwwan komishinii baay'ee isaa abbaan alangaa idileetiin hojjetama.[70] Eeruwwan ergamanis ta'e, dhimmumti qoratamee komishinii bira gahullee himatni osoo itti hin banamiin waggoota hedduu lakkoofsisa.[71] Turmaata dhimmootaaf sababootni biroon jiraatanis hanqinni humna namaa bal'aa waan ta'eef yakkoota malaammaltummaa qorataman irratti murtiin dafee akka hin kennamne taasiseera.[72] Humna namaa komishichi qabuu fi hojii hawaasni irraa eegu yoo ilaalame kan wal gitu waan hin taaneef komishiniin jira akka jedhamuuf kan hundeeffame malee, malaammaltummaa biyya kana keessatti dagaagee jiru humna namaa qabuun ittisuu danda'a jedhanii yaaduun rakkisaa akka ta'etu ibsame.[73] Humna namaa komishinichi qabu waajjira haqaan wal bira qabuun hanqinni cimaan akka jiru ka'eera.[74]

Hanqinni humna namaa komishinichi dhaqqabamaa akka hin taane taasisa. Ummatatti dhiyaatee tajaajiluuf komishiniin dameelee godinoota muraasarratti banachuun isaa ni beekama. Dameeleenis yeroo jalqabaa leenjii qofa kennaa kan turan waan ta'eef leenca ilkaan hin qabne

[69] Af-gaaffii Barreessaa Baqqalaa, itti gaafatamaaa waajjira haqaa godina Wallagga Bahaa, gaafa 15/5/2009 gaggeeffame.
[70] Af-gaaffii Caaltuu Hasan, Akililuu Abbabaa, garee inspekshinii fi dagaagina naamusaa biiroo haqaa Oromiyaa, gaafa 30/5/2009 gaggeeffame.
[71] Af-gaaffii Barreessaa Baqqalaa, itti gaafatamaaa waajjira haqaa godina Wallagga Bahaa, gaafa 15/5/2009 gaggeeffame. Tafarraa Kitilaa, abbaa alangaa Biiroo Haqaa damee Lixaa, gaafa 16/5/2009 gaggeeffame.
[72] Af-gaaffii Barreessaa Baqqalaa, itti gaafatamaaa waajjira haqaa godina Wallagga Bahaa, gaafa 15/5/2009 gaggeeffame.
[73] Af-gaaffii Hajib Abduraamaan, bakka bu'aa qondaala naamusaa ejensii misoomaa fi manaajimentii lafa magaalaa godina Jimmaa, gaafa 18/5/2009.
[74] Af-gaaffii Barreessaa Baqqalaa, itti gaafatamaa waajjira haqaa godina Wallagga Bahaa, gaafa 15/5/2009; Ingidaa Nugusee, ittigaafatamaa waajjira haqaa godina Jimmaa, gaafa 18/5/2009 gaggeeffame.

jedhamaa ture.[75] Erga aangoon himachuu fi qorachuu gara dameetti dhufee; qorannoon namoota yakka malaammaltummaa raawwatanirratti gaggeeffamuu jalqabee hawaasni hanga tokko komishinichatti amantaa horachuu jalqabee akka jiru kanneen afgaaffiin taasifameef ni ibsu.[76] Ammas taanaan komishiniin dameelee haa banatu malee humna namaa gahaa ta'ee fi loojistikii hojiicha deeggaruuf tajaajilan hin guutamiin jira.[77] Waan ta'eefuu yakkota malaammaltummaa raawwataman qorachuus ta'e, kanuma qoratamee fi bakka bu'iinsi abbaa alangaa idileetiif hin kennamin illee yeroo komishininii deeggarsa abbaa alangaa idilee gaafatu jira. Kunis komishinichi humna namaa gahaa waan hin qabneef dhimmootni lafarra harkifamanii komii hawwaasa keessatti uumaa kan jiran ta'uu isaati.[78]

Haalli humna namaa KNFMO maal akka fakkaatu madaaluuf dhimmoota milkaa'ina komishinichaa irratti dhiibbaa uumuu danda'an jedhame kudhan tarreessuun qabatamaa komishinicha jiruun akka sadarkeessan taasifameera. Haaluma kanaan hojjetootni mana hojichaa 43 bar-gaafficha guutuun sadarkeessaniiru. Bu'uura sadarkeessa kanaatiin '***rakkoon hanqina humna namaa*** sadarkaa tokkoffaa (**1$^{ffaa}$**) irratti argama. Daataan bar-gaaffiin argames yaadotuma af-gaaffiin argaman kan deeggaru ta'uu isaati. Daataan humna namaa komishinichaa baraa gara baraatti dabalaa dhufeera. Fakkeenyaf bara 2006 humni namaa komishinichaa damee dabalatee dhiira 117 fi dhalaa 46 walitti 163; bara 2007 dhiira 137 fi dhalaa 50 walitti 187; bara 2008 dhiira 164 fi dhalaa 59 walitti 223 dha. Humni namaa komishinichaa dabalaa kan deeme ta'us hojii mana hojichaa waliin wal-gitu hin dandeenye. Hanqina humna namaarraa ka'uunis hojiwwan baay'een kan lafarra harkifamaa jiran ta'uu ogeessotni fi hoggantootni mana hojichaa ni dubbatu.

| **S/Bar umsaa** | **5-8** | **9 – 12** | **Sada. (Level 2-4)** | **Dip. (10+$^{1-3}$)** | **BED/BA/ BSC** | **LLB** | **MA/MSC** | **LLM** | **Waligala** |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **Dhala** | - | 9 | 3 | 18 | 16 | 2 | 1 | - | 4 |

[75] Af-gaaffii Abduraamaan Abbaamaccaa, Abbaa Alangaa Abbaa taayitaa galiiwwan godina Harargee Lixaa, gaafa 8/5/2009 gaggeeffame.
[76] Af-gaafii Miidhaksaa Agaruu, abbaa alagaa waajjira haqaa godina Harargee Lixaa, gaafa 9/5/2009 gaggeeffame.
[77] Taaddalaa Balaachoo, Asaffaa
[78] Asaffaa Gannatii

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **a** | | | | | | | | | 9 |
| **Dhiira** | 1 | 18 | 3 | 16 | 47 | 30 | 10 | 4 | 129 |
| **Dhalaa + Dhiira** | 1 | 27 | 6 | 34 | 63 | 32 | 11 | 4 | 178 |

**HUB**. Daataan gabatee keessatti teechifame kan komishinii giddu galeessaa qofadha.

**Gabatee 1**. Gabatee daataa humna namaa komishinii sadarkaa barumsaa isaanii waliin agarsiisu.

Gabatee kanarra akka hubatamutti hojjetoota mana hojicha keessaa dhibbentaa 8.42% qofatu diigrii lammaaffaa qaba. Isaanumas taanan baay'inaan hojii bulchiinsa yookiin qindeessummaa malee hojii ittisa yookiin qorannoo fi himannaa irra kallattiin kan hojjetan miti. Ogeessotni digirii lammaffaa qaban muraasni garee ittisaa keessa kan jiran ta'us, garee qorannaa fi himanna yakkaa keessa hin jirani. Kun immoo humna namaatiin wal qabatee hanqina baay'inaa qofa osoo hin taane gama sadarkaa barnootatiinis hanqinni kan jiru ta'uu agarsiisa.

Humna namaa baay'inaa fi gahumsa qaban horachuuf mijaa'inni naannoo hojii murteessaadha. Hawwatiinsi naannoo hojiis mindaa fi faayidaawwan hojjetota komishinii kanneen dhaabbilee Mootummaa fi dhuunfaa keessa hojjetan waliin dorgomaa ta'uu isaatiin madaalama. Mindaa fi faayidaan sekteroota biroo waliin dorgomaa ta'uu qofas osoo hin taane, ulfaatinaa fi dadhabbii (effort) dhimmoota komishinichi hojjetuun kan wal gitu ta'uu feesisa. Ogeessonni mana hojichaas faayidaa argatanii fi hojii hojjetan wal bira qabuun faayidaa argatanirra dadhabbii isaatu caala jechuun mana hojichaa keessaa turuuf fedhii akka hin qabne dubbatu. Iddoowwan muuxannoon irraa fudhatame kan akka Komishinii Mootumaa Naannoolee Tigiraayii fi Saboota, Sablammoota fi Ummatoota Kibbaas, dadhabbii komishinii fi dhimmoota idilee wal bira qabuun hanga mindaa fi faayidaan kan idileerraa adda hin taanetti osoo gara idileetti deebiyanii akka fedhan dubbatu.[79] Mindaa fi faayidaan mana hojii komishinii keessa jiru sekteroota hojii haqaa hojjetan kan akka mana murtii fi biiroo haqaa keessa jiruun wal madaala. Keessattuu hojii wal fakkaataa kan hojjetu biiroo haqaa waliin yoo ilaalamu mindaa fi faayidaan isaanii kan wal gitu ta'us dadhabbii hojiin yoo ilaalamu walgita jechuun rakkisaadha. Gama kallattii maallaqaan

[79] Af-gaaffii Rahamatoo, Dassalenyi Wonbagoo qorattota abbaa alangaa komishinii naamusaa fi farra malaammaltumaa saboota, sablammootaa fi ummatoota naannoo kibbaa, gaafa 25/5/2009; Hagos G/kiristoos abbaa adeemsa qorannaa fi himannaa yakka malaammaltummaa komishinii mootummaa naannoo Tigiraay, gaafa 5/7/2009 gaggeeffame.

argamuun wal-qixa ta'anis dadhabbii hojichi gaafatu akkasumas balaaf saaxilamaa ta'uu, (risk) hojichi qabu waliin yoo ilaalamu gahaadha jechuun hin danda'amu. Kanaafuu, mindaa fi faayidaan hojjetoota komishinichaa agarsiistuwwan akka dhaabbilee biroo waliin dorgomaa/competitive salary and benefit (olaanaa); gahaa/adequate salary and benefit (giddugaleessa); fi xiqqaa/low salary and limited benefit (gad-aanaa) ta'uun yoo madaalamu **giddu-galeessa** jechuun ni danda'ama.

Walumaagalatti, mijaa'inni naannoo hojii komishinii naamootni akka ala hin illaallee fi kan alaas ofitti hawwachuun kanneen gahuumsa addaa qaban horachuuf kan dandeessisu miti.[80] Hojiin ogeessonni hojjatan balaaa fi miidhama adda addaaf kan isaan saaxilu ta'us komishiniin ogeessotaaf eegumsi godhu laafaadha.[81] Hanqinootni kunneen ogeessota ogummaa adda addaa qaban argachuufis ta'e namoota alaa hawwachuurratti dhiibbaa kan qabaaniidha.

Humna namaa baay'inaan guuttaachuu qofti rakkoo komishiniif furmaata hin ta'u. Yakki Malaammaltummaa walxaxaa, abbootii aangootiinii fi tooftaa adda addaa fayyadamuun raawwatama. Namootni yakka Malaammaltummaa raawwachuudhan himataman abukaatoo gahumsa cimaa qabu dhaabbatanii falmachuu kan danda'aniidha. Kanaafuu, komiishinichi ogeessota baay'inaan guuttachuu qofa osoo hin taane tooftaa raawwii yakkichaa, ragaawwan miliquu danda'an sakatta'ee baasuu danda'u; ogoeessota ogummaa adda addaa qabaniin guutachuu qaba. Ogeessota akkasii argachuuf ammoo adeemsa ogeessotni ittiin filataman ifa ta'e qabaachuun barbaachisaadha.

Agarsiiftuwwan humna namaa komishinii ittiin madaalamu keessaa tokko ulaagaa filannoo hojjetoota gara komishinii dhufaniiti. Bu'uura ulaagaa kanaatiin, adeemsa ifaa fi dandeettii irratti hundaa'uu ciminaan irratti xiyyeeffatee kan filatamu yoo ta'e olaanaa; hanga tokko adeema ifaa fi cimina ilaaluun kan filatamu yoo ta'e giddu galeessa; ulaagaa ifaan dandeenttin ittiin madaalame filatamu kan hin jirre yoo ta'e gad-aanaa dha. Ulaagaa kanaan akkataan filannoo ogeessota KNFMO yoo madaalamu gad-aanaa ta'uu isaatu hubatama. Ogeessonni gara

[80] Damoozee Maammee
[81] Amaan qorataa

komishinichaa yoo dhufan ulaagaa ifa ta'ee fi qormaataan ala yommuu qaxaraman bal'inaan mul'ata. Akkaataa ogeessotni gara komishinichaatti dhufanis hin beekamu. Adeemsi ifaan keessa darbamee ogeessotni itti filataman hin turre. Hoggantootni fi ogeessonni dameerra jiran walitti dhufeenya dhuunfaatiin yommuu ramadaman ni jira. Fakkeenyaf hogganaa dame Bahaa walitti dhufeenya bulchaa godinaa waliin qabuun akka ramadame ibsama.[82] Qaxarrii ogeessota komishinichaas loogii qaba jedhamee komatama. Fakkeenyaaf, qaxarrii ogeessota dame Lixaa irratti gaggeeffame iftoomina kan hin qabne ta'uutu ibsame.[83] Hoggantootni komishinii kan muudaman dandeettii fi gahuumsa isaaniin osoo hin taanee fedhii namoota muudanii irratti hundaa'uuniidha.[84] Komishiniin dame kibba lixaas bara 2008 ogeessota A/Alangaa 2 dorgommii malee eeruun (recommendation) kan qaxare ta'uun hubatameera. Ramaddii fi qaxarrii ogeessotaa fi hojjatoota komishinii irratti qajeelfamni ifa ta'e hin jiru.[85] Kun immoo namni gahuumsaan osoo hin taanee jaarsummaan akka muudamu taasisaa jira. Hojjatootni waajjirichaa ulaagaa ifa ta'e irratti hundaa'uun kan hin qaxaramne waan ta'aniif ergama manichaa illee galmaan ga'uun rakkoo ta'eera yaadni jedhu jira.[86] Walumaagalatti komishinichi haalli ogeesota itti qacaraa ture adeemsa ifaa fi ulaagaa adda bahee beekamuun irratti hundaa'ee akka hin turre hubachuun ni danda'ama. Kunis haalli qaxarrii ogeessota komishinichi ulaagaa ifaa fi dandeettii bu'ureeffachuun gaggeessuu **gad-aanaa** ta'uu isaat hubachiisa. Kun immoo gama biraan komishinichi ogeessota gahumsa olaanaa qaban haala barbaadamuun akka hin arganne taasiseera.

Agarsiistuun humni namaa komishinii ittiin madaalamu inni biraan ogeessota gahuumsa olaanaa qabaniin guutachuudhani. Gahumsi kunis, hojiilee duula farra malaammaltummaa irratti komishinichi hojjetu hundaan expertoota olaanoo qabaachuun madaalama. Eksipertummaanis gama barumsaan sadarkaa fooyya'aarra jiraachuu fi leenjii addaa dhimma hojjetu irratti eksipertii taasiisu fudhachuun argama. Bu'uura agarsiistuu kanaatiin hojiiwwan hojjetu hundumaa ogeessota eksipertii olaanoo ta'anin kan hojjetu yoo ta'e olaanaa; bakka tokko tokkotti eksipertiin ni hanqata yoo ta'e giddugaleessa; iddoo hedduutti eksipertiin kan hanqatu

[82] Afgaaffii obbo Tasfaayee Katamaa, I/G Garee Inspeekshinii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa waliin gaafa Guyyaa 9/05/2009 gaggeeffame., Efreem Haayilee, Taaddalaa Balaachoo
[83] Tarrafaa Eddoosaa, Tarreessaa Kaasaa
[84] Chaalaachoo
[85] Nabii Bulloo –knfm Shashama 24/05/2009
[86] Asaffaa Gannatii

yoo ta'e ammoo gad-aanaa akka ta'etti madaalama. Gama sadarkaa barumsaa fooyya'aa qabaachuutiin yoo ilaalamu, hojjetotaa mana hojichaa keessa dhibbentaa 8.42% kan ta'an digirii lammaffaa qabu. Digirii jalqabaa kan qaban ammoo 53.37%. Kanneen sadarkaa digirii lammaffaatiin jiranis hojii eksipertummaarra kan hojjetan muraasa. Fakkeenyaaf qorannaa fi himannoo yakka malaammaltummaarra digiri lammaffaan hojii eksipertummaa kan hojjetu hin jiru. Leenjii ispeeshaalayizeeshinii argachuunis mana hojichaa keessatti baay'ee kan hin beekamne akka ta'e namootni af-gaaffiin taasifameef ibsaniiru.

Gahumsaan walqabatee kanneen af-gaaffiin taasifameef gahumsa hojiin farra malaammaltummaa barbaaduu fi gahumsi ogeessota komishinichaa kan wal-gitu akka hin taane ibsu.[87] Akka isaan jedhanitti sadarkaan ogummaa ogeessota mana hojichaa; keessattuu, kanneen mana hojii biroo irraa fudhataman gahumsa addaa iddoo duraan hojjetaa turanirraa adda isaan taasisu argataniiru jechuun kan hin danda'amne ta'uu isaati. Ogeessonni komishinichaas akkuma gara komishinichaatti dhufaniin hojii jalqabuu malee kallattii adda addaatiin ogummaa isaanii cimsuuf wanti hojjetamu hin jiru. Waan ta'eefuu, gahumsi addaa ogeessotni qabaatan kan hin jirre ta'uu isaati. Kun immoo bu'a qabeessummaa yookiin milkaa'ina kommishinichaa irratti dhiibbaa fideera. Keessattuu yeroo JBAH'n mana hojichaa hojjetametti ogeessotni qorannaa fi himannaa irra hojjatan walitti akka makamu ta'eera. Haaluma kanaan ogeessotni ogummaa poolisummaa qaban ogummaa seeraa heedduu osoo hin qabaatiin abbaa alangaa, abbaan alangaas ogummaa poolisummaa osoo hin qabaatiin qorannoo ofumaan akka gaggeessu taasifame. Leenjiin addaas ogeessota kanneeniif hin kennamne; kun immoo bu'qabeessummaa fi gahuumsa ogeessotaa hubeera.[88] Yakka malaammaltummmaa ofumaan qorachuun icciitiin akka hin baanee fi wal eeguun akka hin jiraanne kan taasisu waan ta'eef gaarii ta'ullle, ogummaa hojichaaf barbachisu osoo hin qabaatiin hojjechuun garuu rakkoo qaba.

Dhimma kana irratti komishiiniin naamusaa fi farra malaammalutmma Naannoo Saboota, Sablammootaa fi Ummatoota Kibbaa muuxannoo gaarii qaba. Innis ogeessotni qorannoo fi himannoo akkuma kan Oromiyaatti kan hojjetan ta'ee, abbootii alangaaf ogummaa poolisuumaa leenjisuun dhimmota yakka malaammaltummaa akka qorachuu danda'aniif gahoomsuun gara

[87] Mahammadnur Abbaa Duraa KNFM Jimma, chaalachoo
[88] Yoahannis

hojiitti seene.[89] Kan naanoo keenyaa komishinichi yommuu hojii jalqabu irraa caalmaan namoota ogummaa poolisii qabanii fi hubannoo seeraa olaanaa hin qabneen ture. Abbootii alangaas abbaa alangaa idileerraa kan fudhatan yoo ta'u gahumsa addaa mana hojii komishiniif barbaachisu horachiisuuf leenjiin hojiin duraa kennamuuf hin jiru. Gama biraatiin qorannoos kan gaggeessu abbootiidhuma alangaa komishinii ta'ullee, ogummaa qorannoo yakka malaammaltummaa kan walxaxaa ta'e qulqullinaan qorachuu isaan dandeessisu kennamaa akka hin turre ogeessotni ni ibsu.[90] Kana irraa kan hubatamu ogeessa gahoomsuu irratti hojiin hojjatame laafaa ta'uu isaati. Gama tokkoon leenjiin ogummaa cimsu yeroo yeroon waan hin kennamneef, gama biraan haalli filannoo ogeessotaa rakkoo waan qabuuf eksipertoota olaanoo qabaachuurratti hanqinni jira. Hojiin duula malaammaltummaa irrattii namoota ogummaa adda addaa qaban qabaachuu barbaachisa. Gama kanaan komishinichi ogeessota ogummaa milkaa'ina hojii isaatiif murteessoo ta'an kan akka beekumsa injinaringii, herregaa fi kkf qaban hin qabu. Kun immoo qulqullinaa fi bu'a qabeessummaa hojii komishinichaa miidhaa jira.[91] Yeroo komishiniin deegarsa hojii ogeessota sekteroota biroo fkn odiitera muummichaa gaafatu, gama tokkoon hojii idilee mana hojichaa irratti harkifannaan akka jiraatu kan taasisuu fi komishiniinis galma qorannoo isaatiif qaama biroo irratti akka hirkatu taasiseera. Komishiniin qaamolee haqaa buleeyyii irraa haala adda ta'een hojii qorannoo fi ittisaa irratti kan hojjatan ogeessota hedduu kan isa barbaachisu ta'us, ogeessota kanneeniif xiyyeeffannoon waan kenname hin fakkaatu namoonni jedhanis jiru.[92] Karaa biraatiin ogeeyyiin fooyya'iinsa qabanii fi muuxannoo horatan komishinicha gadi dhiisaa jiru.[93] Gahumsa ogeessota damee cimsuufis ta'e dhimmoota birootiif deeggarsi komishiniin giddugaleessaa dameeleef taasisu laafaadha.[94] Leenjiin addaa gahumsa hojii duula farra malaammaltummaa irratti taasisuuf dandeessisu qaamolee adda addaa kan akka yuunivarsiitii waliin ta'uun akkasumas ogeessotni muuxanno akka fudhataniif biyya keessattis ta'e alaatti taasifamu laafaa waan ta'eef eksipertii gama hundaan olaanaa ta'e horachuu hin dandeenye. Kun immoo qulqullina hojii komishinichaa irratti dhiibbaa fideera.[95] Kana irraa kan

[89] Af-gaaffii Dassaalenyi Wonbagoo, Rahamatoo, qorattoota abbaa alangaa komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa ummmatoota kibbaa, gaafa 25/5/2009.
[90] Amaanoo
[91] Yoahannis, Toofiq
[92] Af-gaaffii Amantee Machaaluu, itti aanaa odiitera muummichaa Oromiyaa gaafa 2/6/2009 gaggeeffame.
[93] Tarrafaa, kataraa, asaffaa, masarat
[94] Af-gaaffii Toofiq Naaduu, hogganaa damee bahaa gaafa
[95] Tarreessaa Kaasaa

ka'e, namoonnii yakka malaammaltummaan himataman yommuu bilisa bahan mul'ata.[96] Bifuma wal fakkaatuun qorannoon Inistitiyuutii saayinsii fi teknooloojii Adaamaatiin gaggeeffames gama hojii ittisaanis ta'e ittigaafatamummaa mirkaneessuutiin kan jiru laafaa ta'uu agarsiise. Kun immoo gahumsaanis dhimma walqabatuudha.

Gama ittisaanis ogeessota leenjii hubannoo kennan dandeettii isaanii cimsuuf leenjiin leenjii gahaa akka hin argannee ibsu. Akka yaada ogeessotattii leenjiin darbee darbee KNFM federaalaan qophaa'u jiraatus gahaa miti.[97] Qaamoleen leenjii kennuuf hundaa'an adda addaa komishinicha waliin hojjataa hin jiran. Keessumattuu leenjii leenjistootaa kennuu fi qopheessa materialii leenjii irratti komishinichi deeggarsa barbaadu argachaa akka hin jirre ogeessonni ni ibsu.[98] Gama ogeessota qoranno hojjetaniinis leenjii sadarkaa isaa eeggate haala qorannoon itti gaggeeffamurratti yunivarsiitotaan kennamu argachuu irartti hanqinni jira. Leenjiin isaan argatanis yoo komishiniin federaalaa waame malee komishinichi kaka'umsa ofii isaatiin gahumsa hojii akka cimsataniif wanti tattaaffii taasisu hin mul'atu. Ogeessotni muuxannoo fi tattaaffii ofii isaaniitiin kan hojjetani ta'uu ibsu.[99] Walumaagalatti ogeessa gahoomsuu irratti hojiin hojjatame laafaadha. Kun immoo komishinichi humna namaa gahaa ta'e guuttachuu dhabuu qofa osoo hin taane kanuma qabullee gahoomsaa deemuu irratti laafinni jiraachuu agarsiisa. Leenjiin gama mana hojichaan kennamus baay'een isaa hubannoo waliigalaatiif kan barbaachisaniidha. Gabaasni waggaa[100] komishinichaas leenjii hojjetoota isaatiif kenname jechuun kan teechisu dhimoota teknikii dandeettii hojii ogeessotaa cimsurratti osoo hin taane akkuma waliigalaatti hubannoon dhimmichaa ni barbaachisa jedhamee akka mootummaatti waan kennamu irrattiidha. Walumaagalatti dhimmoota ijoo hojii komishinnichaa kan ta'an ittisa irrattis ta'e qorannoo irratti eksipertii olaanoo ta'an qabaachuun yoo madaalamu, sadarkaa barumsaa

[96] Af-gaaffii komaandar Hayiluu Qixoo, hogganaa komishinii mana amala sirreessaa godina Wallagga Bahaa, gaafa 15/5/2009 gaggeeffame.

[97] Af-gaaffii Alamuu Hayiluu ogeessa barumsa naamusaa komisinii damee giddugaleessa bahaa, gaafa 27/6/2009 gaggeeffame.

[98] Toofiq Naaduu, hogganaa damee bahaa gaafa

[99] Af-gaaffii Itichaa Fufaa, garee qorannoo fi hordoffii komishinii giddugaleessaa irraa, gaafa 26/6/2009 gaggeeffame.

[100] Fakkeenyaaf bara 2006 leenjii dandeettii cimsu jedhamee hojjetoota komishinichaatiif marsaa adda addaatiin kennama ture. Leenjichis mata durewwan akka ijaarsa mootummaa misoomawaa fi dimokraatawaa, paakeejii meeshaalee jijjiiramaa akkasumas tarsiimoo kiraa sassaabdummaan ittiin gogfamu kan jedhu irratti. Bara 2007 keessattis gabaasni kan agarsiisu, leenjiin dandeettii raawwachiisummaa hoggansaafi hojjetota komishinii cimsuuf jedhamee dhimmoota akka: toora haaromsa biyyaa fi gahee siivil sarvaantii, hojiirra oolmaa bulchiinsa gaarii, sekulaarizimii fi hojiirra oolmaa paakejii meeshaalee jijjiiramaa jedhurratti kennamuu ibsa. 2008 keessa ogeessota himannoo fi qorannoo sadiif leenjiin kan keenameera.

hojjetoota, carraa leenjii manni hojichaa haala mijeessuun dandeettii isaanii akka cimsatan taasisuu irratti hojjiin hojjetame xiinxala olii irratti hundaa'uun giddugaleessa jechuun ni danda'ama.

Agarsiistuun biraa humni namaa ittiin madaalamu, hanga humna namaa mana hojichaa gad-lakkisuunii dha. Waggaan namootni mana hojichaa gad-lakkisan dhibbentaa 0-5% yoo ta'e, gad-aanaa; dhibbentaa 5-10% yoo ta'e giddu galeessaa; dhibbentaa 10% ol kan gad-lakkisu yoo ta'e olaanaa akka ta'etti maadalama. Daataan human namaa komishinii bu'uura oliitiin yoo madaalamu kan agarsiisu humni namaa waggaan mana hojichaa gad-lakkisu (turnover rate) giddu-galeessaa ta'uu dha. Fakkeenyaaf bara 2006 keessa humna namaa manni hojichaa qabu 163 keessaa namootni 9 mana hojichaa kan gadi-lakkisaniiru. Kun immoo dhibbentaan yoo shallagamu 5.52% ta'a. Bara 2007 keessa hojjetoota mana hojichaa 187 keessaa namotani 10 mana hojichaa gad-lakkisaniiru. Kunis dhibbentaan yoo ilaalamu 5.37% ta'a. Bara 2008 keessa namoota 223 keessaa namootni 18 mana hojichaa gad-lakkisaniiru. Hangi gad-lakkises dhibbentaan yoo shallagamu 8.07% dha. Giddugaleessaan baroota kana sadan keessatti humni namaa mana hojichaa gad-lakkisa dhibbentaa 6.32% dha. Kun immoo akka qajeeltoo kanaatiin yoo ilaalamu hangi hojjetaa waggaan mana hojichaa gad-lakkisuu 5-10% keessatti kan argamu waan ta'eef hangi hojjetanaan mana hojichaa irratti of gatee taa'u giddu-galeessa jechuudha. Kun immoo milkaa'inaa fi galma gahiinsa kaayyoo komishinichaatiif gufuu guddaa dha. Dhimmootni akka mijaa'ina naannoo hojii, giddu-lixxummaan jiraachuu, namoota gahumsa horatan mana hojichaa gad-dhiisanii akka deemana taasisaa kan jiru ta'uu isaati.

### 3.2.2 Baajata

Fiixaan bahiinsa duula malaammaltummaa irratti taasifamuuf bajatni murteessaadha. Duula malaammaltummaa irratti jalqabame sirnaan raawwachuuf danqaa guddaa nutti ta'e jedhee komishiniin kan himatu keessaa hanqinni bajataa isa tokko.

Agarsiistuun bajatni gahaan komishiniif kan ramadamuu ta'uu fi ta'uu dhabuu ittiin madaalamu, bajata biyya/naannoo tokkoof waggaan ramadamu keessaa dhibbentaa komishiniif ramadamuuni

dha.[101] Akka qajeeltoo dhaabbatni Traanispaarentii Internaashinaal jedhamu dhaabbillee farra malaammaltummaa jajjabeessuuf baaseetti; bajatni gahaan dhaabbilee fara malaammaltummaaf ramadamu olaanaa, giddu galeessa fi gad-aanaatti qoodama. Kunis kan irratti hundaa'u, averejjii bajata biyyaa akka waliigalaatti qabamee fi kan dhaabbilee farra malaammaltummaaf ramadamu dhibbentaan shallaguunii dha. Bu'uura kanaan bajatni olaanaan dhaabbilee farra malaammaltummaa ni ramadama kan jedhamu bajata waliigalaa biyyattii keessaa dhibbenttaan 0.20% ol dhaabbilee kanaaf ni ramadama yoo ta'eedha. Dhibbentaa 0.10%-0.20% yoo ta'e giddu-galeessa. Dhibbentaa 0.10% gad yoo ammoo bajatni gad-aanaan kan ramadamu ta'uu agarsiisa. Bu'uura kanaan bajatni KNFMO tiif ramadamu maal akka fakkaatu gabateen teechifameera.

| TL | Bara bajataa | Bajata M/Naannoo Oromiyaa | Bajata KNFMO tiif ramadame | %ajata mirkanaa'ee |
|---|---|---|---|---|
| 1. | 2006 | Bil 26 fi Mil 700 ol | 17,508,483 | 0.065% |
| 2. | 2007 | Bil 31 fi Mil 600 ol | 19,721,927 | 0.062% |
| 3. | 2008 | Bil 42 fi Mil 900 ol | 29,533,681 | 0.068% |

**Gabatee 2**. Gabatee bajata MNO waliigalaa fi KNFMO baroota 2006-2008 agarsiisu.

Gabatee kun madaallii isa xiqqaa/gad-aanaa fudhachuun haalli ramaddii bajata komishinii maal akka fakkaatu xiinxale. Bu'uura madaallichaatiin bajatni komishinichaaf ramadamu baroota sadanuu keessatti gad-aanaadha. Kanarraa wanti hubannu komishinichi rakkoo hanqina bajataa hamaa qabaachuu isaati. Af-gaaffii taasifameenis ramaddiin bajataa harki caalaan sekteroota akka mootummaatti xiyyeeffannoon kennameef: kanneen akka Qonnaa, Fayyaa, Bishaanii, Daandii fi Barnootaaf malee kanneen biroo, komishinii dabalatee xiyyeeffannoon addaa akka hin kennamneef hubatameera.[102] Yeroo tokko tokko gaaffii bajataa manneen hojii dhiyeessan itti amanameelle hanqina risoorsii irraa ka'uun haala barbaadameen ramaduufiin kan hin danda'amne akka ta'e ibsame. Gama biraatiin, malaammaltummaan guddina diinagde biyya tokkoo irratti dhiibbaa hamaa akka qabu beekamaadha. Malaammaltummaa yeroo amma babal'ataa jiruu fi siyaas-diinagdee biyyaa raasaa jiru sirnaan to'achuun yoo hin danda'amne

[101] Jon Quah (2015), anti-corruption agencies strengthening initiative guide part 2 p 34.
[102] Af-gaaffii Ascannaaqii Disaasaa, biiroo maallaqaa fi misooma dinagdee Oromiyaatti daarektoreetii karoora, hordoffii fi gamaggamaa, gaafa 6/6/2009 gaggeeffame.

sekterootni hiyyummaa hir'isu jedhamee bajatni fooyya'aan ramadamuuf illee galma barbaadame bira gahuu irratti ni rakkatu. Malaammaltummaa irratti duuluuf immoo bajatani murteessaadha. Kun immoo karaa biraan akkuma sekteroota xiyyeeffannoo argatanii komishiniifillee xiyyeeffannoo kennuufii kan barbaachisu ta'uu isaati.

Hanqinni bajataa komishinii keessatti karaa adda addaan mul'ata. Fakkeenyaaf waajjirri komishinichaa kutaalee hojiif ta'an gahaa fi mijataa illee kan hin qabneedha.[103] Hanga ta'e fooyyee kan qaban komishinii dameelee keessaa kan giddu-galeessaa bahaa (Adaamaa) fi kan Kibba Lixaa (Jimmaa) irraa kan hafe haalumti teessumaa (iddoon argamaa) waajjira komishinillee hawaasaaf ifatti kan argamu miti. Kutaa waajiiraa gahaa dhabuu irraa kan ka'e dokumentiiwwan bu'aa hojii komishinichaa ta'anille iddoo sirnaan itti teechifaman dhabanii miidhaan irra gahaa jira. Keessattuu sanadootni qabeenyi irratti galmaa'e iddoo kaa'aman dhabamee lafatti babbadaa jiru.[104] Komishiniin meeshaalee hojiif barbaachisan kan akka konkolaataa fa'a osoo hin qabaatin hojii walxaxaa fi balaaf nama saaxilu hojjataa jira. Kunis bu'aa qabeessummaa isaa irratti dhiibbaa guddaa fidee jira.[105] Hojjatoota komishinichaaf haalli mijataan akka hin guunne kan hubatan ta'uu, namoonni afgaaffiin godhameef ni ibsu.[106] Hojiin komishinichi akka hojjatuuf aangeffame baay'ee bal'aa ta'us deeggarsi gama baajataa fi meeshaalee hojiitiin komishinichaaf godhame kanaan kan walgitu miti.[107] Hojiilee komishinichaa raawwachuuf hanqinni baajataa olaanaan waan jiruuf deeggarsa qaamolee adda addaa irraa yommuu gaafatan ni jira. Kun immoo deebisee bilisuummaa fi al-loogummaan hojjechuu kimishinichaarratti dhiibbaa akka hin uumne ni sodaatama.[108] Hojiiwwan ittisa yakka malaammaltummaaf karoorfamanii hanqina bajataa irraa ka'uun haalli itti hin raawwatamiin hafan ni mul'ata. Fakkeenyaaf bara bajataa 2008 keessa qindeessitoota Raayyaalee Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa dubartootaa, Dargaggootaa fi IMX **1725** ta'aniif akkaataa naamusni itti idilaa'uu fi ga'een raayyaalee kanneenii qabsoo farra malaammaltummaa keessatti qaban maal akka ta'e hubachiisuuf karoorfamee; qindeessitoota **505 qofaaf (%29.27)** leenjii hubannoo keenname. Akkaataa karooraan raawwatamuu kan dhabe rakkoo hanqina bajataa jiru irraa

[103]Damoozee Maammee, Asaffaa Gannatii, Kataraa, Asaffaa
[104] Daani'eel
[105]Damoozee Maammee, Isheetuu Dasee, All employees of knfm Intervwied
[106] Afgaaffii obbo Tasfaayee Katamaa, I/G Garee Inspeekshinii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa waliin gaafa Guyyaa 9/05/2009 gaggeeffame.
[107] Asaffaa Makuriyaa, yohaannis , Toofiq
[108] Toofiq

ka'uunidha.[109] Iddoo hanqinni bajataa komishinicha mudatettis hallii itti komishiniin qisaasamoota mootummaaf galii taasiserraa fayyadamee duula malaammaltummaa irratti cimsuu danda'u hin jiru. Waan ta'eefuu hojii hojjetu irratti hanqinni bajataa yeroo jiraatu karoorfamees haalli itti hin raawwatamiin hafu bal'inaan kan jiru ta'uu isaati. Walumaagalatti bajatni komishiniif ramadamu, bajata naannichaaf ramadamu faana yoo ilaamu baay'ee gad-aanaa dha. Kun ta'uun immoo dhimmootni ittisa yakka malaammaltummaaf karoorfaman hanqina bajataarraa ka'uun osoo hin raawwatamiin iddoon itti hafan kan jiruu fi kunimmoo komishinichi bu'a qabeessa akka hin taane kan taasisuu fi milkaa'ina komishinichaatiin rakkoo hamaa ta'uu isaati.

Agarsiistuun bajatni komishinii gahaa ta'uu fi dhiisu, akkasumas bilisummaa bajataa qabaachuun ittiin madaalamu, hanga komishinichi gaafatuu fi dhibbentaa mirkanaa'uufiniidha. Qajeeltoo kana irratti hundaa'uun kan gaafatame keessaa dhibbentaan 80%-100% kan mirkanaa'u yoo ta'e olaanaa; 66%-79% yoo mirkanaa'e giddu galeessa; %66 gadi kan mirkanaa'u yoo ta'e gad-aanaa dha. Bu'uura agarsiistuu kanaan bajatni KNFMO haala gadiitiin taa'eera.

| TL | Bara bajataa | Bajata Komishiniin gaafate (Qar.) | Bajata KNFMO tiif ramadame (Qar.) | Hanga mirkanaae parsantii dhaan |
|---|---|---|---|---|
| 1. | 2006 | 32,000,000 | 17,508,483 | 54.71% |
| 2. | 2007 | 37,096,097 | 19,721,927 | 53.16% |
| 3. | 2008 | 48,900,000 | 29,533,681 | 60.39% |

Gabatee 2. Gabatee hanga bajata komishiniin akka ramadamuuf gaafatee fi ramadame agarsisu.

Gabatee oliirraa hubachuun akka danda'amu baroota sadanuu keessatti bajatni komishiniif mirkanaa'e dhibbentaan yoo madaalamu gad-aanaa dha. Kana jechuun komishinichi bajata gaafatu mirkaneeffachuuf kan rakkatu ta'uu isaati. Kun immoo karaa biraatiin bilisummaa bajataa komishinichi kan hin qabne ta'uu namatti agarsiisa. Gama tokkoon komishinichi hojii isarraa eegamuu fi aangoo kennameef raawwachuuf kan rakkatu ta'uurra darbee qaama bajata ramaduufillee waan sodaatuuf bilisummaan hojii isaa hojjechuuf ni rakkata. Bajata hojiif barbaachisu mirkaneeffachuu danda'uu irratti Komishiniin Naamusaa fi Farra

[109] Gabasa raawwii karoora waggaa KNFMO bara 2008 fuula 9.

Maalaammaltummaa Naannoo Tigiraay muuxannoo gaarii qaba. Mootummaan naannichaas kutannoo duula malaammaltummaa irratti qabu bajata komishinichi gaafatu mirkaneessuun agarsiisa. Komishinichi gama bajataan rakkoo akka hin qabnee fi hanga inni gaafatu kan mirkanaa'uuf ta'uu ogeessotni mana hojichaa ibsaniiru.[110] Hojii bu'a qabeessa hojjechuuf bajatni murteessaa ta'us, agarsiiftuwwan olitti ibsaman lammaniin yoo madaalamu bajatni KNFMO gad-aanaa akka ta'e hubatameera. Bilisummaa bajataa fi bajata hojii duula malaammaltummaa irratti taasisuuf dandeessissu osoo hin qabaatiin hojicha milkeessuun ni danda'ama jechuun rakkisaadha.

Agarsiistuun biraa bajatni komishinii ittiin madaalamu dhaabbataa fi itti fufiinsa kan qabu ta'uu isaatiini. Gabatee oliirraa hubachuun akka danda'amu, bajatni komishinii bara baraan ramadamu dabalaa kan deemu dha. Bu'uura agarsiistuu kanaatiin bajatni komishinichaa bara isa duraa irratti hundaa'uun hir'ataa kan hin deemne waan ta'eef madaalliin isaa olaanaa dha. Haata'u malee agarsiistuun kun kophaa isaa of danda'ee kan dhaabbatu osoo hin taane kanneen duraa lamaan; bajata akka biyyaattii fi komishiniif ramadamu madaaluun gahaa ta'uu fi dhabuu isaa akkasumas hanga komishinichi hojiif gaafatu hangam akka mirkanaa'u waliin ilaalama. Bu'uura kanaan yoo ilaalamu, agarsiistuwwan akka bajatni olaanaan ramadamuu fi bajatni hojiif komishiniin gaafatu kan mirkaneeffamuuf waan hin taaneef hangi ramadameef isa bara darbeera hir'achuu dhabuu (figure) qofarratti hundoofnee kallattiin bajata komishiniiif ramadamuu olaanaa jechuun hin danda'amu. Gama biraan yakki malaammaltummaa hammayyaa'aa, walxaaxaa fi ijoo dhokfatee babal'ataa kana dhufe waan ta'eef humna isa kana cabsuu danda'u dabalaa deemuun murteessaadha. Kanaanis hojii haraa, tooftaa addaa fi gahumsa hojjetoota isaa haala yeroo waliin deemu horachaa deemuuf gargaara. Kanaafuu, dabalaa deemuun bajata mana hojichaa gama tokkoon komishinicha jajjabeessaa deemuu yoo fakkaatelle durumaanuu kan ramadamaa ture gahaa waan hin turreef gahaadha jechuun kan hin danda'amne ta'uu isaati.[111]

Daataan bar-gaaffiin argames hanqinni bajataa rakkoo hamaa komishinii ta'uu agarsiisa. Hanqinni baajataa fi meeshaalee hojii dhimmota milkaa'ina hojii komishinichaatti gufuu ta'an

[110] Af-gaaffii Hagos G/kiristoos, Abbaa adeemsa hojii ijoo qorannoo fi himannaa yakka malaammaltummaa komishinii naamusaa fi fara malaammaltumma naannoo Tigiraay, gaafa 5/7/2009 gaggeeffame.

[111] Fakkeenyaaf, gabaasa raawwii karoora KNFMO bara 2008 irratti qondaaltota naamusaa fi fookaal parsanoota gamtaa farra malaammaltummaaf akkaataa karoorfameen hubannoo seera kennuuf hanqinni bajataa mudateen raawwiin akka gad bu'e gabaasicha fuula 10 irratti ilaaluun ni danda'ama.

jedhamaniin hojjetoota komishinichaatiin sadarkeeffaman keessaa sadaffaa (3ffaa) irratti argama. Kunis namootni bargaafficha guutan cimina rakkichaa irratti hundaa'uun qabxii isaan kennan walitti ida'amee qabxii **271** argachuunidha. Hanqinni bajataa kunis rakkoowan milkaa'ina hojii komishinichaatti gufuu ta'an jedhamanii hojjetoota komishinichaatiin sadarkeeffaman keessaa kanneen sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa irratti argaman; '**rakkoo hanqina humna nama fi giddu lixummaa hooggansaa fi qaamolee biroo**'; walduraa duubaan qabxii (**312** fi **296**) argatanitti aanee 3ffaa argama. Walumaagalatti xiinxala daataa af-gaaffii fi bar-gaaffiitiin komishiniin hanqina bajataa hamaa akka qabuu fi deeggarsi gama loojistikiitiinis kan hin jirre ta'uun hubatameera. Kun immoo gama biraatiin milkaa'ina hojii komishinichaa irratti gufuu guddaa ta'eera.

### 3.3 Qindoomina Komishiniin Qaamolee Biroo Waliin Qabu

Hayyuun 'Meagher' fi 'Voland' jedhaman milkaa'inni dhaabbilee farra malaammaltummaa qindoomina qaamolee mootummaa fi dhabbilee adda addaa waliin qaban irratti hundaa'a jedha. Sababni isaas tarsiimmowwan farra malaammaltummaaf tajaajila waldeeggaranii hojjechuu feesisa waan ta'eefi dha. Qindoominni kunis deegarsa sekterootni mootummaa kanneen akka waajjira haqaa, manneen murtii, waajjira poolisii waliif taasisan; dhaabbilee kaayyoo wal fakkaataaf hojjetan kan akka ooditera muummichaa, Abbaagaar, abbaa alangaa fa'a waliin qindoomina jiru; dhaabbilee miti mootummaa waliin qindomina qabaachuu; networkii fi hirmaannaa dhaabbilee farra malaammaltummaa akka idil-addunyaatti jiran waliin qabaachuu; dhabbilee farra malaammaltummaa biyya biroo waliin qindoomina qabaachuun madaalama. Qindoominni dhimma malaammaltummaa irratti haala kamiiniyyuuwaliin duuluu dha. Kunis isa xiqqaa eeruu gara komishiniitti fiduu irraa jalqaba.

Hanga barbaadame ta'uu baatus komishiniin sekteroota mootumaa adda addaa waliin qindoominaan hojjechuutti jira.[112] Akka agarsiiftuu tokkootti qindoominni jiraachuu eeruwwan adda addaa qaamolee gara garaa irraa gara komishiniitti dhufan irraa hubachuun ni danda'ama.

[112] Afgaaffii Inspeektaar Alamuu Guyyaasaa A/Ad/ Xi/Q/Taaktikaa Qa/Po/Bul/Magaalaa Naqamtee waliin gaafa 115/05/2009 taasifame.

Eeruwwan dhiyaatan heedduun fedhii dhuunfaa kan of keessa qaban yoo ta'ellee, yeroo ammaa namooti eeruu gara komishiniitti fiduu eegalanii jiru.[113] Hanqinootni yoo jiraatanis qaamolee haqaa waliin qindoominni jiru gaariidha. Qaamoleen haqaa fkn, poolisiin komishinicha haala gaariin iddoon itti deeggaru jira.[114] Sektera haqaa kan hin taane kan akka waajira abbaa taayitaa galiwwanii waliin gindoominni komishiniin qabu gaariidha. Fakkeenyaaf akka godina Harargee Lixaatti dhimmoota yakka malaammaltummaa dhimma galii waliin walqabatu osoo qorataa jiranii yoo isaan mudate dhimmicha ragaa barbaachisaa of harkaa qabanii waliin gara komiishiniif dabarsuun akka jiru hubatameera.[115] Akka fakkeenyaatti dhimma Yuuraappii dhaabbata ijaarsaa Hyper jedhamuun aanaa Bookee keessatti hojjetamu maashinarii hojichaaf barbaachisu osoo hin kireeffatiin kan kirreeffate fakkeessuun kaffaltiin akka raawwatamuuf taasisuun miidhaa mootummaa irratti geessisan jedhame gama abbaa taayitaa galiwwaniitiin eeruu fi ragaa hanga ta'e waliin komishiniif kennameera. Dhimmootni ka'an kunniin qindoominni qaamolee kana gidduu jiru gaarii ta'uu agarsiisu. Kana jechuun garuu qindoominni komishinii fi abbaa taayitaa sadarkaa barbaadamerra gaheera jechuu miti. Yeroo itti komishiniin dhimoota osoo add hin baasiin of bira tursisee erga ragaan bade gara abbaa taayitaa galiitti deebisu jira. Fakkeenyaaf galmee Amsaaluu Naadoo fa'a N-5 vs A/Alangaa Galii bara 2004; dhimmicha komiishiniin jalqabanii bara 2008 gara abbaa taayitaa galiiwwaniitti dabarsan. Haa ta'u malee ragaan yakkicharratti dhiyaatan waan badaniif, himannaa banuuf baay'ee rakkisaa ture.[116] Kun immoo qindoominni akka laafuu fi waldeeggaraanii hojjechuu irratti rakkoo fida.

Komishiniin qondaalota naamusaa waliin hojii duula malaammaltummaa irratti gaggeessaa jira.[117] Keessattuu hojii qabeenya galmeessisuu fi leenjii hubannoo kennuu irratti hedduminaan komishii waliin hojjetaa akka jiran qondaalotni naamusaa af-gaaffiin waliin taasifame ibsaniiru.[118] Qondaala naamusaatiin walqabatee rakkoowwan jiran; kanneen akka dhiibbaa

[113] Afgaaffii obbo Filee Bittagaz, Qindeessa Bulchinsa human namaa waajjira paapliik Sarvisii Godina Harargee Lixaa waliin gaafa Guyyaa 8/05/2009 gaggeeffame.
[114] Toofiq
[115] Af-gaaffii Abduraamaan Abbaamaccaa, Abbaa Alangaa Abbaa taayitaa galiiwwan godina Harargee Lixaa, gaafa 8/5/2009 gaggeeffame.
[116] Alamaayyoo tarafaa
[117] Af-gaaffii Habtee Xibabuu, qondaalla naamusaa waajira bulchiinsa godina Wallaga Bahaa, gaafa 16/5/2009 gaggeeffame.
[118] Af-gaaffii Shifarraaw Bashaa, qondaala naamusaa bulchiinsa godina Harargee Lixaa, Darajjee Abbabaa, qondaala naamusaa wajjira haqaa godina Wallagga Bahaa, Habtee Xibabuu, qondaalla naamusaa waajira bulchiinsa godina Wallaga Bahaa gaafa 16/5/2009 gaggeeffame.

hongasaa mana hojii qondaala naamusaatiin hojjeticha irratti gahu, bu'uura dambii qondaala naamusaatiin ramaduu dhabuu, nama gahumsaa fi mooraalii hojii farra malaammaltummaa hin qabne ramaduu, faayidaa fi sadarkaa dambiin qondaala naamusaa jedhuun qondaala naamusaa ramaduu dhabuu fi kanneen ramadamanis bu'uura dambii qondaala naamusaatiin faayidawwan qondaala naamusaatiif malu guutamuu dhabuun hedduminaan mul'ata. Gama biraatiin komishiniin rakkowwan qondaala naamusaa kana furuuf hojiin hojjete laafaa dha. Kunis karaa biraatiin walta'iinsi isaanii akka laafu taasisa.

Af-gaaffii taasifameen qindoominni komishiniin qaamolee adda addaa waliin qabu laafaa ta'uu kanneen kaasan heedduudha. Fakkeenyaaf, akka mana murtiitti komishinii fi inspekshiniin rakkoowwan malaammaltummaa irratti waliin hojjechaa akka hin jirre ibsame. Inspeekshiniin dhimma muudamtoota, keessattuu abbootii seeraa rakkoo naamusaa raawwatan qorachuun tarkanffiin akka gumiin irratti fudhatamu ni godha. Dhimmoota naamusaa kanneen keessa wantootni malaammaltummaa of keessaa qaban hedduun kana mul'atan ta'u illee komishiniin fudhatee gara seeraatti dhiyeessuu hin dandeenye. Fakkeenyaaf, dhimma Abbaa Seeraa Aanaa Xuulloo aangoo isaatti seeraan ala fayyadamee mana gandaa keessaa nama baafate komishiniif eeruun kennamus itti deemuu hin dandeenye.[119] Gama kanaan komishiniin mana murtii waliin walitti hidhamiinsa homaatuu hin qabu. Gabaasa waliif dabarsuun hin jiru.[120] Gama biraatiin hariiroon mana murtii waliin jiru laafaa ta'uu falmiin yakka malaammaltummaa garmalee lafarra akka harkifatu taasisuun mul'ata. Fakkenyaaf dhimma tokko[121] irratti beellamni gaafa 22/01/2006 jalqabee gaafa 10/06/2009, beellama 53$^{ffaa}$ irratti waggaa sadii booda xumura argate. Kanarraa kan hubatamu galmichi osoo addaan hin citin waggaa sadii fi ji'a 5 caalaa ilaalamaa kan ture ta'uu isaati. Yakkoonni malaammaltummaa uumama isaaniin walxaxoo fi kan yeroo fudhatan ta'us, sababoonni garaa garaa falmiin akka gar-malee lafarra harkifatu taasisanii jiru. Sababoota kanneen keessaa tokko adeemsi fi tajaajilli Mana Murtii keessa jiru si'aawaa ta'uu dhabuun qooda qaba. Fakkeenyaaf, dhimmaa olii keessatti manni murtii sababoota adda addaa (akka Abbaan seeraa waan hin argamneef, dhaddachi waan hin guunneef, galmeen dhaddacha irratti waan dhiyaateef, hojiin waan baay'atee, sagaleen ragaa maashiniirraa gara barreeffamaatti

[119] Afgaaffii obbo Tasfaayee Katamaa, I/G Garee Inspeekshinii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa waliin gaafa Guyyaa 9/05/2009 gaggeeffame.
[120] Afgaaffii Obbo Jamaala Kadir Aseeraa fi Inspeektara MMwo waliin afgaaffii gaafa 01/06/2009. Taasefame.
[121] Lakk.Galmee 11311 irratti sababoota adda addaa dhama qabeessa hin taaneen galmeen beellama 53ffaa irratti xumura aragate.

waan hin jijjiramnee fi kanneen biroo) caqasuun beellama yeroo 15f irra deebiin beellamee jira. Kun immoo harcaatiin ragaa falmitootaa illee akka uumamu taasiseera. Abbootiin alangaa fi Abukaatonis beellama irratti waan irraa eegamu osoo hin raawwatin dhufuun akka dheeratuuf gaafachuun ni mul'ata. Kun immoo gama biraatiin hariiroon jarreen kana lamaam jiru qindoomina gaarii akka hin taane agarsiisa.

Komishinichi hojii itti gaafatamummaa mirkaneessu keessatti qaamolee haqaa naannoo fi kan federaalaa waliin rakkoon qindoominaa akka isa mudataa jiru. Manni Amala Sirreess Qilinxoo himatamaa mana amala sirreessaa jiru, ajaja mana murtii federaalaa malee akka dhaddachatti hin dhiyeessuu ykn kennuu waan didaniif beellamni dhimmichaa yeroo 7f irra deddeebiin dheeratee jira. Dhimmuma kana keessatti komishiniin poolisii Oromiyaa fi komishinichi dhimma himatamaa dhiyeessuu irratti hanqina jiru tokko kan biraa irratti qabaachuun kan jiru ta'uun hubattameera. kun immoo qindoominni komishiniin qaamolee adda addaa waliin qabu laafaa ta'uu agarsiisa. Qindoominni komishinnii fi qaamolee haqaa naannicha keessa jiraanii waliin qabu hanga ta'e gaarii ta'us kanneen naannichaan alaatiin qindoominni jiru baay'ee laafaadha. Fakkeenyaaf, qaamoleen haqaa bulchiinsa magaalaa Finfinnee dhimmoota gargaarsa gochuu qaban irratti yommuu gargaaruu didantu mul'ata. Naannoleen tokko tokko immoo shakkamtoota yakka malaammaltummaa naannoo isaanii keessa jiran dabarsanii kennuuf fedha hin qaban. Hunda caalaa immoo adeemsonni adda addaa komishinii keessa jiran hojii akka waliigalaa malaammaltummaa ittisuu fi itti gaafatamummaa mirkaneessuuf hojjatamu irratti qindoominni jiru laafaa dha. Kutaan ittisaa waan hojjatu kutaan qorannoo fi qo'annoo hin beeku Hojiin komishinicha keessatti hojjatamu carraaqii nama dhuunfaatiin yoo ta'e malee walgargaarsi fi miirri garee hin mul'atu.[122] Kun immoo qindoominaan hanga barbaadame kan hin jirree ta'uu fi milkaa'ina komishinichaarratti dhiibbaa kan uumu ta'uu isaati.

Komishinichi humna namaa ogeessota adda addaa of keessaa hin qabu waan ta'eef hojii isaatiif deeggarsa qaamolee sektera haqaatiin alaas ni barbaada. Deeggarsa qaamolee adda addaa kan barbaadu ta'us qindoominni qaamolee kanneen waliin jiru lafaa dha. Walitti dhufeenyi komishinichi qaamolee biroo waliin qabu laafaa ta'uun hojii duula malaammaltummmaa irratti taasifamutti gufuu ta'a. Akka barbaadametti qaamolee biroo waliin ta'uun hojjechuurratti

[122] Kataraa

hanqinni akka jiru kanneen ibsan[123]; wajjiraaleen mootummaa hedduun isaanii komishinicha waan sodaataniif akka barbaadametti walitti dhufeenya uumanii waliin hojjechuurratti qaawwi akka jiru kaasu. Fakkeenyaaf, walitti dhufeenyi komishinii fi odiiteroota keessaa manneen hojii mootummaa adda addaas ta'e kan odiitera muummichaa cimaa miti.[124] Wal qunnamtiin komishinii fi qaamolee odiitii yeroo eeruun komishinicha gahe odiitiin kan wal qabatu ta'e malee, argannowwan yeroo yerootti odiitii gaggeessuun argaman komishinii kennuun hin jiru. Qaamoleen odiitii gaggeessan hojmaatni komishinii waliin walitti isaan hidhu waan hin jirreef argannowwan isaanii gabaasuufii akka hin dandeenye ibsu.[125] Walitti dhufeenyi komishinii fi odiitii laafaa ta'uurraa kan ka'e qisaasamoota odiitii gaggeeffamuun argaman deebisiisuu fi tarkaanfii ittigaafatamummaa yakkaa mirkaneessuurratti laafinatu jira.[126] Gama biraatiin qindoominni bakka jiruttis yakkootni malaammaltummaa adda addaa raawwatamuun yommuu shakkamu komishiniin hojii odiitii akka gaggeeffamu ni gaafata. Gaaffileen yeroo ammaa komishinicha irraa dhufaa jiran baay'ataa waan dhufaniif yeroon deebii kennuun rakkisaa ta'ee jira. Hojii idilee waajjira qaamolee deeggarsa akka taasisaniif gaafatame irrattille dhiibbaa uumaa jira.[127] Yeroo ammaa hojiin qorachuus ta'ee himachuu baay'inaan raawwatamaa kan jiru qaamolee haqaa kanneen akka poolisii fi waajjira haqaatini.[128] Komishiniin qaamolee biroo waliin qindoomee hojjachuu irratti kaka'uumsa guddaa hin qabu. Yommuu gargaarsa gaafatamees deebii hatattamaa kennaa hin jiru.[129] Qaamoleen ragaa adda addaa gaafataman fkn kan akka oditii, ijaarsaa faa baay'ee turanii waan deebi'aniif hojii ariitiin hojjachuun hin danda'amnu.[130]

[123] Af-gaaffii Damballaash Tashoomaa, Abbaa adeemsa bulchiinsa qabiyyee lafa magaalaa Ejensii Misoomaa fi Manaajimentii lafa magaalaa godina Harargee Lixaa, gaafa 8/5/2009.
[124] Af-gaaffii Bafiqaaduu Yimanuu, qindeessaa odiitii keessaa waajjira maallaqaa fi misooma diinagdee godina Jimmaa, Abbabaa Katamaa, raawwataaa odiitii keessaa waajjira mallaqaa fi misooma diinagdee godina Jimmaa, gaafa 17/5/2009; Amantee Machaalu, ittaanaa odiitera muummichaa Oromiyaa, gaafa 2/6/2009 gaggeeffame.
[125] Af-gaaffii Kuniisii Badhaasoo, qindeessaa odiitii keessaa waajjira maallaqaa fi misooma dinagdee godina Shawaaa Bahaa, gaafa 6/2/2009; Bafiqaaduu Yimanuu, qindeessaa odiitii keessaa waajjira maallaqaa fi misooma diinagdee godina Jimmaa, Abbabaa Katamaa, raawwataaa odiitii keessaa waajjira mallaqaa fi misooma diinagdee godina Jimmaa, gaafa 17/5/2009; Rashiid Hajii, abbaa adeemsa hojii hordoffii odiitii keessaa waajjira maallaqaa fi misooma dinagdee godina Arsii Lixaa, gaafa 24/5/2009 gaggeeffame.
[126] Af-gaaffii Rashiid Hajii, abbaa adeemsa hojii hordoffii odiitii keessaa waajjira maallaqaa fi misooma dinagdee godina Arsii Lixaa, gaafa 24/5/2009 gaggeeffame.
[127] Fiqaaduu Lataa oditara waajjira MWD Godina Wallaggaa Bahaa
[128] Kom. Amsaaluu Kumarraa
[129] Tarrafaa Daffar
[130] Nabii Bulloo –knfm Shashama 24/05/2009

Qaamolee haqaa waliin hariiroo gaarii akka qabu ogeessonni komishinichaa ni ibsu. Ta'us biiroon haqaa yakki malaammaltummaa walxaxaa ta'uu fi rakkoo baajataa akka qaban ibsuun dhimmoota bakka bu'ummaan akka ilaalan kennamaniif hojjachuu irratti fedhii hin qaban.[131] Abbaa alangaa idilee fi komishinii gidduu walitti dhufeenyi hanga barbaadame miti.[132] Iddoo tokko tokkotti hariiroon gaarii[133] kan jiru yoo ta'u; bakka birootti ammoo galmewwan komiishinii ilaallatanillee fuudhuu dhiisuun[134] ni jira. Walitti dhufeenyi komishinii fi waajjira haqaa iddoo laafaa ta'etti galmeewwan yakka malaammaltummaa bakka bu'iinsi yeroo kennamu ofitti fudhachuu dhiisuu fi dhimichi gidduutti burjaaja'aa jiraachuun ibsameera. Iddoo walitti dhufeenyi gaariin jiruu fi qaamolee kun waliin ta'anii hojjetanitti galmeewwan yeroo bakka buufamanittis ta'e yakki malaammaltummaa yoo raawwatame wal-deeggaruun qorannoo gaggeessuun kan jiruudha.[135] Yakkoota malaammaltummaa abbootii alangaa idileetiin qoratamaan abbootii alangaa komishinii fi kan idilee gidduu walitti deddeebisuun ni jira. Yeroo tokko tokko dhimmoota bakka bu'iinsaan abbaa alangaa idileetiif kennaman komishiniin ofumaa qabachuun, yeroo kaan ammoo dhimmuma bakka bu'iinsa kenname keessatti hin hammatamne bakka bu'iinsa addaa jedhanii kennuun ni mul'ata. Dhimmoota komishinichi bakka bu'iinsaan kennu yookiin fudhatu cimina yakkichaa irratti hundaa'ee osoo hin taane fedhii komishinii giddu galeessa godhatee akka ta'e kanneen af-gaaffiin taasifameef ni ibsu.[136]

Qaamoleen mootummaa komishinicha waliin qindaa'uun hojjachuu irratti fedhiin jirus gadi aanaa ta'uutu ka'e. Fakkeenyaaf, qaawwi hojmaataa malaammaltummaa karaa banu akka cufamuuf qo'annoo hojmaataa gaggeessuufis ta'e bu'aa isaa hojiirra oolchuuf fedhiin jiru xiqqaadha.[137] Dagaagina naamusaa irrattis qaamoleen gumii fi raayyaa farra malaammaltummaa seektarootaa fi waldaalee adda addaa keessatti sirnaan hin hundeessan. Gabaasa sobaa

[131] Waarkaayee
[132] Af-gaafii Miidhaksaa Agaruu, abbaa alagaa waajjira haqaa godina Harargee Lixaa, gaafa 9/5/2009 gaggeeffame.
[133] Af-gaaffii Ingidaa Nugusee, ittigaafatamaa waajjira haqaa godina Jimmaa, gaafa 18/5/2009, Barreessaa Baqqalaa, ittigaafatamaa waajjira haqaa godina Wallagga Bahaa, Abbaaynash Tafarraa, abbaa adeemsa hojii qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiissaa waajjira haqaa godina Wallagga Bahaa, gaafa 15/5/2009 gaggeeffame.
[134] Af-gaaffii Abiyoot Fallaqaa, abbaa adeemsa hojii qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira haqaa godian Shawaa Bahaa, gaafa 12/6/2009 gaggeeffame.
[135] Af-gaaffii Miidhaksaa abbaa alangaa waajjira haqaa godina Harargee Lixaa, gaafa 9/5/2009, Ingidaa Nugusee, ittigaafatamaa waajjira haqaa godina Jimmaa, gaafa 18/5/2009 gaggeeffame.
[136] Af-gaaffii Bisiraat Tasfaayee, gaggeessa garee dhaddacha yakkaa mana murtii olaanaa godina Shawaa Bahaa, gaafa 25/5/2009; Miidhaksaa Agaruu, abbaa alangaa waajira haqaa godina Harargee Lixaa, gaafa 9/5/2009, Abiyoot Fallaqaa, abbaa adeemsa hojii qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira haqaa godina Shawaa Bahaa, 12/6/2009 gaggeeffame.
[137] Taaddalaa Balaachoo

komishiniif dhiyeessu. Qaamoleen tokko tokko immoo akka hundeessan yoo gaafatamanis ifatti didu. Haalli itti dirqamsiisan hin jiru. Bulchiinsi godinaatiis tarkaanfiin fudhate hin jiru.[138] Ta'eewwan kunniin qindoominni jiru laafaa ta'uu agarsiisu. hojii ittisaa keessattuu leenjii hubannoos kenuus ta'e qorannoowwan waliin gaggeessuurratti qindoominni komishiniin qaamolee biroo waliin qabu laafaadha.[139] Inistitiyuushiniwwan akka yunivarsiitiwwanii waliin hojjechuurratti hojiin hojjetame laafaa dha.[140] Hojii leenjii hubannoo kennuun hawaasa malaammaltummaa baachuu hin dandeenye horachuuf gargaara. Tarsiimoon kunis kan irratti xiyyeeffatamuu qabu adda baafatee socho'uutu barbaachisa. Gama kanaan barattoota yunivarsiitii irratti xiyyeeffachuun barbaachisa. Tarsiimoon kanaanis qaama hawaasa adda addaa bira gahuun kan danda'amu ta'us hojiin gama kanaan hojjetame hin mul'atu. Af-gaaffiin daarektera daarektoreetii naamusaa fi farra malaammaltummaa Yunivarsiitii Wallaggaa waliin taasifame irraas komishinii waliin hojiin hojjetame akka hin jirre hubatameera. Walitti dhufeenyi komishiniin dhaabbilee akka abbagaar waliin qabus laafaa dha.[141] Walitti dhufeenyi dhaabbatichi komishinii waliin qabu yeroo dhimmootni gara isaa dhufan malaammaltummaa fakkaatan komishiniif erguu irratti. Bifa idilaa'een hojii leenjii hubannoo kennuus ta'e qorannoo hojmaata malaammaltummaaf qaawwa banan irratti waliin qindoomanii hojiin hojjetamu hin jiru. Akka waliigalaatti qindoominni komishiniin sekteroota mootumma adda addaa fi dhaabbilee kaayyoo walfakkaataaf hojjetan kanneen odiitera muummichaa, abbagaar, komishinii mirga namoomaa waliin qabu hin jiru jedhamuu baatus cimaa miti.

Agarsiistuun biraa qindoominni komishinii ittiin madaalamu walta'iinsa dhaabbilee miti mootumma adda addaa waliin taasifamuunnidha. Kunis dhabbilee hawaasumaa dabalatee walitti dhufeenya komishinichi dhaabbilee miti mootummaa adda addaa waliin qabuun madaalama. Bu'uura kanaan walta'iinsii fi waldeeggarsi dhaabbileen kun komishinii waliin qaban cimaa yoo ta'e olaanaa; walitti dhufeenya muraasa kan qaban yoo ta'e giddugaleessa; walitti kan bu'an yookiin walitti dhufeenyaa fi waldeeggaranii hojjechuun kan hin jirre yoo ta'e gad-aanaa dha. KNFMO akkaataa kanaan yoo madaalamu gad-aanaa dha. Gabaasota waggaa komishinichaas ta'e af-gaaffii ogeessota komishinii waliin taasifameen walta'iinsa komishiniin dhaabbilee miti

[138] Taaddalaa
[139] Tibbeessoo Heeboo
[140] Af-gaaffii Dr. Kabbadaa Namoomsa, daarektoratii farra malaammaltummaa yunivarsitii Wallaggaa, gaafa 16/5/2009 gaggeeffame.
[141] Af-gaaffii Itichaa Bashaanee, qorataa olaanaa Abbagaar damee Oromiyaa, gaafa 14/6/2009 gaggeeffame.

mootummaa fi dhaabbilee deeggarsaa waliin qabu kan hin jirre ta'uutu hubatame. Gama tokkoon dhaabbileen hawaasumma cimaa ta'anii hojii farra malaammaltummaa hundeeffamanii hin jirani. Hojii farra malaammaltummaatiifis deeggarsa komishinichi dhaabbilee miti mootummaa yookiin dhaabbilee gargaarsaa irraa argatee kan hin beekne ta'uu isaati. Walitti dhufeenyi yookiin qindoominni gaariin osoo jiraatee dhaabbileen dhuunfaa fi gargaarsaa duula malaammaltummaa irratti taasifamu hedduminaan kan deeggaran waan ta'eef hanqina baajataa komishinichi qabuuf furmaata ta'uu ni danda'a ture. Garuu qindoominni dhaabilee kanneen waliin hin waan ta'eef komishinichi bara baraan hanqina bajataan rakkata.

Agarsiistuun biraa qindoominni komishinii ittiin madaalamu networkii komishinichi dhaabbilee idil-addunyaa dhimma malaammaltummaa irratti hojjetanii waliin qabuu fi keessatti hirmaannaa taasisuuni dha. Bu'uura kanaan komishinichi dhaabbilee akkasii sadii fi isaa ol waliin networkii uumuun kan waliin hojjetu yoo ta'e olanaa; networkii tokkoo hanga lamaatti kan qabu yoo ta'e giddugaleessa; networkii kamiyyuu keessatti kan hin hirmaannee yoo ta'e gad-aanaadha. Gabaasa komishinii barba 2008 irraa hubachuun kan danda'amu dhaabbata Baankii Addunyaatiin deeggaramu 'Transparency Audit and Tax (TAUT)' jedhamuu wajjin qindoomuudhaan qophii karooraa irratti qaamni ilaallatu akka leenji'u taasifameera. Kana malees dhaabbatichi akkaataa komishinichi gara fuula duraa itti deeggaruu danda'u irratti hoggansa komishinichaa dabalatee ogeesotni biroo marii marsaa sadiif akka taasifame teechifamera. Jiraachuun qindoominaas haallii itti argamu gabaasa waggaa mana hojichaa fi af-gaaffii hoggantoota mana hojichaa waliin taasifamuuni. Gabaasa baroota kaanii keessatti qindoomina akkasiitiin wanti hojjetame hin gabaafamne; waan ta'eefuu bu'uura madaallii kanaatiin yoo ilaalamu giddugaleessa ta'uu isaati.

Agarsiistuun biraa qindoominni komishinii ittiin madaalamu, hanga komishinichi walta'iinsaa fi projektiiwwan ittisa yakka malaammaltummaaf gargaaran komishinii biyya biraa waliin ta'uun hojjechuuni dha. Agarsiistuun kun deeggarsoota teknikaa kan dandeettii cimsuus haa ta'u tarsiimmoo addaa addaa waliin hojjechuu ilaallata. Bu'uura kanaan KNFMO yoo madaalamu gad-aanaa dha. Gabaasni komishinii kan ifoomsus muuxanno walirraa fudhachuun hanga ta'e komishiniiwwan biyya keessaa; kanneen akka Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Federaalaa fi naannolee biroo federalaalli bakka tokkotti akka muuxannoo

wal jijjiran taasisuun ala komishinii biyya akkasii waliin qindoomina qabaachuu wanti agarsiisu hin jiru. gama biraatiin muuxannoo fudhachuu jedhamee hanga ta'e hoggansi biyya alaa kan deemullee muuxanno kanatu jira jedhamee hojjetoota man hojichaatiif qooduun hin mul'atu. Waan ta'eefuu, qindoomina komishinichi komishinii naamusaa fi farra malaammalummaa biyya biraa waliin qabu yoo madaalamu gad-aanaa ta'uu isaati. Walumaagalatti qindoominni komishiiniin sekteroota mootummaa adda addaa, dhaabbilee miti mootummmaa, dhaabbilee hawaasaa (civil society) waliin, networkii dhaabbilee gargaarsaa idil-addunyaa dhimma malaammaltummaa irratti hojjetan akkasumas komishinii biyyoota biroo waliin hojjechurratti hanqinni kan jiru ta'uu isaati. Qindoominni laafaa ta'uun amma karaa biraatiin milkaa'ina hojii komishinichaa irratti dhiibbaa kan qabuudha.

## 3.4 Raawwii Hojii Komoshinnii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa

### 3.4.1 Ittisa Yakka Malaammaltummaa

Komishiniin Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa, malaammaltummaa naannicha keessaa ittisuu fi hir'isuuf hojiiwwan gurguddoo sadii; ittisuu, qorachuu fi himachuu irratti akka hojjetu labsii hundeeffama komishinichaatiin aangeffameera. Komishinichi gaheewwan hojii itti kenname kana galmaan gahuuf toorawwan xiyyeeffannoo adda addaa baafachuun hojjetaa jira. Toorri xiyyeeffannoo isaatis inni 1ffaa'n dagaagina naamusaati. Bu'aan tora xiyyeeffannoo kanaas lammii al-naamusummaa fi malaammaltummaa lagatu horachuudha.[142] Toorri xiyyeeffannoo 2ffaa'n qo'annoo fi hordoffii yoo ta'u; bu'aan toora xiyyeeffanno kanaas kallattii qabsoo farra malaammaltummaa akeekamee, fedhii lammilee/maamiltootaa adda ba'e fi hojmaataa gaarii diriiree mirkaneessuudha. Toorri xiyyeeffannoo inni 3ffaa qorannaa himannaa yakka malaammaltummaati. Bu'aan toora xiyyeeffanno kanaas, murtii shakkamtoota irratti kennuun; qabeenyi qisaasame deebisuun faayidaa uummataaf oolchuun; hawaasa malaammaltummaa irraa of-qusatee uumuudha. Toorri xiyyeeffannoo inni sadaffaan kun kutaa biraa kessatti xiinxalama.

[142] Gabaasa raawwii hojii kurmaana 1ffaa KNFMO bara 2007 fuula 3.

Toorawwan xiyyeeffannoo kunneen keessaa lamaan isaanii ittisa yakka malaammaltummaa galmaan gahuuf gargaaru. Hojiin ittisa yakka malaammaltummaa adeemsaalee ijoo komishinii keessaa isa tokkoodha. Adeemsa kana jalatti adeemsaaleen xixiqqaa akka qo'annoo hojmaataa, qu'ii fi qo'annoo akkasumas dagaagina naamusaatu jira. Hojiileen adeemsaalee xixiqqaa kanaan hojjetaman yakki malaammaltummaa osoo hin raawwatamiin ittisuuf gargaaru. Adeemsaalee hojii ijoo komishinii afran keessaa sadan isaanii ittisa yakka malaammalutmmaa irrratti kan xiyyeeffataniidha. Kanaafuu, harki caalaan hojii komishinii ittisa irratti kan xiyyeeffate ta'uun ni hubatama.

Komishiniin hojiiwwan farra malaammaltummaa yeroo ammaa hojjetu keessaa kamirratti osoo xiyyeeffatee malaammaltummaa to'achuu danda'a gaaffii jedhuun daataan bar-gaaffiin walitti qabameera. Dhimmicha irrattis namoota bar-gaaffii guutan **241** keessaa **134 (55.67%)** hojii hubannoo uumuu (barsiisuu) fi naamusa cimsuu irratti jedhaniiru. Namootni **96 (39.83%)** hojii itti gaafatamummaa mirkaneessuu irratti xiyyeeffachuu qaba yoo jedhan; namootni 152 **(63.07%)** ta'an qorannoowwan hojmaataa gaggessuun qaawwa malaammaltummaa cufuurratti xiyyeeffachuutu malaammaltummaa to'achuun akka danda'amu taasisa jedhaniiru. Yaada kanarraa kan hubatamu hirmaatotni qoranichaa qo'annoo hojimaataa ittisa farra malaammaltummaaf xiyyeeffannoon kennamu akka qabu kan amanan ta'uu isaati. Kun immoo toora tiyyeeffannoo komishinichaan kan wal simu ta'uu agarsiisa.

Hojiin ittisa yakka malaammaltummaa agarsiiftuwwan adda addaatiin madaalama. Madaallichis xiyyeeffannoo fi barbaachisummaa ittisa yakka malaammaltummaatiif kenname; akkasumas hojii ittisa yakkaa irratti hojjetame giddgaleessa godhata. Akkaataa qajeeltoo dhaabbatni malaammaltummaa xiqqeessuuf hojjetu '*Transparency International*' baaseetti; ittisni, barsiisnii fi beeksisa/hawaasa bal'aa dhaqqabuu (outreach) agarsiistuwwan itti aananiin madaalama .

Inni duraa hanga bajata komishinichaa keessaa baajata hojii ittisa, barsiisaa fi beeksisa (outreach) tiif oole madaaluuniidha. Bu'uura kanaan, bajata komishinichaaf ramadame keessaa dhibbentaa 1% ol hojii ittisaatiif yoo oole olaanaa; dhibbentaa 0.5%-1% yoo ta'e giddu-galeessa; dhibbentaa 0.5% gadi yoo ta'e gad-aanaa dha. Bu'uura kanaan KNFMO madaaluufis baajata komishinichaa baroota sadan darbanii fi bajata hojii ittisa, barnootaa fi beeksisaaf (**outreach**) komishinichi baase waliin haala armaan gadiitti gabateen teechifameera.

| TL | Bajata komishiniiif ramadame | Bajata ittisaaf baasii ta'e | % ittisaaf oole | Bara |
|---|---|---|---|---|
| 1. | 17,508,483 | 2,608,414 | 14.89% | 2006 |
| 2. | 19,721,927 | 3,598,376 | 18.24% | 2007 |
| 3. | 29,533,681 | 3,663,964 | 12.40% | 2008 |

Gabatee 3. Gabatee bajata komishiniif ramadamee fi hanga hojii ittisaatif oole agarsiisu.

Gabatee oliirraa hubachuun akkuma danda'amu baroota sadan darban bajata komishinii keessaa dhibbentaan hojii ittisa, barsiisaa fi beeksisa/hawaasa bal'aa dhaqqabuuf/ baasii ta'e giddu-galeessaan yoo madaalamu dhibbentaa 15.17% dha. Kun immoo xiyyeeffannoon ittisa yakka malaammaltuummaatiif kenname olaanaa ta'uu isaa agarsiisa.

Agarsiistuun biraa hojiin ittisaa ittiin madaalamu tarsiimowwan sosochiiwwan komishinichi ittisa yakka malaammaltummaaf waggaa keessatti taasiseenii dha. Bu'uura kanaan waggaatti tarsiimowwan ittisa malaammaltummaaf gargaaran 3 fi isaa ol kan gaggeesse yoo ta'e olaanaa; 1-2 yoo ta'e giddu galeessaa; sosochii xiqqoo yookiin homaayyuu hin taasifne taanaan gad-aanaa dha. Sosochiwwan kunneenis haala itti yakki malammaltummaa ittifamuu danda'u irratti kanneen gargaarinidha. Komishinichi tarsiimowwan akka qondaala naamusaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti hundeessuu; gamtaalee farra malaammaltummaa hundeessuu; raayyaa farra malaammaltummaa, akkasumas gumiilee farra malaammaltummaa dhaabbilee barnootaa keessatti hundeessuun tarsiimowwan ittisa malaammaltummaa gaggeessaa tureera. Fakkeenyaaf bara 2008 gamtaalee farra malaammaltummaa 71 hundeessuuf karoofamanii 43 hundeeffamaniiru. Bara 2006 dokumentiin karoora gamtaa farra malaammaltumaa 2 qophaa'ee akkasumas waltajjiin koree hojii raawwachiistuu gamtaa farra malaammlatummaa waliin yeroo tokko; sadarkaa godinaatti godina lama keessatti gamtaan farra malaammatummaa akka hundeeffamu ta'eera. Komishinii damee Lixaanis gamtaan fara malaammaltummaa godinaalee Shan keessatti hundeesseera. Bara 2007 keessattis leenjiwwan sosochiiwwan kilabii farra malaammaltummaa manneen barumsaa keessaatti hundeessuun hawaasni akka malaammaltummaa jibbu taasisuu irratti hojjetamaa tureera. Fakkeenyaaf, raayyaa farra malaammaltummaa dubartootaa fi IMX Godinaalee fi Bulchiinsa magaalotaa, raayyaa qabsoo farra malaammaltummaa dargaggootaa fi barattoota

godinaalee fi bulchiinsa magaalotaaf leenjiin mata duree adda addaa jalatti kennameera. Hojiiwwan gama kanaan hojjetaman bal'aa ta'uu irraa kan ka'e madaalliin komishinii gama kanaan jiru olaanaa dha kan nama jechisiisuudha.

Sosochiiwwan komishinichi ittisa yakka malaammaltummaaf taasisaa ture gama qondaala naamusaa, gamataa farra malaammaltummaa akkasumas qabeenya galmeessuu fi beeksisuun raawwtamaniin ibsamuu danda'a. Haaluma kanaan, hojiilee gama qondaala naamusaa hundessuutiin, gamtaalee farra malaammaltummaa akkasumas qabeenya galmeessuu fi beeksisuutiin jiran haala armaan gadiitiin xiinxalamaniiru.

KNFMNO gamtaalee farra malaammaltummaa hundeessuun, guyyaa farra malaammaltummaa addunyaa sadarkaa naannootti yeroo sagal magaalota adda addaatti ji'a muddee keessaa dhaadannoo fi qophiilee gara garaatiin akka kabajamu godheera. Guyyaa kana sababeeffachuu dhaan sadarkaa naannoofi dameeleetti sagantaan marii paanaalii, hiriira ummataa, dorgaa-dorgee, faaruuwwan daa'immanii, diraamaa, walaloofi sirboota gara garaatiin kabajuun sosochiin farra malaammaltummaa adda addaaa taasifamaa tureera.[143] Hojii hojjetameenis kanaanis hawaasa malaammaltummaa baachuu hin dandeenye uumuuf sochiin gama adda addaatiin hawaasni naannichaa odeeffannoo waa'ee malaammaltummaa akka argatuuf hojjetamaa ture gaarii ta'uu ni hubatama.

#### 3.4.1.1 Hojii Malaammaltummaa Idileessuu irratti Hojjetame

Komishiniin leenjii ofii isaatiin kennu cinatti dhimmi malaammaltumaa sekteroota mana hojii mootummaa hunda keessatti akka babal'atuu fi idilaa'u taasisuuf sochiin adda addaa taasisaa tureera. Qondaalota naamusaa akka naannichaatti ramadamuu qaban 5304 keessaa 1789 idileen, 1791 bakka bu'iinsaan kan ramadamaniiru. Kunis, dhibbeentaan 67.49% jechuudha. Qondaalli naamusaa manneen hojii mootummaa keessatti akka hundeeffamu taasisuun dagaaginni naamusaa tarkaanfii tokko gara fuula duraatti akka tarkaanfatu taasisuuf gahee guddaa qaba. Dhimmi malaammaltummaas manneen hojii mootummaa keessatti akka idilaa'uu fi babal'isuu

[143] Gabaasa raawwii karoora KNFMO bara 2008 fuula 7-9.

dagaagina naamusaatiif shoorri qondaala naamusaatiin taphatamu salphaa miti. Qondaala naamusaatiin wal qabatee hanqinni jiraatus hojiin bal'aan hojjetamaa tureera. Naamootni af-gaaffiin taasifameefis yaaduma kana deeggaruun ciminaa fi hanqinoota gama kanaan jiran dubbatu. Qondaalli naamusaa manneen hojii hunda keessatti akka ramadamaniif hojii farra malaammaltummaa akka hojjatu gochuu irratti jalqabbiin jiru gaariidha. Qondaalonni naamusaa hojii komishinichaa gama barumsa naamusaa kennuu, qorannoo hojmaataa gaggeessuu, qabeenya galmeessuu fi eeruwwan yakka malaammaltummaa dhiyeessuun komishinii gargaaraa jiru.[144] Manneen hojii mootummaa keessa jiraachuun qondaala naamusaa akka feetummaan kanaan dura ture hanga tokkoo hir'isuu danda'ee jira yaadni jedhu ibsameera.[145] Kunis qabsoon farra malaammaltummaa keessatti bu'aa qabsoo qondaala naamusaatiin gaggeeffamu ta'uu agarsiisa.

Gama qondaala naamusaa ramaduutiin, Biiroon Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Oromiyaa manneen hojii fooyya'iinsa gaarii qaban keessaa tokkoodha. Biirichi deeggarsa maallaqaa Baankiin Addunyaa Itoophiyaaf taasisuuf ramaddiin qondaalota kanneenii akka haaldureetti waan dhiyaateef manneen hojii seektarichaa hundi hatatamaan akka ramadatan gochuun danda'ameera.[146] Caasaa jiru irratti qondaala naamusaa ramaduun qabxii ciminaa ta'us, kaka'uumsi ramaddichaa gargaarsaan kan walqabatu ta'uun isaa kaka'uumsi keessaa hagam laafaa akka ta'e ibsa. Gama biraatiin, Manneen hojii qondaala naamusaa ramadanii hojjachiisaa hin jirre baay'eedha.[147] Waajjiraalee hedduu keessatti hojiin qondaala naamusaa bakka bu'iinsaan akka hojjatamu godhama. Faayidaa fi mindaan qondaala naamusaa bu'ura qajeelfamaatiin akka sirratu hin taasifamne. Kanaaf ogeessi caasaa kana irratti hojjachuuf kaka'uumsa hin qabu. Manneen hojii ogeessa qondaala naamusaa gahuumsaa fi naamusa isaan qaban irratti hunda'uun hin ramadani. Manneen hojii hojjatoota amala gaarii hin qabne qondaala naamusaa gochuun ramadanis jiru. Kanneen qondaala naamusaa ramadaniillee hojii akka hin hojjanne godhan jiru. Akka fakkeenyaatti Abbaa Taayitaa jallisii Godina Harargee Bahaa

[144] Taaddalaa Balaachoo
[145] Afgaaffii, Kuulanii Shobee KNFMO Damee Lixaatti ogeessa Dagaagina Naamusaa waliin gaafa 16/05/2009 taasifame.
[146] Gaaromaa Nafabaasaa, Qondaala naamusaa BMMWDO
[147] Margaa Abdiisaa qindeessaa adeemsa garee ittisaa knfmo dame lixaa

ilaaluun ni danda'ama.[148] Manni hojii tokko qondaala naamusaa hin ramadin yoo hafes haalli itti gaafatamu akka hin jirre ogeessonni ni ibsu.[149] Qondaalota naamusaa ramadamaniifis haalli hojii mijataan hin uumamne.[150] Faayidaan qondaala naamusaas bu'ura qajeelfamaatiin manneen hojii hedduu keessatti hin kabajmne.[151] Waajjirrri fi meeshaaleen hojii hin kennamneef; hojiilee farra malaammaltummaa adda addaa raawwachuuf baajataan hin deeggaramu; dhimma naamusaa fi malaammaltummaa irratti qondaalli naamusaa yommuu qabsaa'u hojjatootaa fi hoggantootaan ni jibbama.[152] Haaluma mijataa hin taane kana keessattis taanaan qondaalli naamusaa hojii farra malaammaltummaa kanneen akka loogii yommuu qaxaarrii hojjatootaa raawwatuu fi matta'aa fudhachuu irratti qabsoo gochuun miidhaa gahuu malu hambisuu danda'ee jira.[153] Durgoon seeraan ala akka hin kanfalamne, sirreeffamaa seeraa irraafaayidaa argachuun seeraan ala gadi dhiisuun akka hin raawwatamne qondaalli naamusaaa raawwachuutu ibsama.[154] Manneen hojii qorannichi irratti hojjetameen gara hojiitti hiikuurratti hanqinni jiraatus[155] qondaaltotni qo'annoo hojmaataa adda addaa gaggeessaa jiru.[156] Qondaalli naamusaa waajjiraalee adda addaa keessatti ramadaman malaammaltummaa ittisuu irratti hojiiwwaan akka leenjii kennuu, kilabii farra malaammaltummaa hundeessuu, qo'annoo hojmaataa gageessuu raawwataa jiraatan illee hojiin farra malaammaltummaa seektara hunda biratti xiyyeeffanoo waan hin arganneef bu'a qabeessa ta'uu hin dandeenye.[157] Hojiin qondaala naamusaa qaama hundaa biratti xiyyeeffannoo waan hin arganneef, manneen hojii qondaala naamusaa miseensa manaajimantii osoo hin taasifne turan jiru.[158] Eeruu dhiyaate komishiniif gabaasuun manneen hojii keessatti hin baratamnes jira.[159] Daataan bar-gaaffii irraa argames hojiin qondaala naamusaa manneen hojii mootummaa keesssaatti bifa idilaa'een akka hin taane agarsiisa. Gaaffii manneen hojii sekteroota hundaa keessatti argaman keessatti dhimmi qondaala naamusaa xiyyeeffannoon hojjetamaa jira jedhuuf

[148] Afgaaffii obbo Filee Bittagaz, Qindeessa Bulchinsa human namaa waajjira paapliik Sarvisii Godina Harargee Lixaa waliin gaafa Guyyaa 8/05/2009 gaggeeffame.
[149] Yohannis
[150] Kom Tsagayee Galataa, i/ kom fiqaaduu Damisee
[151] Afgaaffii komaandar Tsagaayee Galataa, qondaala naamusaa Man/Am/Sirreessaa Go/Wa/Bahaa waliin gaafa 16/05/2009 taasifame.
[152] Maskaram, Fiqaaduu Damiseee, Huseen Ida'oo
[153] Maskaram
[154] Tagany Galataa
[155] Afgaaffii Inspeektaar Maskaram Eliyaas Qondaala Dagaagina Naamusaa Qa/Pol/ mag/ Naqamtee waliin gaafa 15/05/2009 taasifamae.
[156] Huseen Ida'oo
[157] Amaanoo
[158] Ahimad Rashiid qondaala naamusaa DHRTO waliin gaafa 1/07/2007 gaggeefame.
[159] Ahimad Rashiid

deebistoota 232 namootni 60 (25.86%) haala olanaan idilaa'eera yoo jedhan; namootni 96 (41.37%) giddu-galeessa jedhaniiru. Deebistootni 108 (46.55%) haala idilaa'een ta'uu qondaala naamusaa yoo madaalan gad-aanaa dha jedhaniiru. Kanarraa wanti hubatamu sosochiiwwan ittisa yakka malaammaltummaa irratti sekteroota mootummaa hundaa keessatti akka hojjetamuuf karoorfame lafa kan hin qabanne ta'uu isaati. Dhimmi qondaala naamusaas akkuma mootummaattuu manneen hojii hundumaan xiyyeeffannoon kennameefii hala manni hojii qondaala naamusaa hin qabne itti gaafatamuu danda'utti kan hin hojjetamne yoo ta'e jijjiiramni karaa qondaala naamusaatiin ni dhufa jedhamee yaadamu galma gahuu kan hin dandeenye ta'uu hubachiisa.[160]

### 3.4.1.2 Hojii Gama Qabeenya Galmeessuu fi Madda Galii Beeksisuutiin Hojjetame

Hojiin qabeenya galmeessuu fi madda galii beeksisuu ittisa yakka malaammaltummaaf gahee guddaa qaba. Innis qabeenya humnaa olii horachuu irraa namni akka of qusatu taasisuuf gargaara. Gahee dhimmichi malaammaltummaa ittisuuf qabu irraa ka'uun akka naannoo Oromiyaattis aangoon labsii qabeenya beeksisuu fi galmeessisuu **Labsii lakk. 169/2003** kwt 7 (1) tiin KNFMO tiif kennamee jira. Labsii kana kwt 7 (2) jalatti komishiniin aangoo galmeessuu guutummaa yookiin gartokkeen ofisera hordoffii fi dagaagina naamusaan akka raawwatamuuf bakka buusuu akka danda'u tumeera. Komishinichis dameelee isaa Afran qabu waliin hojii qabeenya beeksisuu fi galmeessisuu erga eegalee waggootiin lakka'amaniru. Hojii qabeenya galmeessisuu kanas kan ifatti eegale bara 2005 yoo ta'u, hojicha galmaan gahuuf ammoo humna namaa barbaachisaa ta'e sadarkaa komishinii fi dameeleetti guuttatee hanga bara 2006tti walumaagalatti qabeenya filatamtootaa, muudamtootaa fi hojjetoota mootummaa sadarkaa Biiroo, Godinaa, Magaalotaa fi Aanolee naannicha keessatti argamanii galmeessisaa tureera. Hojii qabeenya galmeessisuu hanga ammaatti hojjetameen seekteroota mootummaa sadarkaa naannoo, godinaalee, magaalota, aanaalee, dhaabbilee misooma mootummaa keessaa hirmaattoota **112,774** ta'aniif Labsii lakk. **169/2003 fi** guca qabeenya beeksisuu fi galmeessisuu irratti hubannoon akka uumamu ta'eera. Namoonni **102,503** ta'anis qabeenya isaan kan galmeessisan yoo ta'uu kana keessaa namoota **77,075** ta'aniif waraqaan ragaa kennameera.[161]

[160] Damoozee Maammee
[161] karoora adeemsa hojii ijoo qabeenya beeksisuu fi galmeessuu bara 2007 fuula 1.

Qabeenya galmeessuun namni qabeenya maddi isaa hin beekamne horachuu irraa akka of qusatu taasisuuf gahee guddaa qaba.[162] Haa ta'u malee gaaffiwwan qabeenya galmeessuu dhabuun maal hordofsiisaa? Namni qabeenya galmeessuu yoo dide maal ta'aa? Jedhani deebii waan argate hin fakkaatu.[163] Qabeenya maddi isaa hin beekamne qulqulleessanii tarkaanfii fudhachuu irrattis komishiniin anta hojjate hin qabu.[164] Qabeenya akka galmeessan abbootii aangoo yommuu gaafataman rincici hamaan akka jiru ogeessotni ni dubbatu. Kunis fqabeenyi kana dura galmaa'ees bu'aan isaa waan hin mul'anneefidha.[165] Bulchaan Godinaa fi namoonni taayitaa olaanoo irra jiran tokko tokko gabeenya galmeessuuf fedhii akka hin qabne ogeessotni af-gaaffiin waliin gaggeeffame ni ibsu. Sababas yommuu dhiyeessan mootummaan waan isaanitti amaneef aangoo akka isaaniif kenneetti ibsu.[166] Namoonni qabeenya maddii isaa hin beekamne horatan hedduudha yaadni jedhu bal'inaan calaqqisa. Haa taa'u malee tarkaanffiin yommuu fudhatamus hin mal'atu.[167] Qabeenya galmaa'e mirkaneessuun hin danda'amne. Labsiin qabeenya galmeessisuus dambii fi qajeelfamaan hin deeggaramne.[168] Fakkeenyaaf labsicha kwt 10 irratti kanneen qabeenya isaanii galmeesuu qaban yeroo idilee yookiin yeroo dheereffameef keessatti galmeessuu yoo baatan qarshii 1000 kaffalanii baatii tokko keessatti akka galmeessaan tumeera. Dhimma galmeessuu diduun walqabatee rincici kan jiru ta'uus tarkaanfiin bu'uura labsichaan fudhachuuf dambii fi qajeelfamni kan hin jirre waan ta'eef raawwii irratti rakkoon jira. Kanaafuu seericha hojiirra oolchuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu ogeessotni af-gaaffiin waliin gaggeeffame ibsaniiru. Seerri ba'ee hojiirra kan hin oolle taanaan ammoo inumaayyuu namootni qabeenya maddi isaa hin beekamne horatan akka dhoksaniif haala mijeessuu ta'a.[169]

Hojii ittisa yakka malaamaltumma irratti godhamu cimsuufis ta'ee hojii qorannaa fi himannaa keessatti itti fayyadama seera kanaaf qabeenya muudamtoota, filatamtoota ummataa fi hojjaattoota mootummaa seeraan akka qabeenya horatan galmeessisan godhaman qulqullinaa fi

[162] Wandosan Shawol, Dani'eel Tashoomaa
[163] Afgaaffii obbo Filee Bittagaz, Qindeessa Bulchinsa human namaa waajjira paapliik Sarvisii Godina Harargee Lixaa waliin gaafa Guyyaa 8/05/2009 gaggeeffame.
[164] Afgaaffii obbo Tasfaayee Katamaa, I/G Garee Inspeekshinii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa waliin gaafa Guyyaa 9/05/2009 gaggeeffame.
[165] Daani'eel
[166] Daani'eel
[167] Saajiin Anteenaa
[168] Mahammadnur Abbaa Duraa KNFM Jimma
[169] Zinaabuu Asraat

haqummaan galmeessanii sirnaan akka qabamu gochuun barbaachiisaa dha. Haa ta'u malee hojiin sirrummaa qabeenya galmaa'ee mirkaneessuun sirnaan gara hojiitti hin seenamne. Gama biraan hanga sirrummaan qabeenya galmaa'ee mirkanaa'ee kanneen hanga horachuu danda'anii ol horatan tarkaanfiin barbaachisu fudhatamaa hin deemnetti hojii qabeenya galmeessisuu fi madda galii beeksisuu dhuguma ittisa yakka malaammaltummaaf ni tajaajila jechuun rakkisaadha.

Agarsiistuun biraa ittisni yakka malaammaltummaa ittiin madaalamu, baay'ina sakatta'iinsa adeemsotaa fi sirnoota mana hojii komishinichi ilaaluuf aangoo qabuu fi sakatta'amanii wal bira qabuuniidha. Dhimmi kun hojiiwwan komishinii keessaa qorannowwan hojmaata manneen hojii mootummaa fi dhaabbileee misooma mootummaa keessatti gaggeeffaman kan sakatta'uudha. Hojiin ittisa yakka malaammaltummaa fiixaan bahuu kan danda'u hojmaata malaammaltummaaf karaa saaqan irratti qorannoo gaggeessun akka sirratan taasisuun yoo danda'amee dha. Sektaroota malaammaltummaaf saaxilamoo ta'an kanneen akka bittaa mootummaa, geejjibaa, abbaa taayitaa galiiwwanii, biiroo bishaanii, abbaa taayitaa daandiwwan oromiyaa, bulchiinsota magaalaa fi kkf irratti komishinichi qorannoowan hojmaataa gaggeessuun yaada furmaataa dhiyeessaa tureera. Qorannowwan hojmaataa gaggeeffamaniinis hojmaata qawwa qaban akka sirratan taasisuun qisaasamni qabeenyaa fi kenniinsi tajaajilaa kan fooyya'e ta'uu ogeessonni komishinichaa ni ibsu.[170] Qo'annoo hojmaataa adda addaa gaggeessuun qaawwa malaammaltummaa akka cufamuuf hanga irraa eegamu ta'uu baatus gumaachi taasifameera.[171] Qo'annoo KNFMO damee Lixaa hojmaata bittaa mootummaa irratti hojjateen qisaasamni qabeenyaa fooyya'ee jira.[172] Komishinii fi dameeleen qo'annoo hojmaataa adda addaa gaggeessan illee qaamoleen hirtaa qo'anichi ilaallatu bu'aa qo'annoo kanaatti fayyadamaa akka hin jirre ibsu. Bu'uurri manneen hojii kanaa itti dirqamanii hojii irra akka oolchan godhamus hin jiru.[173] Fakkeenyaaf, itti fayyadama konkolaataa ilaalchisee, konkolataatotni Biiroon Eegumsa Fayyaa Oromiayaatiif kenname hedduun isaanii waajjiruma komishinichaa keessatti aduudhaan nyaatamaa jira. Haaluma walfakkaatuun maashinoota gurguddoon adda addaa magaalaa Baatuu

[170] Taaddalaa Balaachoo
[171] Geetaachoo Taammiruu Ogeessaa Qo'annoo KNFMO Damee lixaa
[172] Xeenayee Abrahaam, tajaajila seeraa fi Wasaneelsh Asnaaqaa qondaala naamusaa waajjira MMD godina wallagaa Bahaa
[173] Mahammadnur Abbaa Duraa KNFM Jimma

lafa heektaara 4 irratti kaa'amee faayidaa malee taa'aa jira. Komishiiin kana ilaaluun fala akka argatu gochuu hin dandeenye.[174]

Qorannoowwan hojmaataa komishinichaan gaggeeffamaa kan turan ta'us, baay'ina qorannowwan gaggeeffamanii fi manneen hojii komishinichi keessatti qorannoo gaggeesuu qabuutiin (jurdiction) yoo madaalamu xiqqaa dha. Agarsiistuun madaallii kanaas iddoowwan komishinichi qorannoo hojmaataa gaggeessuuf aangoo irratti qabuu fi iddoowwan inni irratti gaggeesse yoo ilaalamu heedduu taanaan olaanaa; hanga tokko (a substantial number of reviews) yoo ta'e giddu galeessaa; hanga muraasa yookiin qorannoon hojmaataa hin gaggeeffamne yoo ta'e gad-aanaa dha. Bu'uura kanaan komishinichi giddu-galeessaan manneen hojii 3470 ta'an irratti qorannoo hojmaataa gaggeessuuf aangoo kan qabuudha. Kunis dhimma malaammaltumaan walqabatee komishiniin Naannoo Oromiyaa irratti aangoo kan qabu yoo ta'u; Oromiyaan godinoota 19 fi aanaalee 327 fi sadarkaa biiroo 1 qabdi. Giddu-galeessaan manneen hojii mootummaa fi dhaabileen misooma mootummaa aanaa tokko keessa jiran 10 jennee yoo fudhanne, manneen hojii komishinichi qorannoo hojmaataa keessatti gaggeessuu danda'u aanaalee 327x10=3270 + godinaalee 19x10=190 + sadarkaa biiroo 1x10=10 waliigalatti 3470 ta'an keessatti qorannoo hojmaataa gaggeesuu danda'an jechuudha. Gama biraatiin bara 2006-2008 komishinichi dameelee isaa dabalatee qorannoon hojmaataa inni gaggeessse 65 dha. Kunis dhibbentaa komishinichi manneen hojii qorannoo hojmaataa irratti gaggeessuuf aangoo qabuu waliin yoo ilaalamu dhibbentaa 1.89% ta'a. Dhibbentaan kun immoo manneen hojjii komishinichi qorannoo hojmaataa irratti gaggeessuuf aangoo qabuutiin yoo ilaamu homaa hin gaggeessine jedhamuu baatus muraasa jedhamuurra darbee giddu galeessa nama hin jechisiisu. Kanaafuu, hojiin ittisaa komishinichi gama kanaan hojjete yoo madaalamu gad-aanaadha jechuun ni danda'ama.

Agarsiistuun hojii ittisa yakka malaammaltummaa ittiin madaalamu inni biraan hanga komishinichi qorannoo gaggeessuun yaada furmaataa ittisa yakka malaammaltummaa irra deddeebiin kennuuniidha. Kunis qorannoo hanga komishinichi qorannoo gaggeessuun dursee yakkichi osoo hin raawwatamiin hambisuun ibsama. Bu'uura kanaatiin komishinichi qorannoo taasisuun irra deddeebiyee yakkii malaammaltummaa osoo hin raawwatamiin kan hambisu yoo

[174] Zinaabuu Asraat

ta'e olaanaa; yeroo tokko tokko yoo ta'e giddu galeessaa; homaayyuu hin hambisne yoo ta'e gad-aanaa dha. KNFMO gama kanaan yoo madaalamu giddu galeessa. Gabaasa hojii komishinichaa baroota 2006 fi 2007 keessaatti tarkaanfii ariifachiisaa fudhatamee yakki raawwatamuuf turee hambifame hin jiru. Bara 2008 keessatti tarkaanfii ariifachiisaa fudhatameen miidhaan maallaqaan yoo tilmaamu **Qar. 395,164,455.89** ta'u akka hafe hubachuun ni danda'ama. Kana irraas wanti hubatamu qorannoo gaggeessuun tarkaanfiin ittisa yakka malaammaltummaatiif gargaaru irra deddeebiin kan fudhatamu ta'uu baatus hojichi hojjetamaa kan jiru ta'uu isaati. Waan ta'eefuu madaalliin gama kanaan jiru giddu galeessatti kan fudhatamuudha. Hojjetootni komishinichaa af-gaaffiin taasifames muuxannoo komishiniin federaalaa bittaa adda addaa Yuunivarsiitii Jimmaa keessatti raawwachuuf ture dursee odeeffanno argachuun sirnaan akka raawwwatu qofa akeekkachiisuun qisaasama miliyoonaan lakka'amu hambise kaasuun hojichi gara KNFMO ttis babal'achu akka qabu ibsu. Rakkoon kanaan walqabatee jiru KNFMO ogeessa dhoksaan hordoffii gaggeessu (surveillance) gahaa hin qabu waan ta'eef itti deemuun kan rakkisu ta'uus dabalanii ibsu. Humni namaa komishinichi qabus ogeessa dhoksaan hordoffii gaggeessu (surveillance) lama qofa dha.

Hojiin ittisa yakka malaammaltummaa kan ittiin madaalamu kan biraan karooraa fi raawwii ittisa, barumsaa fi hawaasa bal'aa dhaqqabuuf taasisuuni dha. Kunis hanga gad-fageenya karoora ittisa yakka malaammaltummaa fi barsiisuu/hubanno kennuu akkasumas hawaasa bal'aa dhaqqabuuf komishinichi karoorsuu fi hojiirra oolchuun ilaalama. Karoorichis sekteroota leenji'uun barbaachisu, namoota hangamii akka leenjisu, dhimmotaa akkasumas kurmaana kurmaanaan qoqqodamee karoorfamuu fi rawwatamuu isaatiin madalama. Bu'uura kanaan karoora ifaa fi qulqulluu ta'ee akkasumas kan raawwwatame yoo ta'e olanaa; karoorri ittisaa fi barumsaa kan qophaa'e ta'ee guutummaatti kan hin raawwatamne yoo ta'e giddu galeessa; karoorri laafaa yookiin hin jiru yoo ta'e gad-aanaa dha.

Aangoo fi hojiwwan komishinichaa keessaa inni tokko hawaasa duudhaalee naamusa gaariin ijaaramee fi malaammaltummaa lagatu akka uumamu taasisuuf qaamolee roga-qabeessa ta'anii waliin qindoominaan hojjechuudha.[175] Kana galmaan gahuufis komishinichi dagaagina

[175] Labsii Komishiinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk.71/1995 irra deebiidhaan fooyyesuuf bahe, labsii lak.197/2008 kwt 6(1).

naamusaa toora xiyyeeffannoo isaa keessaa tokko godhatee irratti hojjechaa jira. Hojiin barumsaa fi dagaagina naamusaa ilaalchaa fi aadaa namootni malaammaltummaa irratti qaban jijjiiruuf gargaara. Hojichis adeemsa hojii ijoo dhimma komunikeeshinii fi barumsa naamusaatiin raawwatama. Hojiin adeemsa kanaa inni ijoon hawaasa naannoo keenyaa adda addaatiif ergaawwan rogeessuun karaa miidiyaalee maxxansaa, elekitirooniksiifi waltajjiiwwan uumuu fi uumamanitti fayyadamuun hubannoo fi ilaalchi sirrii ta'e uumamee hawaasnii malaammaltummaafi hojmaata badaa baatee deemuu hin barbaanne akka uumamu hojjachuudha. Kana malees dhaabbilee sab-qunnamtiitti fayyadamuun karoora, raawwii fi odeeffannoo waytaawaa maqaa gaarii komishinichaa dagaagsan ummataaf tamsaasuudha. Hanqinni jiraatuus, hojiin haawasa malaammaltummaa baatee deemuu hin dandeenye uumuu irratti hojjatame kan tuffatamuu miti.[176] Hojii hojjetameenis hubannoon hawasaa dabalee, ummatni malaammaltummaa irratti qabsaa'uuf kaka'umsa horatee jira. Kun immoo lakkoofsi eeruun hawaasa irraa dhufu dabalaa deemuun ibsama.[177] Hawaasni kan kanaan duraa caalaa malaammaltummaa balaaleffachuu jalqabee jira.[178]

Hojiin bal'aan gama barumsa hubannoo kennuutiin raawwatamaa kan ture ta'us, akkataan komishiichi hubannoo naamusaa itti uumuuf hojjetu yeroo waliin kan deemu ta'uu dhabuutti dabalaan hawaasa maraa dhaqqabuu irratti hanqinni jiraachuutu himama. Leenjiin naamusaa bal'inaan kennamaa turuun gaarii ta'ee[179], garuu qaamni leenjichi hedduminaan kennamuuf kanneen malaammaltummaa raawwachuuf carraa hin qabne ta'uu kanneen af-gaaffiin taasifameef ni ibsu.[180] Keessattuu hoggantoota olaanootiif leenjiin hagas mara kan kennamu miti. Hoggantooni olaanoon yeroo baay'ee walgahii adda addaatiin waan qabamaniif carraan leenji'uu isaanii dhiphaadha. Karooraa fi rawwii hojii komishinii waggaa waaggaanii yeroo xiinxalamu

[176] Toofiq, Geetaachoo Tamasgeen

[177] Af-gaaffii Hirut Biraasaa, komishinera komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa Oromiyaa, gaafa 22/6/2009, Katamaa Nugusee, abbaa alangaa komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa oromiyaa damee giddu galeessa Kibbaa, gaafa 24/5/2009, Mahammad Jimaa, pirezidaantii mana murtii olaanaa godina Shawaa Bahaa, gaafa 23/5/2009 gaggeeffame.

[178] Afgaaffii Yohannis Abarraa, KNFMO Damee Lixaatti Ogeessa Barnoota Naamusaa ta'e waliin gaafa 16/05/2009 gaggeefame.

[179] Af-gaaffii Barreessaa Baqqalaa, ittigaafatamaa waajjira haqaa godina Wallagga Bahaa, Abbaaynash Tafarraa, abbaa adeemsa hojii qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisisaa waajjira haqaa godinaa Wallagga Bahaa, gaafa 15/5/2009 gaggeeffame. Naasir Dirribaa, ittigaafatamaa waajjira bulchiinsa godina Jimmaa fi qondaala naamusaa duraanii, gaafa 17/5/2009 gaggeeffame.

[180] Af-gaaffii Ayyaanoo Warsamoo, qindeessaa Biiroo Haqaa damee Kibbaa, Abdusalaam Amaan, abbaa alangaa Biiroo Haqaa damee Kibbaa, Asaffaa Irreessoo, abbaa alangaa abbaa taayitaa galiwwna godina Arsii Lixaa, gaafa 24/5/2009 gaggeeffame.

gama kanaan madaalliin jiru olaanaadha. Kunis yeroo hedduu karooraa olitti leenjiin hubannoo akka kennamee fi ergawwan rogeessoo karaa miidiyaa elektrooniksii kan darban ta'uun hubatameera. Fakkeenyaaf, karooraa fi raawwii bara 2008 yoo ilaalle komishinichi haalli itti leenji hubannoo kennuuf karoorfate waltajjiiwwan uumamanitti fayyadamuun barumsa fuullee namoota 13,550f kennuuf karoorfatee namoota 13,870f kenneera. Waltajjiin ofiin qophessuun namoota 12,205f kennuuf karoorfatee 12373f kenneera. Qorannoon sakatta'a hubannoo, ilaalchaa fi gocha malaammaltamaa naannoo Oromiyaa Inistiitiyuutii Saayinsii fi Teknooloojii Adaamaatiin gaggeeffames kan argarsiisu hojiiwwan komishiniin hojjetu keessa hubannoo uumuun haala gaariin kan raawwatame ta'uu isaati.[181]

Gama biraatiin sektera sekteraan adda baasuun karoorsuu fi raawwachuun akkasumas kurmaana kurmaanaan karoorfatanii irratti hojjechaa deemuun ni jira.[182] Hanqinni isaa akkuma jirutti ta'ee hubbannoo uumuu irratti gabaasni komishinchaa kan argisiisu yeroo baay'ee karooraan oliidha. Karoora ol ta'uun isaa hanqina haala ilaalanii karoorsuu dhabbuurra kan maddu ta'uu qaamni komishinichi gabaasa dhiiyeesuuf (waajjirri pirezidaantii) duubdeebii kenneen ibseera. Fakkeenyaaf bara 2008 kurmaana lammaffaarratti namoota 6500f waltajjii uumametti fayyadamuun hubannoo kennuuf karoorfatee namoota 8322f kenneera. Gama biraatiin waltajjiwwan komishinichii fi dameeleen isaa bakka addaa jiran uumanirratti leejiin hubanno namoota 5115f kennuuf karoorfamee namoota 6111f kennuun danda'ameera. Raawwiin kunis persentii 100% ol. Kunis komishinichi karoora gadi buusee kan qabatu ta'uu isaati jechuun waajjirri pirezidaantii duubdeebii kenneera. Raawwiin kun yammuu ilaalamu gaarii ta'us haala beekuun kan karoorfame osoo ta'ee raawwiin kun kanaa ol ta'uu akka danda'u tilmaamuun nama hin rakkisu. Hawaasni malaammmaltummaa akka jibbuuf ofiseroota leenjii komishinichaatiin leenjiin hedduminaan gaggeeffamaa ture gaarii ta'uu isaa kanneen af-gaaffiin taasifameef ibsaniiru.[183]

[181] Adama Science and Technology University (2016), A Survey of Perception, Attitude and Practice of Corruption in Oromia National Regional State p xiv, 105.

[182]Abbaa Taayitaa Misooma Jallisii; Dhaabbata RTVO, Interpiraayizii ijaarsa Hojii Bishaanii, Ejensii Misoomaa fi Manaajimentii Lafaa, Inistiitityutii Pilaanii Magaalotaa ,Q/Naamusaa fi Manaajimentii Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa ,Ejensii Waldaa Hojii Gamtaa , Mana Hojii Odiitara Muummichaa ,Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaa ,Dhaabbata Gabaa oomishaa fi Q/Naamusaa waajjira Bishaan Albuudaa fi Inerjii Godinaalee fi Bulchiinsa Magaalota Sadarkaa 1ffaa ' A',Q/Naamusa Ejensii Godinaalee 18 fi Bulchiinsa Magaalota Sadarkaa 1ffaa Afi 2ffaa 12f, miseensota manaajimentii Dhaabbilee Misooma Mootummaa Naannoo Oromiyaa 41f, hooggantootaa fi hojjettoota Ejensii Geejjiba Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu tiif kennamuuf karoorfamee bu'uuruma sanaan raawatameera.

[183] Af-gaaffii Barreessaa Baqqalaa, ittigaafatamaa waajjira haqaa godina Wallagga Bahaa, Abbaaynash Tafarraa, abbaa adeemsa hojii qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisisaa waajjira haqaa godinaa Wallagga Bahaa, gaafa

Leenjii kennamaa tureen hawaasni gochoota malaammaltummaa yoo arge eeruu komishiniif kennuun bal'inaan kan jalqabe ta'uu fi eeruuwwan komishinicha gahanillee baraa gara baraatti dabalaa kan dhufe ta'uun hubannoon kennamaa ture namoota kan kakaase ta'uu agarsiisa.[184]

Komishiniin tooftaalee adda addaa fayyadamuun barumsa naamusaa hawaasaaf kennaa ture. Raawwii hanga ammaatti jirus gamaggamni raawwii hojii komishinichaa iratti teechifameera. Haaluma kanaan, komishinichi yeroo adda addaa carraa waltajjii garaa garaatti fayyadamuun hubannoo hawaasaa cimsuuf hojii leenjiin fuullee/kallattiin waltajjii irratti argamuun/ raawwatameen hirmaattota **116,578** ta'an barsiisuun danda'ameera.[185] Hirmaattota leenjiii hubannoo argatan kanneen keessaas Jaarsolii, Abbootiin Amantaa, Dargaggoota, Dubartoota, Barsiiisota, Barattootaa, hojjetoota mootummaa fi Gaazexeessitootni keessatti argamu. Leenjii hubannoo gama miidiyaatiin hanga ammaatti raawwataman, ispootii reediyoo gosa **174**, Ispootii Televiizhinii gosa **51**, Diraamaa Reeediyoo gosa **70** fi Diraamaa Televiizhinii gosa **8** qopheessuun qilleensarra oolchuun danda'ameera. Minimiidiyaatti fayyadamuunis Manneen Barnootaa 60 ta'aniif bifa diraamaatiin barumsi darbeera. Haa ta'u malee, Manneen Barnootaa hedduu qaqqabuuf akka gargaarutti, Istuudiyoolee barnoota idilee Sandaafaa, Baalee Goobaa, Haramaayaa, Gimbii fi Goreetiif Ispootiin 71 fi Diraamaan Reediyoo 9 akka tamsa'u kennameera. Kana malees, ispootiiwwan reediyoo 7 mini miidiyaa Bulchiinsa Magaalota tiin akka qilleensarra oolan ta'eera. Dabalataanis, faaruun qabsoo farra malaammaltummaa Komishinichaan qophaa'anii artiistota Oromoo bebbeekamoon weellifaman lama hojjetamaniiru.Maxxansaalee garaagaraa naamusaa garii, gochootaa fi seerota yakka malaammaltummaa fi raawwii komishinicha irratti xiyyeefatan komishinichaan qophaa'anii, hubannoo hawaasa cimsuu, barsiisuu, beeksisaa fi dadammaqsuuf maxxanfaman raabsamaniiru. Bu'uuruma kanaan, tattaaffii godhameen baroota kana keessa 'Birroosharii' gosa 20 baay'ina 250,090, 'Poostara' gosa12 baay'ina 50,340, Waraqaa Barartuu gosa 17 baay'ina 217,138,

15/5/2009 gaggeeffame. Naasir Dirribaa, ittigaafatamaa waajjira bulchiinsa godina Jimmaa fi qondaala naamusaa duraanii, gaafa 17/5/2009 gaggeeffame.

[184] Af-gaaffii Hirut Biraasaa, komishinera komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa Oromiyaa, gaafa 22/6/2009, Katamaa Nugusee, abbaa alangaa komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa oromiyaa damee giddu galeessa Kibbaa, gaafa 24/5/2009, Mahammad Jimaa, pirezidaantii mana murtii olaanaa godina Shawaa Bahaa, gaafa 23/5/2009 gaggeeffame.

[185]GamaaggamaRaawwiiHojii Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltumaa Naannoo Oromiyaa Hundeeffama isaa irraa jalqabee Hojiilee Raawwataman, Ciminaalee jiran (Bu'aalee argaman), Hanqinaalee Mula'atan, Rakkoolee Quunnamanii fi Kallattii Furmaataa Gara Fuulduraa fuula 11.

Barruulee gosa 18 baay'ina 75,230, 'Kaalenderii 7 baay'inni 6500, 'Poost Kaardii 8, baay'ina 4882 fi Xal-oduu gosa 66 baay'ina 33,000 ta'an maxxansuun qaamolee hawaasaa garaagaraatiif raabsamaniiru.

Walumaagalatti karoora ittisaa fi sochiiwwan adda addaa komishinichi taasisaa ture yoo madaalamu sababa hanqina bajataaf yeroon itti hin raawwatamiin hafu jiraatus akka waliigalatti yoo ilaamu baay'inaan waltajjiwwan uumamanitti fayyadamuunis ta'e ofiin waltajjii uumanii hubanno kennuun; akkasumas ergawwan rogeessoo dabarsuun hawaasa bal'aa dhaqqabuuf yaaliin taasisan olaanaa dha jechuun ni danda'ama.

Agarsiistuun biraa ittisni yakka malaammaltummaa ittiin madaalamu, walta'iinsa komishinichi qaamolee addaa addaa waliin ta'uun ittisa yakka malaammaltumma, barumsa hubannoo fi hawaasa bal'aa dhaqqabuuf taasifamuunii dha. Komishinichi waggaatti al sadii fi isaa ol qaamolee adda addaa waliin ta'uun projektii waliinii ittisa yakka malaammaltummaaf kan gaggeessu yoo ta'e walta'iinsa cimaa; waggaatti al tokkoo hanga lamaatti walta'iinsa qaamolee addaa addaa waliin hojii ittisaarratti pirojektii waliinii kan gaggeessu yoo ta'e giddugaleessaa fi qaamolee hirtaa waliin walta'ee duula malaammaltummaa irratti kan hin gaggeessine yoo ta'e walta'iinsi gad-aanaa akka ta'etti madaalama. Duulli malaammaltummaa irratti gaggeeffamu hojii sekterri tokko qofti raawwatuun galma hin ga'u waan ta'eef bu'a qabeessummaan hojii komishinii gama duula malaammaltummaa irratti gaggeessus walta'insaan hojjechuutiin madaalama jechuudha. KNFMO walta'iinsa qaamolee hirtaa waliin taasisuun ittisa yakka malaammaltummaa irratti hojjetaa jiru yoo madaalamu giddu-galeessa. Kunis dhaabbilee miidiyaa waliin ta'uun ergaawwan rogeesso spootiwwan adda addaa qopheessuun hojii ittisaaf gargaaru waan hojjetuufi dha. Hojiin duula malaammaltummaa irrattii qindoomina qaamolee adda ddaa kan barbaaduu fi waliin hojjechuu cimaa barbaachisa. Qaamni hubannoo kennamuufis xiyyeeffannoo keessaa galuu qaba. Keessattuu dhaloota si'anaa (young generation) irratti hojjechuun murteessaadha. Gama kanaan komishiniin dameelees ta'e kan giddu galeessaa leenjii barattootta yuunivarsiitiif yuniversiitota waliin ta'uun kennuu irratti hanqinatu jira.[186] Dhaabbilee

[186] Af-gaaffii Dr. Kabbadaa Namoomsa, daarektoratii farra malaammaltummaa yunivarsitii Wallaggaa, gaafa 16/5/2009 gaggeeffame. Akka isaan jedhanitti walitti dhufeenyi isaan komishinii damee Lixaa waliin qaban sirumaa akka hin jirree fi achuma jiraachuu isaaniillee kan hin beekne ta'uu isaati. Walitti dhufeenyi osoo jiraatee qorannoo

siivikii waliin hojjechuu irrattis laafinni jira. Dhaabbilee hojii wal fakkaataa; jechuun mirgi lammiilee akka hin miidhamneef hojjetan kan akka dhaabbata abbagaar waliin hojiin hojjetame hin jiru.[187] Hojiin akka leenjii hubanno kennuu, waltajjii waliinii uumuun dhimmotni akkamii aangowwan dhaabbilee kanneenii akka ta'e hawaasa hubachiisuu irratti hojiin hojjetame akka hin jirree fi walitti dhufeenyi isaani yoo jiraate abbaa dhimmaa walitti erguu qofa akka ta'e hubatameera. Dhimma naamusaa fi malaammaltummaa irratti hubannoo uumuuf waldaalee fi gumii adda addaatti dhimma bahuuf yaaliin taasifamaa ture. Haa ta'u malee waldaaleen kanneen akka waldaa dubartootaa, dargaggootaa cimina waan hin qabneef (yeroo yeroon ni bittinaa'u) baay'ee waliin hojjachuun hin danda'amne.[188] Kunis gama tokkoon dhaabbileen siivikii cimoon kan dhimma malaammaltummaa irratti hojjechuuf hundaa'an kan hin jirre ta'uu fi gama biraatiin ammoo dhaabbilee akka yunivarsiitii waliin hojjechuun hanqina qabaachuutu hubatame.

Gama dhaabbilee miidiyaatiin hanga ta'e qindoominni jiraatus dhaabbilee biroo waliin hariiroon hagas mara mul'atu hin jiru. Dhaabbilee hojii wal fakkaataa mirga namootaa eeguuf dhaabbatan kanneen akka abbagaar, komishinii mirga namoomaa, dhaabbilee barnootaa olaanoo waliin ta'uun ittisa yakka malaammaltummaa irratti waliin duuluun hin mul'atu. Kana ta'uun immoo hariiroon dhaabbilee miidiyaa waliin ta'uun ispootiiwwan qopheessuun hawaasaaf hubannoo kennu qofti qindoominni jiru olaanaa jechisiisuu kan hin dandeenye ta'uu isaati. Gama biraatiindhaabbilee hawaasaa kanneen akka dargaggootaa, dubartootaa, waldaalee federeeshinii waliin hojjechuuf yaaliin taasifamaa kan jiru ta'us, ciminni dhaabilee kanneenii hanga barbaadame waan hin taaneef ittisa irratti qindoominaan hojjechuun hagas mara akka hin taane agarsiisa. Gama biraatiin qondaaltota naamusaa sekteroota mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessa jiranii waliin qindoominaan hojjechuun jiraatus haala barbaadameen akka hin taanee fi haala idileetiin akka hin taane qondaaltotni naamusaa ni ibsu. Waan ta'eefuu, walta'iinsa qaamolee hirtaa waliin ittisa, barumsaa fi hawaasa bal'aa dhaqqabuuf hojjechuun komishinii yoo madaalamu giddu galeessatti kan ilaalamuudha.

---

gaggeessuu dabalatee leenjii fi sagantaalee adda addaa qopheessuun malaammaltummaan guddina irratti dhiibbaa akkamii akka qabu dhaloota kana hubachiisuuf carraan jiru guddaa ta'uu kaasaniiru.

[187] Af-gaaffii Itichaa Bashaanee, qorataa olaanaa Abbagaar damee Oromiyaa, gaafa 14/6/2009 gaggeeffame.

[188] Nabii Bulloo –knfm Shashama 24/05/2009

Agarsiistuun biraa ittisni yakka malaammaltummaa ittiin madaaalamu, qorannoo dhaabbatichi balaan malaammaltummaa eessatti, haalaa fi akkaataa ittiin mul'atu adda baasuuf taasifamuuniidha. Komishinichi baay'inaan qorannoo (research) bu'uureffachuun balaan malaammaltummaa sektera kam keessatti akka hammaatu, haala kamiin akka mul'tu adda baasuuf yeroo baay'ee qorannootti kan gargaaramu yoo ta'e olaanaa; hanga tokko qorannootti kan dhimma bahu yoo ta'e giddu galeessa; qorannootti fayyadamuun kan hin baratamne yoo ta'e gad-aanaa dha. Milkaa'ina duuala malaammaltummaa irratti taasifamuuf iddoo irratti xiyyeeffatanii hojjetan qorannoon adda baasuun murteessaadha. Kun ta'uu baannaan iddoon irratti xiyyeeffatamuu qabu kan biraa ta'ee osoo jiru gara biraa irratti hojjechuun kan jiraatu ta'a. Kun immoo gama biraatiin bu'a qabeessummaa hojii komishinichaa gadi buusa. KNFMO gama kanaan yoo madaalamu gad-aanaa dha. Komishinichi hanga ammaatti qorannoo yakki malaammaltummaa eessatti akka heddummaatu adda baasuuf qorannoo inni gaggeesse/ogeessotni akka gaggeessu taasise tokko qofaa dha. Kunis kan namatti agarsiisu komishinichi hojii ittisa yakka malaammaltummaa iddoo hammeenyummaan isaa jiru qorannoon adda osoo hin baasiin akkasumaan kan ittisuuf deemu ta'uu isaati. Kun immoo karaa biraatiin hojii bu'a qabeessa hojjechuu irratti miidhaa qaba.

Ittisni yakka malaammaltummaa kan ittiin madaalamu inni biraan oddeeffannowwan ittisa yakka malaammaltummaa bifa duulaatiin dabarsuu komishinitiiniidha. Akka agarsiistuu kanaatti hojiin ittisa yakka malaammaltummaa hawaasaaf odeeffannoo dhimmichaa bifa duulaatiin keennuu iratti hundaa'a. Bu'uura kanaan odeeffannoon ittisaa yeroo baay'ee hawaasaaf kan dhaqqabu bifa duulaatiin yoo ta'e olaanaa; hanga muraasa bifa duulaatiin kan darbu taanaan giddugaleessa; odeeffannoon hawaasaaf kan hin dabarre yookaan bifa duulaatiin kan hin raawwatamne yoo ta'e hojiin ittisa yakka malaammaltummaa irratti hojjetamu gad-aanaa ta'a jechuudha. KNFMO gama kanaan yoo madaalamu giddu galeessadha. Af-gaaffii taasifame[189] irraatti adeemsi komishinichi hawaasa malaammaltummaa baachuu hin dandeenye uumuuf hojjetu itti fufaa fi haala hundumaa keessatti akka hin taane ibsameera. Tattaaffiin taasifamus hawaasa keessa gad-bu'uun hawaasa hundaa sochoosuu kan hin daandeenye ta'uu isaatu ibsame. Leenjiin kennamus yeroo baay'ee

[189] Addisuu ogeessa seeraa waajjira pirezidaantii mootummaa naannoo Oromiyaa, gaafa 6/6/2009; Amantee Machaaluu, itti aanaa odiitera muummicha Oromiyaa, gaafa 2/6/2009; Af-gaaffii Damballaash Tashoomaa, Abbaa adeemsa bulchiinsa qabiyyee lafa magaalaa Ejensii Misoomaa fi Manaajimentii lafa magaalaa godina Harargee Lixaa, Shifarraw Bashaa, qondaala naamusaa waajjira bulchiins godina Harargee Lixaa, gaafa 8/5/2009; Abdusalaam Amaan, abbaa alangaa biiroo haqaa damee Kibbaa, gaafa 24/5/2009 gaggeeffame.

sekteroota naannoo manni hojii komishinichaa jiruu fi manneen barumsaa naannichatti argaman keessatti raawwata. Kun immoo hubannoo hawaasaa cimsuuf yaaliin hanga barbaadamu bifa duulaatiin kan hin raawwatamne ta'uu isaati. Gama biraatiin ispootiwwan adda addaa komishinichi kan qopheessu ta'us bifa duulaatiin raawwatama jechuun rakkisaadha. Miidiyaatti fayyadamuun ergawwan kan dabarsanis kaffaltiin waan ta'eef bifa duulaatiin raawwachuun rakkisaadha. Kanaafuu, raawwiin komishinii gama kanaan yoo xiinxalamu tarsiimoon ittisa isaatii giddu-galeessa ta'a.

Agarsiistuun biraa ittisni yakka malaammaltummaa komishinii ittiin madaalamu, weebsaayitii yookiin miidiyaalee hawaasatti fayaadamuun odeeffannoowwan ittisa yakka malaammaltummaa hawaasaaf dabarsuuniidha. Akka agarsiistuu kanaatti komishiniin baay'inaan weebsaayitii yookiin miidiyaalee hawaasaatti fayyadamuun odeeffannoo hawaasa biraan kan gahu yoo ta'e olaanaa; oddeeffannoo ittisa yakka malaammaltummaa dabarsuuf weebsaayitii yookiin miidiyaalee hawaasaa hanga muraasa kan fayyadamu yoo ta'e giddugaleessa; komishiniin weebsaayitii kan hin qabne yookiin oddeeffannoo dabarsuuf miidiyaalee hawaasaarratti kan hin hundoofne yoo ta'e gad-aanaadha. Komishinchis gama kanaan yoo madaalamu gad-aanaadha. Baroottan sadan keesatti komishinichi weebsaayitii hojjirra oolee odeeffannoo mana hojiichaa itti fe'amu hin qabu. Miidiyaa hawaasaas komishininichi hin qabu; akkasumas odeeffannoowwan ittisa yakka malaammaltummaa miidiyaalee hawaasatti dhimma bahuun hawaasa dhaqqabsiiisuun kan hin jirreedha. Walumaagalatti hojiin ittisa, barumsaa fi odeeffannoo hawaasa bal'aa dhaqqabsiisuuf hojjetamu agarsiiftuwwan sagaliin madaalama. Dhuma irrattis hojiin ittisa komishinii maal akka fakkaatu/sadarkaa akkamiirra akka jiru agarsiiftuwwan kanneen walitti ida'uun hiramee kan argamu ta'a. Olaanaan qabxii 3, giddu galeessi 2 gad-aanaan 1 qabata waan ta'eef walitti ida'uun 9f hiramee kan dhufu ta'a. Bu'uura kanaan komishinichi agarsiiftuwwan sadiin olaanaa; sadiin giddugaleessa; sadiin gad-aanaa ta'uun akka waliigalaatti sadarkaa giddugaleessaa irratti argama.

### 3.4.2 Hojii Qorannoo fi Himannaa

Komishiniin naamusaa fi farra malaammaltummaa naannoo Oromiyaa tarsimoowwan farra malaammaltummaa gurguddoo lamaan ittisaa fi tarkaanfii seeraa fudhachuu fayyadamuun duula farra malaammaltummaa irratti taasisaa jira. Hojiin gama itti gaafatamummaa mirkaneessuu ykn tarkaanffii seeraa fudhachuutiin (law enforcement) hojjatame ciminaa fi laafina maal akka qabu; rakkoo hojii keessatti mul'atan maal faa akka ta'an itti aansuun haa ilaallu. Xinxaala kana keessattis ragaawwan istastiksii komishinicha irraa argaman, afgaaffii fi marii garee ogeessota komishinichaa fi qooda fudhatootaa waliin taasifame akkasumas bargaffiin fayiidaa irra oolee jira.

Namoota yakka malaammaltummaa raawwatan tarkaanfii seeraa irratti fudhachuu ilaalchisee ciminni hanga ammaa jiru maali gaaffii jedhu dhiyaateef hirmaattotni qoranichaa deebbii adda addaa laatanii jiru.Komishinichi namoota aangoo isaanitti fayyadamanii hawwaasa irratti miidhaa bifa gara garaan geessisaa turan itti gaafatamaa akka ta'an gochuu eegaluun ciminadha yaadni jedhu baay'inaan ibsame.[190] Namoota yakka malaammaltummaa raawwatan adabuun ilaalchi hawwaasaa waa'ee itti gaafatamummaa irratti qabu akka fooyya'ettis ibsama.[191] Aangawootni mootummaa itti gaafatamummaa yakki malaammaltummaa hordofsiisu waan hubataniif qabeenya maddi isaa hin beekamne horachuu irraa of qusachuu eegaluun bu'aa hojii itti gaafatamummaa mirkaneessuti kan jedhanis jiru. [192] Hojjatootni Komishinichaa hojiin tarkaanfii seeraa fudhachuu duula farra malaammaltummaa irratt godhe keessatti akka ijootti ilaalama; malaammaltummaa ittisuu keessatti gahee olaanaa taphatera jedhanis jiru.[193] Hirmaatotni cimina  hojii tarkaanfii seeraa fudhachuu irratti jiru ibsan, hojiin hojjatame hanga eegamuu gadi ta'uu ni amanu.

Gama biraatiin hirmaatotni qoranichaa hedduun hojii tarkaanfii seeraa fudhachuu irratti komishinichi hanga ammaa hojjate akka ciminaatti kaasuuf kan isaan rakkisu ta'uu isaa ibsaniiu. Keessattuu, ogeessoonni qaamolee haqaa (A/Alangaa fi Poolisiin) komishiniin gama yakka malaammaltummaa qoratee himachuutiin bu'aan buuse baay'ee gadi aanaa ta'uu amanu.[194]

[190] Damoozee, Isheetuu , Filee
[191] Afgaaffi Obboo Damoozee Maammee Ittigaafatamaa Komishinii Hiikkoo seeraa Naannoo Oromiyaa waliin gaafa taasifame.
[192] Obbonaa Taaddasaa KNFM Damee Jimmaa
[193] Salamoon KNFM damee KI/Lixaa
[194] Asaffaa, Anteenaa,

Gama itti gaafatamummaa mirkaneessuutiin hojiiwwan hojjataman tokko tokkoon haala itti aanuun haa ilaallu.

#### 3.4.2.1 Qabiinsa eeruu

Hojii qorannoo yakkaatiif eeruun dhiyaatu ka'uumsa. Eeruu kennuun bifa hawwaasni hirmaannaa sochii farra malaammaltummaa keessatti qabu ittiin mul'isu keessaa tokkoodha. Eeruun gara komishinii dhufu baay'ina ummataa fi babal'ina ykn hammeenyummaa malaammaltummaa waliin kan wal gitu ta'uu qaba. Kanaaf immoo, dhimmoota malaammaltummaa irratti namoota eeruu kennaniif haala mijataa uumuun fi eegumsa gochuun barbaachisaadha. Dabalataan, qaamni farra malaammaltummaa yakkoota malaammaltummaa haala dhoksaatiin raawwataman kaka'uumsa mataa isaatiin irra gahee qorachuuf gahuumsa qabaachuun irraa eegama.Gama kanaan qabatamaan naannoo Oromiyaa jiru maal akka fakkatu haala armaan gadiitiin haa ilaallu.

Gaaffii eeruun gara KNFMNO dhufu baay'ina ummata naannichaa fi hammeenyummaa malaammaltummaa naannicha keessatti mul'atuun walgitaa jedhu deebisuun barbaachisaadha. Akka gabaasa[195] KNFMNO bara 2006 1202, bara 2007 eeruu 1114 fi bara 2008 eeruu 1188 waliigalatti eeruuwwan 3504 walitti qabee jira. Giddu galeessaan waggaa tokkotti eeruun 1168 gara komishinichaa ni dhiyaata jechuudha. Bu'uara tilmaama daballii ummataa Ejansii istaastiksii Fedraalaa taasiseen baroota 2006 hanga bara 2008 baay'inni ummataa naannoo Oromiyaa giddu galeessaan mil. 34ture.[196] Naannicha keessatti hammeenyummaa fi tamsa'inni Malaammaltummaa olaanaa akka ta'e qorannoowwaan ni agarsiisu.[197] Baay'ina ummata naannichaa fi eeruu komishinichaaf dhiyaate yoo waliin madaallu eeruun tokko namoota 29,707f irraa kan madde ta'uu hubanna. Baay'ina eeruu dhiyaatuu fi lakkofsa ummataatin garaagarummaa KNFMNO fi komishinoota caaseffama fi ergama wal fakkaataa qaban biroo faana garaa garummaa jiru haa ilaallu.

[195] Dhimmoota eeruun dhiyaatan fi murtoon adda addaa argatan irratti istaastiksiin komishinichaan (dame dabalatee) qabatame kan wal simu miti. qulqullinni gabaasaa shakkisiisaadha.
[196] Bu'ura raaga baay'ina ummataa Ejansii istatistiksii Itoophiaa lakkoofsa baay'ina ummataa bara 1997 gaggeesse bu'ureeffachuun taasiseen baay'inni Ummata naannoo Oromiyaa bara 2006 32,815,995, bara 2007 33,691,991, bara 2008 34,575,008 dha.
[197] Alamuu Disaasaa(faa), Qo'annoo Sakatta'a Hubannoo, Ilaalchafi Gocha Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa, yuniversitii saayinsii fi teeknoolojii Adaamaa,2016,pp.56

KNFM mootummaa naannoo kibbaa bara baajataa 2007 eeruu 1,143, bara 2008 eeruu 1,514 sassaabuu danda'eera. Giddu galeessi baay'ina ummata naannichaa kan waggaa lamaanii 18,497510 dha. Baay'ina ummataa fi eeruu komishinii naannichaatti dhiyaate yoo wal bira qabnu, eeruun tokko nama 12,924 akka dhaabbatutti ilaalama. Kana irraa kan hubatamu KNFM naannoo kibbaa ummata baay'inni isaa miliyoona 16 baay'ina ummata naannoo Oromiyaatii gadi ta'e qabatee eeruu baay'innni isaa kan naannoo keenyaa caalu walitti qabuu danda'uu isaati. Haaluma wal fakkaatuun komishinii farra malaammaltummaa bulchiinsa Hong Kong yoo ilaalle ALA bara 2015tti qofa ummata magaalitti miliyoona 7.3 ta'u irraa eeruun 2798 (eeruu dhimma filannoon walqabatu osoo hin dabalatin) gara komishinichaa dhufeera.[198] Kunis eeruun tokko namoota 2,609 irraa dhufa jechuudha. Fakkeenyota kanneen irraa akka waliigalaatti kan hubannu hammeenyummaa fi babal'ina malaammaltummaa naannoo keenyatti mul'atuu fi baay'ina ummataa jiru faana lakkofsi eeruu gara komishinichaa dhufu gadi aanaa ta'uu isaati.

Hawwaasni yakka malaammaltummaa raawwatame ykn adeemsa raawwii irraa jiru gara ilaalchisee eeruu gara komishiinii ykn qaama aangoo qabuu akka dhiyeessu haalli mijataan uumuufii qaba. Fakkeenyaaf, Komishinii farra malaammaltummaa bulchiinsa Hong Kong eeruu hawwaasaa fi gabaasni qaamolee adda addaa irraa gara komishinichaa akka dhufu sirna cimaa fi mijataa ta'e hundeesseera. Giddu galeessa eeruu hawwaasa simachuuf oolan 7, kan hojjatootaa fi bilbilaa sa'aa 24 tajaajila kennu qaba. Hawwaasnis tajaajila kanatti fayyadamee eeruu akka kennu yeroo yeroon hubannoon ni laatamaaf. Koreen madaalli fi hordoffii (review committee) jedhamu eeruuwwan gara komishinichaa dhufan hundinuu sirnaan calalamee murtii argachuu hordofee gabaasa isaa ummataaf ibsa.[199] Kun immoo Ummatni Komishinicha irraatti amantaa akka horatuu fi waliin akka atoomu taasiseera.

Itti aansuun akka naannoo Oromiyaatti sababoota baay'inni eeruu gara komishinichaa dhufu akka gadi bu'u godhanii fi eeruu haawwaasaa irraa dhufu simachuuf haalotni mijatoo jiran maal akka fakkaatan haa ilaallu. Komishiniin bifa adda addaan dhimma malaammaltummaa irratti eeruu walitti qabuuf karoorfatee hojjataa tureera. Haala kanaanis komishinichi bara 2006 eeruu ***835***, bara 2007 eeruu ***1,160*** fi bara 2008 immoo eeruu ***1,255*** walitti qabuuf karoorfate. Karoorri KNFMNO gama kanaan yoo ilaalamu baay'ina ummata naannichaa fi hammeenyummaa

[198] Hong Kong Facts, ICAC, *ICAC Home Page address: http://www.icac.org.hk gaafa4/3/2009 kan ilaalame.*
[199] Tony Kwok Man-wai, Formulating An Effective Anti-Corruption Strategy –The Experience Of Hong Kong ICAC, Resource Material Series No.69, pp.199

malaammaltummaa jiruun kan walgitu akka hin taane ni hubatama. Gadi buusanii karoorfachuun mataa isaatti eeruun akka hin dhiyaanne kan dhorku ta'uu baatus, hanqina mul'atu sirreessuun raawwii fooyya'aan akka hin galmoofne ni taasisa. Kanaaf dhimmoota baay'ina eeruu gadi buusan keessaa tokko xiqqeenya karoorati jechuun ni danda'ama. Gabaasni fi ragaan qindaa'aan dhabamuu irraa kan ka'e eeruu dhiyaatu keessaa kan aangoo komishinii ta'an meeqa akka ta'e beekuun dadhabamus; ogeessonni komishinichaa eeruu dhiyaatu harki caalaan aangoo komishiniitiin ala akka ta'e ibsu.[200] Kana jechuun immoo eeruun yakka malaammaltummaa ilaallatu hanga barbaadamuun komishinicha gahaa akka hin jirreedha.

Baay'ina eeruun gara komishinichaa dhufu irratti wantoota dhiibbaa qaban keessaa inni ijoon eeruu kennuuf haala mijataa jiru faana kan walqabatuudha. Gaaffii yakka malaammaltummaa irratti hawwaasni eeruu akka kennuuf haalli mijataan uumame maal fakkaata jechuun dhiyaateef ogeessonni afgaaffiin godhameef yaada isaanii kennaniiru. Namoota eeruu kennaniif haalli mijataan akka hin uumamne ogeessonni komishinichaa hedduun ni amanu. Kanas yoo ibsan, waajjiraaleen Komishinichaa iddoo baay'etti abbootii dhimmaaf dhaqabamaa fi mijataa miti yaada jedhu kaasu. Waajjirri komishinichaa kan giddu galeessas ta'ee damee iddoo hawwaasni salphaatti dhaqee komishinicha irraa tajaajila argatu miti. Dhiphinni kutaa ykn waajjiraa fi haalli taa'umsaa, namoota eeruu kennuuf dhufan akka odeeffannoo barbaadan hin kennine fi iccitiin eeruu fi eeru kennaa hin eegamne godhaa akka jiru ogeessonni komishinichaa kan dames ta'ee giddu galeessaa ibsaniiru.[201] Lakkofsi bilbilaa tolaa jedhamee ibsame 888, eeruu yakka malaammaltummaa fudhachuu irratti hanga barbaadame bu'a qabeessa ta'aa hin jiru. Bilbilichi waajjira Komishinii irraa fagaatee argama. Namoonni bilbilicha hordofanii eeruu akka fuudhan ramadaman ogummaa eeruu fuudhuu waan hin qabaneef eeruun achi irraa argaman ulaagaa fi qabiyyee eeruu kan hin qabne ta'uutu ibsame.[202] Eeruun achi irraa argamus baay'ee xiqqaadha.[203] Meeshaaleen hojii eeruu fuudhuuf barbaachisan kan akka bilbilaa, fax guutuu akka hin taane fi hojii irratti dhiibbaa kan qabu taa'uu ogeessonni KNFMNO waajjira giddu galeessaa ibsaniiru. Imeeliin (E-mail) maqaa Komishinichaatiin banames waan hin jirreef hanga ammaa

[200] Tofiq,Tammiraat,Takluu, Dirribaa, Dastaa
[201] Tofiq,Takluu, Dirribaa, Dastaa
[202] Dastaa Oljirraa, Hojjataa KNFMNO Giddu galeessaa waliin marii gaafa 10/06/2009 taasifame.
[203] Dirribaa Ajjamaa, Hojjataa KNFMNO Giddu galeessaa waliin marii gaafa 10/06/2009 taasifame.

eeruun bifa kanaan fudhatame akka hin jirre ibsameera. [204] Gama biraan hojiin eeruu fuudhuu fi calalaluu bal'aa ta'us humni namaa gahaa ta'e akka hin ramadamneef ogeessonni hubachiisaniiru.[205] Kutaan eeruu, eeruu dhiyaate fuudhuu qofa osoo hin taanee yakki jedhame raawwachuu isaa ragaa dabalataa iddoo yakki raawwatame jedhame dhaquun qindeessuu gaafata. Humni namaa hojichi barbaadu waan hin gunneef dhimmota eeruun dhufan gara waajjiraalee adda addaatti erguun akka qulqulleessan godhamaa jira. Kun immoo qulqullina hojii irratti dhiibbaa fidaa akka jiru hojjatootni kutaa eeruu ni hubachiisu.[206] Kutichi ogeessotaa ogummaa adda addaa qabanii fi hojii qorannoo yakka malaammaltummaa deeggaraan kan barbaadu ta'us kana hin guutanne. Kun immoo dhimmoota dhiyaatan ilaalchisee wantoota ogummaadhaan qulqull'uu qaban gargaarsa qaamolee adda addaa fakkeenyaf kan akka KNFM mootummaa federaalaafaa akka eeggatuu fi dhimmoonni hatattamaan furmaata akka hin arganne godhaniiru.

Hojimaatni fuudhiinsaa fi qabiinsa eeruu iftoomina hanga barbaadame dhabuun eeruu kennitoota kan hin hawwanne ta'uun sababa biraati. Eeruuwwan dhiyaatan calaluu fi kutaa qorannootti dabarsuuf dhimma kamtu dursa argachuu qaba kan jedhu irratti ulaagaan ifaan kaa'ame kan hin turre waan ta'eef akkuma muuxannoo fi hubannoo isaanitti kan hojjataa turan ta'uu ogeessonni kutaa eeruu irra tajaajilan ni ibsu. [207] Bara 2008 qajeelfamni lakk.4/2008 bahe kwt. 51 irratti akkaataa dhimmoonni hedduun al tokkotti gara komishinii yoo dhufan dursa kennuun qorataman ibseera. Haa ta'u malee, ogeessonni qajeelfamicha hordofaa akka hin jirre yaadota isaanii irraa hubachuun danda'ameera. Qajeelfamichi iftoomina hin qabu. Ogeessonni hedduun hubannoo isaa akka hin qabnee fi ittis hojjachaa akka hin jirree hubatamee jira. Ogeessi eeruu fuudhu eeruu dhiyaate galmeessuu fi dhiisuu fi yaada murtii kennu irraa dantaa akka hin qabne haalli itti mirkanaa'u dhabamuun dhimmoota iftoomina qabiinsa eeruu keessatti shakkii uuman keessaa tokkoodha. Irra caalaan geessotaa eeruun dhiyaatu hundi sirnaan galmaa'ee murtoo argataa kan jedhan yoo ta'u, kanneen shakkii qabna jedhanis jiru. Eeruuwwan dhiyaatan sirnaan galmaa'uu fi murtoo argachuu sirni itti to'atamu akka hin jirre garuu hundi itti waliigala. Dhimmoonni sirna jiru osoo hin hordofne (kutaa eeruutti osoo hin galmoofne) qoratamaniis jiraachuu ogeessonni ni

[204] Dirribaa, Dastaa Hojjataa KNFMNO Giddu galeessaa waliin marii gaafa 10/06/2009 taasifame.
[205] Toofiq, Tekluu, Dirribaa
[206] Dastaa Oljirraa, Hojjataa KNFMNO Giddu galeessaa waliin marii gaafa 10/06/2009 taasifame.
[207] Nabii, Dirribaa, Dastaa Hojjataa KNFMNO Giddu galeessaa waliin marii gaafa 10/06/2009 taasifame.

ibsu. Kunis gaaffii iftoominaa kaasa. Tajaajjilli kutaan eeruu kennus eeruu fuudhee calaluu qofa osoo hin taanee dhimmoota abbootii dhimmaatin dhiyaataniif illee tajaajila gorsaa kennuu ta'uun hojii kuticha keessatti hojjatamu irratti dhiibbaa fidee jira.[208]

Yakka malaammaltummaa raawwatame irratti eeruu kennuun barsiifata hawwaasaa keessa jiru irrattis kan hundaa'udha. Kana ilaalchisee haala naanno keenya jiru ogeessonni KNFM yaada yoo kennan,

> *Komishinichi …eeruu kan argatu [namoonni raawwii yakka malaammaltummaa keessatti hirmaatan ykn kaneen raawwatanii fi dhimmicha beekan gidduutti waldhabbiin yoo uumameedha]. Komishinichi eeruu kan argatu… waldhabbii namoota akka carraa gaaritti fudhachuun.*[209]

jechuun ibsaniiru. Yaada kana irraa kan hubatamu komishinichi yakkoota malaammaltummaa fedhiin nama dhuunfaa kallattiin keessa hin jirree fi dantaa ummataa miidhan irratti eeruu argargachuuf carraaan qabu dhiphaa ta'uu isaati. Gama biraan immoo komishnichi yakkoota malaammaltummaa dhoksaa fi dantaa ummataa miidhan kanneen qorachuuf tooftaan amma hordofaa jiru (eeruu eeguun) sochii farra malaammaltummaa bu'a qabeessa gochaa akka hin jirre hubachiisa. Kun immoo yaada geessonni komishinichi kaka'uumsa mataa isaan dhimmoota malaammaltummaa qorataa hin jiru[210] jedhan kan cimsuudha.

Eeruuwwan seektaroota adda addaa irraa gara komishinii dhufaniif si'oominaan furmaata itti kennuu dhabuun akkumu jirutti ta'ee qaamoleen kunneenis eeruu isaaan bira dhufu sirnaan akkaa gara komishiniiitti hin dabarsine qondaalotni naamusaa seektara adda addaa keessaa hojjatan ni ibsu.[211] Kunis sababa dhiibbaa hoggantootaa fi xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuutiif akka ta'e hubatamee jira.

#### 3.4.2.2 Eegumsa eeruu kennitootaa fi raga-baatotaa

[208] Dirribaa, Israa'eel Buzunaa, Hojjataa KNFMNO Giddu galeessaa waliin marii gaafa 10/06/2009 taasifame.
[209] Nabii Bulloo –knfm Shashama 24/05/2009, Dirribaa
[210] Addisuu
[211] Mahammad Haashim, Huseen, Ida'oo

Namoota eeruu kennanii fi raga baatotaaf eegumsa gochuu irratti tattaaffiin jiraatus amma illee hanqinni guddaan akka jiru namoonni afgaaffiin godhameef ni ibsu. Bulchinsa magaalaa Duukamitti dargaggoota eeruu kennaniif eegumsi komishiniin godhame akka fakkeenya gaariitti caqasama.[212] Haa ta'u malee akka waliigalaatti eegumsi godhamaa jiru gahaan waan hin taaneef eeru kennitoota irra miidhaan (guddina dhorkamuu, seeraan ala jijjiruu, sadarkaa irraa gadi buusuu fi kkf) kan gahaa jiru ta'uu isaa akka hubatan ogeessonni ni ibsu.[213] Komishiniin namoota eeruu kanneeniif eegumsa gochuu keessatti tarkaanfii dirqisiisaa fudhachuu waan hin dandeenyef namoonni yommuu miidhaman ni mul'ata. Fakkeenyaaf, hojjattuun waajjira qonnaa ta'uun Godina wallaggaa Bahaatti hojjataa turte sababa eeruu kenniteen hojiirraa akka dhaabbatuu godhame. komishinichi hojiitti akka deebitu godhus sababa hojiif barbaadamteef jechuun maatii ishee irraa Godina Harargee Bahaatti akka jijjiramtu godhamee jira.[214] Sababa eeruu kennaniif namoonni manni jireenyaa irraa fudhatamee maatii waliin jireenya daandirraatiif saaxilamanis kan jiran ta'uu ogeessi miidiyaa dhimmaa malaammaltummaa irratti hojjatu ibsee jira.[215]

Sanadoota komishinichaa sakata'aman irraayis hubachuun kan dana'amu sirni eegumsa eeru kennitootaa cimaa akka hin taane hubatama. Gaaffii eegumsaa eeru kennitootaan fi raga-baatotaan dhiyaataniif deebiin kennamu irra caalmaan xalayaa deeggarsaa qofa barreessuun kan deebi'udha. Sanas taanaan qaamni xalayaan barreeffameef hojiirraa oolchuu fi dhiisuun isaa adda bahee haalli itti hordofamu hin jiru.[216] Iccitiin eeruu fi eeru kennaa eeguu irrattis ogeessota komishinichaa bira hanqinni akka jiru ogeessonni ibsanii jiru.[217] Gara biraan immoo namoonni eeruu kan fidan wal sodaachisuuf waan ta'eef iccitii eeruu kan baasu namuma eericha fiduudha yaadni jedhus jira.[218]

### 3.4.2.3 Hojii Qorannoo Yakka Malaammaltummaa

[212] zinaabuu
[213] Tarrafaa Eddoosaa
[214] Dirribaa
[215] Zinaabuu
[216] Fakkenyaaf, Gaaffii eegumsaa lakk.eeruu 172/06,184/06, 192/06 (sirreefamtoota M/amala sirreessa) dhiyaatan ilaaluun ni danda'ama.
[217] Addisuu, kataraa , Abbabaa
[218] Dirribaa, Dastaa

Eeruuwwan gara komishinichaa dhufan aangoo komishinii jalatti kan kufan yoo ta'e adeemsi itti aanu dhimmicha qorachuudha. Hojiiwwan qorannaa yakka malaammaltummaa komishinichaa hanga ammaa raawwate maal akka fakkatu daataa argame faana akka itti aanutti xinxaalamee jira.

Xinxaala kana keessatti daataan istaastiksii komishinichaa irraa argame qulqullina dhabuun (daataa wal hin simannee, dhimmoota ijoo hin ibsine) hanqinoota jiran sirnaan akka hin agarsiifne godheera. Ta'us hanqinoota jiran kanneen afgaaffii ogeessotaa KNFMNO fi qaamolee hirtaa waliin taasifameen deeggarameera.

KNFMNO dhimmoota yakka malaammaltummaa jedhamanii eeruun gara komishinichaa dhufan qoratee murtii adda addaa itti kennaa turee jira. Murtiileen kunis akka himatamu, bu'ura sdfy kwt. 38(c)tiin ragaan dabalataa akka funaanamu, buura sdfy kwt.42(1) galmee qorannaa cufuu ykn Biiroo haqaatiif bakka bu'iinsa kennuu ta'uu danda'a. Dabalataan komishinichi yakkoota malaammaltummaa qaamolee haqaatiin qoratamanii gara komishinichaatti dhufan irrattis murtii wal fakkaataa ni kenna. Gabateen itti aanu waggoota sadan qoranichi ilaale keessatti dhimmoota komishinichaan ilaalamanii murtii argatan ibsa.

| Bara | Eeruuwwan dhiyaatan | Galmee poolisii irraa dhufe | Dhimmoota kom. qorataa ture | Dhimmoota qoratamanii xumuraman (eeruu + gamee poolisii) | Baay'ina dhimmoota eeruu kom. Dhiyaate bu'ura godhatan |
|---|---|---|---|---|---|
| 2006 | 1202 | 180 | 363 | 263 (%72.45) | 21(% 7.98) |
| 2007 | 1114 | 175 | 537 | 208(%38.73) | 33 (% 15.78) |
| 2008 | 1188 | 151 | 430 | 209 (48.60) | 12 (%4) |
| **Ida'ama** | **3504** | **506*** | **1330*** | **680 (%51.12)** | **66 (%8.56)** |

* Hub. *Gabaasni komishinichi qopheessuu fi ragaan qabatu dhimmoota kanneen kan ibsu waan hin taaneef istaastiksii irratti garaa garummaan muraasni uumamuu danda'a.*

**Gabatee**: Bara 2006-2008 Dhimmoota KNFMNO dhiyaataniifi kanneen qoratamanii murtii adda addaa argatan agarsiisu.

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'amu, dhimmoota yakka malaammaltummaati jedhamanii gara komishinichaa dhufan keessaa, komishinichi qoratee murtii kan itti kenne walakkaa dhimmota dhiyaataniiti. Dhimmoota qorataman keessaa immoo, kanneen eeruu komishinichaatiif kennaman bu'ureeffatan **%8.56** dha. Kana jechuun dhimmoota komishinichi qoratee murtii itti kennu keessaa olaanaan (**%91.44)** qaamolee haqaa (poolisii) irraa kan dhufu ta'uu isaati. Kana irraa kan hubatamu hojiin komishiniin irra caalmaan yakkota malaammaltummaa qaamolee biroon (poolisii fi waajjira Haqaan) qoratamee dhufe xinxaaluun ykn qorannoo dabalataaa gaggeessuun murtii adda addaa laachuu fi himachuudha. Hojiin komishinichi eeruu isaaf dhiyaate ka'uumsa godhachuun raawwatu baay'ee xiqqaa akka ta'e hubatama.

Dhimmoota komishinichi qoratee murtoo itti kenne keessaa kan eeruu gara komishinichaa dhufan irraa maddan hanga kana kan gadi bu'aniif sababa maaliif gaafii jedhuuf deebii kennuun barbaachisaadha. Dhimma kanaaf sababoota lamatu ka'a. Tokkoffaan eeruun gara komishinichaa dhufu baay'inaan dhimma malaammaltummaa kan of keessaa hin qabne fi aangoo komishinichaan ala kan ta'an ta'uudha.[219] Kun immoo rakkoo olitti ibsame haala mijataan eeruu kennuuf ta'u dhabamuu waliin kan walqabatuudha. Sababni inni lammaffaa fi nammoonni afgaaffiin taasifameef baay'een irratti waliigalan komishinichi eeruuwwaan gara isaa dhufan dafee deebii itti kennuu dhabuu (responsiveness) waliin kan walqabatuudha.

Komishinichi dimmoota yakka malaammaltummaati jedhamuun eeruu fi galmee qorannootiin gama isaa dhufan dandeettiin deebii itti kennuu (responsiveness) isaa maal fakkata kan jedhu haa ilaallu. Komishinichi dhimmoota qorataa ture keessaa galmeen murtii adda addaa (sadarkaa komishinichaatti) itti keenne walakkaa qofadha.Murtiiwwan kanneen dabarsuuf giddu galeessaan yeroo hagamii fudhata qabxii jedhu maddaaluuf, galmeewwan baroota 2006-2008 keessaa qoratamanii fi turtii yeroo gabaabaa, giddu galeessaa fi dheeraa qaban 116 akka eddattootti fudhachuun ilaalamaniiru. Haaluma kanaan komishinichi eeruu ykn galmee qorannoo poolisii irraa dhufe ilaalee ykn qoratee murtii adda addaa (kan akka bakka bu'iinsa kennuu, galmee bu'ura 42(1)tiin cufuu, 38(c), himachuu) dabarsuuf giddu galeessaan waggaa 1 fi ji'a 1 itti

[219] Dirribaa, Dastaa, Tekluu, Tammiraat

fudhata. Dhimmoonni waggaa 6 fi 7 booda murtii argatanis jiru.[220] Qorannoon komishinichaa yeroo JBAH'n taa'e keessatti gaggeeffamaa hin jiru. Kana irraa hubachuun kan danda'amu komishinichi dhimmoota qorannoof gara isaa dhaqan yeroon deebii akka itti hin kenninee fi dhimmoonni murtii adda addaa sadarkaa komishiniitti kennamu, argachuuf yeroo dheeraa akka itti fudhataa jiru ta'uu isaati.

Dhimmoonni gara komishinichaa dhaqan ariittiin deebii argachuu fi dhiisuu, akkasumas hanqinoota gama kanaan jiran akka ibsaniif, afgaaffii dhiyaateef irratti hirmaattotni qoranichaa deebii kennanii jiru. Komishinichi hanqina ogeessotaa (baay'inaa fi gahuumsaan) waan qabuuf dhimmoota eeruun dhufan yeroon qoratee murtii itti kennuu dhabuun rakkoo qabatamaan jiru ta'uu ogeessonni komishinichaas ni amanu.[221] Ogeessonni galmeen qorannoo yommuu hiramuuf to'annoon akka hin taasfamnee fi yeroon qoratanii murtii kennaa akka hin jirre hojjatootni komishinichaa ni ibsu. Abbootiin alangaa galmee qorannoo fudhatanii osoo hin hojjatin waggaa tokkoo ol tursiisuun deebisuun ni mul'ata. Qabatamaanis galmee qorannoof hirame irraa hubachuun kan danda'ame kanuma. Fakkeenyaaf, eeruun lakk.60/2006 ta'e gaafa 01/02/2005 komishiniif dhiyaatee qorannoon akka ilaalmu murtaa'ee, gaafa 24/03/2007 Abbaa Alangaaf kennameera. Haa ta'u malee galmichi osoo hin qoratamin bara 2008 ji'a Guraandhala keessa deebi'ee jira. Galmeen qorannoo yommuu hiramu sirni itti wal harkaa fuudhamu illee kan hin jirree ykn laafaa ta'uu irraa kan ka'e galmeen hin deebi'in hafan illee kan jiran ta'uu ni hubatama.[222] Hanga bara 2008tti eeruun gara komishinichaa dhaqu, calalamee haa qoratamu erga jedhame boodas kutaa eeruu hafuun kuufamaa kan turanii fi yeroon deebiin itti kennamaa kan hin turre ta'uus ogeessonni kutaa eeruus hubachiisaniiru.[223]

Ogeessonni (qoratootni fi hoggantootni) poolisii afgaaffiin godhameef hedduun komishinichi yakka malaammaltummaa irratti eeruu gara isaa dhaqe qorachuun haa hafu kan poolisiin qoratee dhiyeessu himachuu akka hin dandeenye galmeewwan yeroo adda addaatti qoratanii ergan kaasuun hubachiisanii jiru. Fakkeenyaaf, Godina Jimmaa keessattis bosonni uumaamaa fi kan

[220] Fakeenyaaf Galmee Abbaa Alangaa 2/00244/2000 (Hiywoot Ayyalaa N-10), 3/00168/2000 (Abbuu Caakisoo n-4), 3/0031/2000 (Abdusaam Yaasiin N-2) faa ilaaluun ni danda'ama.
[221] Amaan, kataraa, asaffaa, tarrafaa
[222] Fakkeenyaaf, eeruuwwan lakk. 156/07, 142/03, lakk.532/04, 327/06 fi galmeewwaan qorannoo poolisii irraa dhufan lakk. Galmee 7/0030/04, 7/0031/04, 7/0032/04 qorataa abbaa alangaa kamiif akka hirame kan hin beekamne fi qoratamee kan hin deebine ta'uu database komishinichaa ni agarsiisa.
[223] Dastaa Hojjataa KNFMNO Giddu galeessaa waliin marii gaafa 10/06/2009 taasifame.

ummataa ta'e heektaarri heedduu fi maallaqaan shallagamuu hin dandeenye ciramee faayidaa dhuunfaaf akka oolu godhameera. Yakkoota Malaammaltummaa kaabinee fi abbootiin taayitaa sadarkaa adda addaa irra jiran abbootii qabeenyaa waliin ta'uun raawwatan kanneen poolisiin qoratee gara komishinichaa ergus, komishinichi himatee seera kabachiisuu akka hin dandeenye ogeessonni poolisii dhimmicha beekan ni ibsu. Komishinichi galmeewwan kana waggaa lamaa fi sadi booda qabxiin gara poolisiitti akka deebisee fi poolisiin sababa ragaa fi namoonni yakka raawwatan badaniif (biyyaa bahaniif ) galmicha xumuruu akka hin dandeenye hubachiisaniiru.[224] Qajeelchi poolisii Godina Sh/Ki/Lixaa bara 2005/6 keessa Godinicha Aanaa Qarsaa Maallimaatti yakka malaammaltummaa qisaasama qar. Miliyoona 4 ol dhaqabsiise qoratee komishiniif dabarbus akka hin himataamne ogeessonni ibsaniiru.[225] Komishinichi yakkoota malaammaltummaa ijaarsa iddoo daladalaa Mana Amala sirreessaa Godina Wallaggaa walqabatee eeruu kennameef qoratanii tarkaanfii fudhachuu dhabuun dhimmichi yeroo dheeraaf lafarra harkifataa kan jiru ta'uu hoggantootni mana Amala sirreessichaa ibsaniiru.[226] Dhimmoota kana irraa hubachuun kan danda'amu komishinichi dhimmoota yakka malaammaltummaa dhiyaatan qoratee deebii ykn murtii yeroo isaa eeggate kennaa akka hin jirreedha. Dhimmoota malaammaltummaa komishinichi akka seeratti dhiyeessuuf gara komishinichaa geessan seeratti akka hin dhiyaanne ykn sababa isaa illee akka hin beekne ogeessonni seektara adda addaas caqasniiru. [227]

Gahuumsi fi qulqullinni qoranoo yakka malaammaltummaa komishinichaa maal fakkata dhimma jedhu irrattis hirmaatotni qoranichaa yaada laataniiru.Sirreeffamootni seeraa qorannoon komishinichi dhimma yakka malaammaltummaa irratti gaggeessu qulqullinaa fi gahuumsa akka hin qabne kan amanan ta'uu marii isaan faana gaggeefameen ibsaniiru. [228] Kanafiis akka sababaatti kan kaasan komishinichi ragaa yakka ykn nama shakkame waliin wal qabatu hunda qorachuu ykn xinxaaluu irratti laafina qaba kan jedhuudha. Himata osoo irratti hin hundeessin, namoota yakka malaammaltummaan shakkaman to'annoo jala tursuun akka jirus marii namoota

[224] Saajin Anteenaa
[225] Kom. Amsaaluu Kumarraa
[226] Komaandaar Hayiluu Qixoo
[227] Caalaa , fiqaaduu, Baayyuu, Alamaayyoo
[228] Afgaaffii Abbashaa Ballaxaa sirreeffamaa seeraa fi ogeessa duraanii, Ab/Ta/ Ge/ Go W/Bahaa waliin gaafa 16/05/2009 taasifame.

mana amala sirreessaa jiran waliin taasifameen hubachuun danda'amee jira.[229] fakkeenyaaf, sababa kanaan gaafa murtiin kennamu namni hanga itti murtaa'ee ol hidhame jiraachuutu himame.[230] Namoota yakka malaammaltummaan shakkaman dursanii qoratanii ta'achuu irraa qabanii qorachuun akka jiru namoonni yeroo beellamaa fi itti murtaa'ee mana amala sirreessaa jiran ni kaasu. Qorannoon gaggeefamu keessattis namoota akkaataa hirmaanna yakka isaanitiin seeratti dhiyeessuu irra loogii adda addaa taasisuun namoota yakka malaammaltummaa dalagan dhiisuun ykn osoo naannoo jiratan akka barbaadamanii dhabamanitti bira darbuun akka jiru namoonni mariin waliin godhame kun ni kaasu.[231]

Komishinichi ogeessota gahuumsa qaban akka hin qabne namoonnii afgaaffiin godhameef hedduun ni aanu. Komishinichi ogeessota (keessumattuu qoratoota poolisii) gahuumsa addaa hin qabne qaxarataa akka ture; adeemsa keessa immoo ogeessonni kunnee qorataas Abbaa alangaas ta'anii akka hojjatan godhamuun hojii qorannoo yakkaa irratti dhiibbaa akka fide namoonni baay'een ni amanu. [232]

Qorannoo yakka malaammaltummaa keessatti hanqinni biraa hirmaatota baay'een ibsame komishinichi yakkoota malaammaltummaa gurguddoo caalaa yakkoota xixiqoo fi namoota aangoo olaanaa hin qabne irratti xiyyeeffata kan jedhuu dha. Komishiniin yakka malaammaltummaa jedhame hunda ofitti fuudhee hojjachuuf jecha rakkaataa jira. fakkeenyaaf, namni bishaan gandaa waraabsistu 'boonoo' bishaanii hir'isuun qarshii 200 qisaasessite jedhamtee komishiin qoratee himachuun adabsiisee jiraachuuti ibsame.[233] Dhimma hoggantootni Aanaa Keeramuu jijjirraa hojjattuu tokkoo seeraan ala mirkaneessitan jedhamuun yakka malaammaltummaan shakkamanii qabaman akka fakkeenyattii kaasuun ogeessonni fi namoonnii mana amala sirreessaa ibsaniiru.[234] Komishiniin yakkoota malaammaltummaa xixiqqoo kanneen akka namoota qamadii gargaarsaa dhufe, faayidaa isaaniif oolchaan,[235] sanada sobaa[236], xaa'oo

[229] Amasaaluu, Bayyanaa,
[230] Salamoon
[231] Salamoon
[232] [232] Afgaaffii obbo Tasfaayee Katamaa, I/G Garee Inspeekshinii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa waliin gaafa Guyyaa 9/05/2009 gaggeeffame.
[232] Yoahannis, Tarreessaa Kaasaa, Komaandaar Hayiluu Qixoo, Alamayyoo Tarrafaa, Chaalaachoo, Mahammadnur, Masfiin Geetaachoo, Amaanoo,Tarrafaa, kataraa, asaffaa, masarat
[233] Amaan
[234] Baayyuu, Alamaayyoo, Amsaaluu, Bayyanaa
[235] Tasfaayee,

daldaluu, nagahee walcaalchisun qopheessuu[237] fi mindaa darbaa kanfaluu[238] irratti kan xiyyeeffate ta'uu hubachuu isaanii ogeessoonni ibsaniiru.

Faallaa kanaa immoo yakkoota malaammaltummaa ciccimoo kan miidhaa olaanaa geessisan komishinichi qoratee seeraatti dhiyeessuu irratti baay'inaan kan hin hojjannee ta'uu namoonni afgaaffiin taasifameef ni amanu.[239] Fakkeenyaaf, malaammaltummaa dhimmoota kanneen akka ijaarsa projektii jallisii fi bishaan dhugaatii, ijaarsa istaadiyeemii wallaggaa faa keessatti abbootii aangoo olaanoodhaan raawwatamani fi qisaasama olaanaa geessisan, qorachuun seeratti dhiyeessuu hin dandeenye.[240] Yakka malaammaltummaa projektoota ijaarsa magaalaa Ajjee keessatti raawwatamanis akkasuma qoratamanii bu'aan isaa hin beekamne yaadni jedhu ibsameera.[241]

Komishinichi eeruu ykn galmee qorannoo poolisii irraa dhiyaateen ala kaka'uumsa mataa isaatiin (gabaasaa fi bu'aa oditii adda addaa qorachuun) qorannoo yakka malaammaltummaa geggeessuu irratti hanqina guddaa qaba yaadni jedhus ibsameera.[242]

#### 3.4.2.4 Hojii Himannaa Yakka Malaammaltummaa

KNFMNO'n yakkoota Malaammaltummaa qaamolee haqaan qoratamee dhiyaate ykn ofii qorate himachuun murtii itti kennisiisuun hojii komishinichaa ijoo ta'an keessaa tokkodha.[243] Hanga ammaattis komishinichi yakkoota malaammaltummaa hedduu himachuun murtii akka argatan godhee jira. Baay'ina himata yakkoota malaammaltummaa waggoota sadan darban mana murtiitti dhiyaatanii fi adabii argatan gabatee armaan gadii irraa haa hubannu.

| Bara | Himannaa dhiyaate | MMtin murtaa'an | dandeettii adabsiisuu | |
|---|---|---|---|---|
| | | | galmeen | himatamaan |
| 2006 | 47 | 44 | 88.63% | 85.4% |

[236] Tarreessaa kaasaa
[237] Afgaaffii Komaandaar Hayiluu Qixoo hogganaa Mana Amala sirreessa Go/ wallaggaa Bahaa waliin gaaafa 16/05/2009 taasiafame.
[238] Addunyaa
[239] Komaandaar Hayiluu Qixoo, Tarreessaa Kaasaa, Fiqaaduu Lataa, Abbabaa Asraat
[240] Mangistuu
[241] Tibbeessoo Heeboo
[242] Kataraa, Aaddisuu Gorsaa Preezdaantii Naannoo Oromiyaa waliin taasifame.
[243] Labsii 197/2008 kwt.19

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 2007 | 34 | 27 | 85.18% | 80% |
| 2008 | 116* | 49 | 88.88% | 81.25% |

**Daataan bara 2008 baay'ina himata qophaa'ee kan agarsiisu yoo ta'u himatni qophaa'ee ossoo MMtti hin dhiyaatii kan turu waan ta'eef dhiimmi MMtti dhiyaate kanaa gadi ta'uu mala.*

**Gabatee:** Baay'ina himata yakkoota malaammaltummaa waggoota sadan darban gara KNFMNOtiin mana murtiitti dhiyaatanii fi adabii argatan agarsiisu.

Gabatee armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu Komishinichi yakkoota malaammaltummaa 197 ta'an irratti himata dhiyeessee, baruma walfakkatu keessa immoo yakkoota 120 irratti murtii kennisiisera. Dandeettiin adabsiisuu yakka malaammaltummaa irratti jiru immoo giddu galeessaan %80dha. Kun immoo dandeettii adabsiisuu sadarkaa olaanaa irratti kan argamu ta'uu agarsiisa.

Akkuma hojii qorannoo yakkaa, hojiiwwan gama himata yakka malaammaltummaatiin KNFMNOtiin hojjatame yommuu ilaallu komishinichi yakkoonni malaammaltummaa mana Murtiitti dhiyeesses ta'ee murtii itti kennisiise baay'inni isaanii gadi aanaa ta'uu ni hubatama. Fakkeenyaaf bara 2006 fi 2007 keessa yakkoonni malaammaltummaa himatni irratti bane giddu galeessaan 40.5 yoo ta'an kanneen murtii argatan immoo 35.5dha. Baay'inni qoratoota Abbaa Alangaa komishinichaa yeroo walfakkatatti giddu galeessan 32dha. kana jechuun qorataan Abbaa alangaa tokko waggaatti galmee yakka malaammaltummaa 2 hin caallee mana murtiitti dhiyeessuu fi murteessisuuf hojjata jechuudha. Ogeessotni komishinichaa xiqqaachuu raawwii hojii himannoof wantootni sababa ta'n ni kaasu. Akka ogeessota kanaatti wantootni xiqqaachuu rawwii hojii himannootiif sababa ta'an keessaa tokko hojiin olaantummaa seeraa kabachiisuu jalqabaa kaasee hanga dhumaatti ogeessa tokkoon hojjatamuu isaati.[244] Ogeessii qorannaa-himannaa yakka malaammaltummaa qorachuu irraa kaasee, himata banee mana murtiitti falmuu, fi qabeenya deebisiisuu ofii isaa akka hojjatu godhamuun isaa ogeessi dhimma tokko qabatee akka turu godheera yaada jedhu kaasu. Haaluma wal fakkaatuun ogeessonni qoratoota-abbaa alangaa jedhaman kunneen gariin isaanii poolisoota, kaan immoo abbaa alangaa kan turan waan ta'eef ogummaa qorannaa fi himannaa yakkaa walqixaataa ta'e hin qabaatan. Ogeessonni

[244] Asaffaa, Tarrafaa, Kataraa, Dastaa

kunneen ogeessi ogummaa fi gahuumsa isaa malee hojii itti kenname akka hojjatu waan dirqameef si'oominaa fi bu'a qabeessummaa isaa irratti dhiibbaa fideera yaada jedhu qabu. ogeessota qorataa yakkaa turanii fi bu'ura kanaan hojii abbaa alangummaas akka hojjatan godhaman keessaa hanga qorannoon kun xumuramutti falmii yakkaa mana murtiitti dhiyeessanii kan hin murteesisisne akka jiran hubatamee jira.

Turtii galmeen yakka malaammaltummaa Mana murtii keessatti qabu beekuuf galmeewwan bara 2006-2008 Manneen murtiitiin hojjatamanii fi turtii yeroo gabaabaa, giddu galeessaa fi dheeraa qaban 45 dameewwan komishinichaa hunda bakka bu'uu danda'uun filatamanii ilaalamaniiru. Haala kanaan yakkoonni malaammaltummaa mana murtiitti dhiyaatanii murtii dhumaa argachuuf giddu galeessaan ji'a 9 kan itti fudhatu ta'uun isaa hubatameera. Haa ta'u malee dhimmoonni kanaa gaditti xumuraman akkuma jiran kanneen waggaa dheeraas fudhatanis ni jiru. Fakeenyaaf, dhimmii MMO Godina Addaa Naannoo Finfinneetiin LG 11311 irratti ilaalamee murtii xumuraa argachuuf waggaa 3 fi ji'a 5 kan ture ta'uu hubatameera. Dhimmichi beellama 53ffaa irratti murtii argate. Yakkoonni malaammaltummaa uumama isaaniin bal'inaa fi walxaxiinsa qabaatanis lafarra harkifachuu dhimmootaaf hanqinni komishinii biratti mul'atus gahee qaba. Abbootiin Alangaa himata qulqullina qabu hundeessuu irratti hanqinni jira. kunis, himata keeyyata sirrii jalatti banuu dhabuu fi namoota himatamuu qaban hunda himata keessatti hamachiisuu dhabuun himata fooyyessuuf dirqamuun ni mul'ata. Beellama mana murtiitiin kennamu irratti wanta raawwachuu qaban osoo hin raawwatin dhiyaachuun beellama biraa gaafachuunis akkasuma hanqinoota gama komishiniitiin dhimmoonni mana murtii dhiyaatan si'oominaan akka furmaata hin arganne godhanidha.

Hojii himannaa yakka malaammaltummaa komishinichaa hojjataa ture akkamitti madaaltu gaaffii jedhu irratti hirmaatotni deebii itti aanu kennaniiru. Abbootiin seeraa Manneen murtii dhaddacha yakkaa irra hojjatan, himannaa yaakka Malaammaltummaa komishinichaa hanqina kan qabu ta'uu akka hubatan marii gaggeefame keessatti ibsaniiru. Fakkeenyaaf, himannaan komishinichi Mana murtiitti dhiyeessu qulqullina akka hin qabne, (keeyyata sirrii caqasuu

dhabuu, falmii xixiqqoo irra turuun ni mul'atu jechuun ibsaniiru.[245] Ragaa himannoo isaanii deeggaru guutanii dhiyeessuu dhabuunis akka jiru ibsu.[246]

Yaadni himannaan yakka malaammaltummaa komishinichaa yakkoota xixiqqoo fi namoota gara gadii jiran irratti xiyyeeffata jedhus bal'inaan calaqisa.[247] Godina Wallaggaa Bahaatti, ogeesssi Ejansii Geejjibaa nama qormaata konkolaachisummaa fudhatuuf qabxii 0.5 dabalee akka qormaata konkolaachisummaa darbu taasiseera jechuun malaammaltummaan himatamee akka itti murtaa'u godhame akka fakkeenyatti ibsamee jira.[248] Namni bishaan gandaa waraabsistu boonoo bishaanii hir'isuun qarshii 200 qisaasesite jedhamee komishiniin himatee adabsiisuunis dhimmota akka agarsiistutti ka'uudha.[249] Dhimma biraatiin hojjataan mindaa kanfalu qarshii 250 darbaa kanfalte jedhamee komishiniin adbsiifames jiraachuun himameera.[250]

Gama biraatiin, hojiin komishinichi hanga ammaa olaantummaa seeraa egsisuuf hojjate humnaa, deeggarsa fi haala mijaa'aa qabu fana tuffatamuu hin qabu yaadni jedhus ni calaqqisa.[251] Hojiin qorannaa fi himannaan yakka malaammaltummaa hanga bara 2008titti gara dameetti gadi bu'uu dhabuun hojii gara olaantummaa seeraa kabachiisuutiin komishinichi hojjate irratti dhiibbaa fideera yaadni jedhu oggeessonni baay'een ni amanu.[252] Hojii qorannoo fi himannootiif gargaarsi loogistikaa godhamaa jiru baay'ee lafaa waan ta'eef, bu'aqabeessummaa fi si'oomina hojii irratti dhiibbaa kan fide ta'uu ogeessoonni qorannaa fi himannaa komishinichaa ni ibsu.[253] Hojimaata amma jiruun komishiniin yakkoota malammaltummaa gurguddoo (grand corruption cases) caalaa yakkoota sasalphaa irratti himata dhiyeessaa jiraachuu amananii, garuu namoota aangoo olaanoo irra jiran irratti hin xiyyeeffanne yaada jedhu akka hin qabne hoggantootni fi ogeessonni ibsanis jiru.[254] Komishiniin namoota yakka malaammaltummaa raawwatan ittaanaa bulchaa Godinaa fi kantiibaa magaalotaa dabalatee himachuun irratti murteessisuu isaa akka agarsiistuutti

[245] Ashanaafii Raggaasaa, A/seeraa Abarraa, Marii A seeraa MMWO waliin gaafa 01/06/2009 taasifame.
[246] Masfiin Geetaachoo
[247] Amsaaluu, Asaffaa, tarrafaa, Tasfaayee
[248] Asras, Kom. Haayiluu
[249] Amaan
[250] Addunyaa Abbabaa
[251] Tasfaayee
[252]Toofiq, Nabii, Dirribaa, Tasfaayee
[253] Masarat, Jireenyaa, Tarrafaa
[254] Isheetuu, Damoozee, Nabii

ogeessi komishinichaa ibsaniiru.[255] Qabatamaan komishinichi abbootii aangoo fi ogeessota sadarkaa olaanoo irra jiran akka himatee fi itti murteessise galmee irraa hubachuun ni danda'ama.[256]

Akka waliigalaatti Komishinichi dhimmoonni mana murtiitti dhiyeessee murtii akka argatan godhu baay'ee gadi bu'aadha. Abbootii aangoo fi ogeessota sadarkaa olaanoo irratti himata banuu fi adabsiisuu irratti jalqabbiin jiu gaarii ta'us komishinichi yeroo ammaa dhimmoota xixiqqoo irratti xiyyeefata. Humni namaa fi loogistikii gahaan dhabamuun hojii irratti dhiibbaa fiduun ni hubatama. Rakkoon gahuumsaa fi walitti makamuu hojii qorannoo fi himannoos bu'a qabeessummaa hojii himannoo miidheera.

### 3.4.2.5 Qabeenya Deebisiisuu

Hojiiwwaan komishinichi akka hojjatu aangeffame keess kan biraa qabeenyawwan adda addaa qisaasame murtii mana murtiitiin ykn murtiin ala deebissisudha. Gama kanaan raawwiin komishinichaa maal akka fakkaatu haa ilaallu.

| Bara | qabeenya deebi'e | |
|---|---|---|
| 2006 | 46,755,880.15 | |
| 2007 | 33,942,723.33 | |
| 2008 | 19,443,094 | |
| | ida'ama | 100,141,697.48 |

**Gabatee**: Qabeenya gochaa malaammaltummaatiin qisaasa'e keessaa KNFMNOtiin kan deebi'e agarsiisu.

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akkuma dand'amu Komishinichi waggoota sadan darban Qabeenya ummataa qarshii miiliyoon 100 ol ta'u deebisiisuu danda'ee jira. Haa ta'u malee gabaticha irraa hubachuun akka danda'amu hagi qabeenya deebi'aa jiruu adeemsaan gadi bu'aa dhufuu isaati. Komishinichi qabeenyi gochaa ykn yakka malaammaltummaatiin qisaasa'e hagam

[255] Nabii Bulloo –knfm Shashama 24/05/2009

[256] Fakkeenyaaf, himannaa LGAA 8/00126/05 hooggantootaa fi ogeessotaa Interpiraayizii Ijaarsa Hojii Bishaan Oromiyaa irratti, LGAA 8/00125/06 namoota miseensa caffee ta'an irratti dhiyyaatee fi murtii balleessummaa argate.

akka ta'e adda baasee waan hin qabanneef hojiin qabeenya deebisuu irratti hojjatame cimina ykn laafina qabaachuu ragaa istaastiksii irraa baruun hin danda'amne. Haa ta'u malee hammeenya fi babal'ina malaammaltummaa jiru, dhimmootni qoratamanii himataman akkasumas murteen itti kennamu gadi aanaa ta'uu irraa hagi qabeenya deebi'aa jirus kan qisaasamuu gadi akka ta'e hubachuun hin rakkisu. Galamee yakka malaammaltummaa mana murtiitti dhiyaatan keessatti qabeenya deebisisuun laafa akka ta'e galmee irraa ni hubatama.[257]

Qabeenya deebisisuu irratti hojiin komishinichi hojjate akkamitti akka hubatan ogeessota adda addaaf afgaaffii dhiyaateef deebii itti aanu kennanii jiru. Ogeessonni komishinichaa qabeenya ummataa qisaasame fi malaammaltootaan seeraan ala horatame deebisuu irratti hojiin hojjatame gaariidha yaada jedhu qabu. Gama kanaanis, gamoo magaalaa Adaamaa keessatti argamu, lafa magaalota Oromiyaa kanneen akka Burraayyuu, Sabbataa, Adaamaa Galaan, Maqii fi kanneen biroo keessatti argamanii fi qisaasa'an deebisuu akka fekkeenyatti kaasu.[258]

Gama biraan immoo ogeessoonni qaamolee hirtaa keessa hojjatanii fi hojii komishinichaa itti siqeenyaan beekan, qabeenyi komishiniin deebisiise kan qisaasame faana yommuu ilaalamu baay'ee xiqqaa akka ta'e amanu.[259] Abbootiin Seeraa dhimmaa Malaammaltummaa ilaalanis, komishiniin yakka malaammaltummaa raawwatame mana murtiitti dhiyeessee murtiin erga itti kennisiisee booda qabeenya deebisiisuu irrattii itti hanga barbaadamu hojjataa akka hin jirre ibsu.[260] Hojiin qabeenya deebisiisuus akkuma qorannoo himannoo Abbaa Alangaatiin kan hojjatamu ta'uun bal'ina hojii fi humna namaa jiru faana xiyyeeffannoo hin arganne kanneen jedhanis jiru.[261] Dhimmota kaana irraa kan hubatamu komishinichi qabeenya sababa yakka malaammaltummaatiin qisaasa'e deebisisuu irrattis hojiin hojjate gaarii ta'us, hanqina kan qabu ta'uu isaati.

Akka waliigalaatti hojiin itti gaafatamummaa mirkaneessuu (qabiinsa eeruu, qorannaa fi himannaa yakkaa akkasumas qabeenya deebisiisuu) komishinichaan hojjatame hanga eegamuu gadidha. Hirmaatota qoranichaa irraa bargaaffii funaanameenis kan hubatame kanuma.

[257] Fakkeenyaaf galmee lakk. 10/0056/07 (ragaa sobaatiin lafa Km.1000 argame),10/0031/07 (galii waliin dha'ame), 5/00201/02
[258] Asaffaa, Toofiiq, Waarkayee
[259] Amaanoo Genamoo, Geetaachoo Tamasgeen
[260] A/seeraa Abarraa
[261] Asaffaa, kataraa

### 3.5 To'annoo fi Itti gaafatamummaa

Dhaabbileen farra malaammaltummaa tajaajila qabatamaan ummataaf kennan qaaamni to'atuu fi ummataaf ifa godhu jiraachuu qaba. Hojii keessatti hanqinoota jiran sirna itti adda baasanii fi tarkaanfii fudhatanis hundeesuun barbaachisaadha. Gama kanaan KNFMNO sirna itti gaafatamummaa fi to'annoo hundeessuu fi iittiin hojjachuu irratti maal akka fakkatu itti aannee haa ilaallu.

Komishinichi hojiiwwan hojjatu ilaalchisee yeroo yeroon gabaasa Biiroo prezdaantiifi waajjira caffeef ni dhiyeessa. Gaabasa dhiyaate irrattis duub-deebiin ni kennamaafi.[262] Haa ta'u malee gabaasni raawwii komishinichaa of danda'ee caffeef hin dhiyaatu. Raawwii hojii isaa ilaalchisee ummannii haalli odeeffannoo itti argatus hin uumamne. Qaamni alaa yeroo yeroon raawwii hojii komishinichaa hordofuu fi madaalus hin jiru.

Sirna itti gaafatamummaa hundeessuun walqabatee dambiin ittiin bulmaata hojjatoota komishinichaa baheera. Dambicha hordofuunis qajeelfamni akkaataa dhimmi naaamusaa itti ilaalamu qajeelchu jira. Haa ta'u malee dambiin fi qajeelfamni kunneen hojjatootaa fi ogeessota komishinichaa akkaataa hojii isaanitii adda baasee itti gaafatamummaa isaanii mirkaneessuu irratti hir'ina akka qabu ogeessonni ibsaniiru.[263] Dhimmoota naamusaa kan qulqulleessu koree hojjatoota komishinichaa irraa hundaa'edha. komii komishinichi ykn ogeessota irratti dhiyaatu qulqulleessuu keessatti loogii fi walitti bu'iinsa fedhii (conflict of intrest) hambisuuf sirni diriire hin jiru. Hanga ammaa koreen naamusaa komii fi hanqinoota naamusaa adda addaa irratti dhimoota dhiyaatan ilaalee jira. fakkeenya bara 2007 dhimmoota ilaalaman keessaa komiin qorattoota-abbootii alangaa biratti mul'atan kan hojjatootaa fi ogeessota biroo ni caala. Qoratootni-abbootii alangaa gahee hojii isaanii sirnaan bahuu dhabuu, aangoo isaaniitti fayyadamanii faayidaa hin malle argachuun (fkn, mana gandaa, durgoo, laptop) matta'aa fudhachuun hanqinoota naamusaa komiidhaan dhiyaatanidha. Dhimmota muraasa irratti adabbiin mindaa kan fudhatamera. Badiileen naamusaa kun ogeessota dhaabbata malaammaltummaa

[262] Addisuu, Geetaachoo
[263] Yohannis, Toofiq

ittisuu ykn to'achuuf dhaabbatee fi naamusni cimman irraa eegamun raawwatamuun waan salphaatti ilaalamu hin turree. Adabbiin laatames miidhaa gahe waliin kan walgitu akka hin taane agarsiisa. Abbaan Alangaa aangoo isaatti fayyadamuun mana gandaa seeraan ala argate sababa hojii gadi dhiiseef tarkaanfiin naamusaa irratti hin fudhatamne. Dhimmichi mataan isaa malaammaltummaa ta'us yakki raawwachuu osoo beekamu olaantummaa seeraa kabachiisuu dhabuun komishinicha keessatti itti gaafatamummaan hagam akkam akka hin jirre agarsiisa. Ogeessonni fi gaggeessitootni komishinichaa hanqina naamusaa qabaachuu; aangoo isaanitti fayyadamuun faayidaa hin malle argachuu; qabeenya hin mallee horachuun akka jiru namoonni ni ibsu. Haa ta'u malee sadarkaan komishinichi naamusa ogeessotaa fi gaggeessitoota isaa akana itti to'atu laafaadha. Hojjatoota komishinichaa irratti komiiwwan hawwaasa biraa dhufan callisaan kan bira darbamanis jiraachuun hubatamee jira.[264]

Rakkoowwan itti gaafatamummaa fi to'annoo hojii komishinii irratti mudataa jiru ilaalchisee gaaffii dhiyaateef hirmaatotni qorannoo yaada kennaniiru.Ogeessonnii KNFMNO gaafataman heedduun rakkoon naamusaa komishinicha bira kan jiru ta'uu ni amanu. Ogeessonnii qaamolee haqaas rakkoon naamusaa fi kiraasassabdummaa ogeessota komishinichaa bira bal'inaan ni mul'ata yaada jedhu qabu.[265] Rakkoo naamusaa mudatan fala itti kennuuf dambii fi qajeelfamni naamusaa haala yeroo faana fooyya'uu dhabuun; hojjatootaa fi ogeessotaaf haala hojii isaaniitiin dambii roogummaa qabu dhabamuun[266]; qaamoleen dambicha hojiirra oolchaan sadarkaa dameetti dhabamuun[267] dhimmoota rakkoo naamusaa kana hammeessan ta'uu ogeessonni komishinichaa ni ibsu. Hojii komishinicha hordofee qaamni itti gaafatamummaan isaa akka mirkaanaa'u taasisu dhabamuunis hanqina ta'uu ibsamee jira.[268] Hojiin ogeessonni komishinichaa guyyaa guyyaan hojjatan kan hin hordofamne (odiitii) waan ta'eef hojiin akka feeteen kan hojjatamaa jiru ta'uu ogeessi ibsaniru.[269] Madaalliin hojii ogeessota komishinichaa haala hojii isaanii waliin roogummaa qabuun qophaa'ee gaggeefamaas hin jiru.[270] Hojjatoota mootummaa fi hirmaatota qoranichaaaf bargaaffiin rakkoon naamusaa komishinicha keessa jira jettanii umantuu jedhuuf kanneen deebii kennan keessaa %76.4 kan ta'an eeyyee jechuun yoo

[264] Fakkeenyaaf, eeruu lakk.35/2009
[265] Isheetuu, Hayiluu Qixoo, Tarrafaa, Anteenaa
[266] Toofiq, Nabii Bulloo –knfm Shashama 24/05/2009
[267] Toofiq
[268] Yoonaas, Tarrafaa Eddoosaa
[269] Kataraa
[270] Toofiik, Yohaannis

deebisan kanneen %4.39 ta'an immoo lakki jedhaniiru. Namoonni %18.88 ta'an dhimmicha kan hin beekne ta'uu ibsaniiru. Sadarkaa hanqina naamusichaa ilaalchisee immoo %56 kan ta'an giddu galeessa yoo jedhan, %28 giddu galeessa fi %16 immoo gadi aanaa jedhaniiru. Kana jechuun namoota 4 keessa 3 komishinicha keessa rakkoon naamusaa akka jiru ni amanu. Ogeessota fi hojjatoota Komishinichaatifis bargaaffiin wal fakkaataa dhiyaatee ogeessota gaaficha deebisan 20 keessaa 16 rakkoon naamusaa akka jiru yoo ibsan 6 immoo rakkoon naamusaa hin jiru jedhaniiru. Hojjatootni deeggarsaa gaafii walfakkaataa deebisan 21 keessaa 19 rakkoon naamusaa jiraachuu yoo amanan 2 immoo hin jiru jedhaniiru. Gaaffii rakkoon naamusaa kun eenyu biratti hammaata? jedhuuf immoo ogeessota deebii kennan 16 keessaa 7 qoratoota Abbaa alangaa biratti yoo jedhan 9 immoo hooggantoota komishinichaa ta'uu amanu. Hojjatoota gaaficha deebisan 12 keessaa immoo 6 qoratoota-abbaa alangaa biratti rakkoon naamusaa akka hammatu yoo ibsan 5 immoo hooggantoota komishinichaa ta'uu ibsaniiru. Akka waliigalaatti sadarkaan rakkoo naamusa Komishinichaa giddu galeessa akka ta'e ogeessonnii fi hojjatootni komishinichaa ni amanu. Qabxiiwwan olitti ibsan irraa akka waliigalaatti kan hubatamu sirni itti gaafatamummaa fi to'annoo komishinicha keessa jiru baay'ee lafaa ta'uu fi rakkoon naamusaa komishinicha keessa akka jiruudha.

### 3.6 Kutannoo Siyaasaa

Bu'a qabeessummaa dhaabbilee farra malaammaltummaa wantoota murteessaan keessaa inni tokko kutannoo siyaasaa mootummaa akka ta'e hog-barruuwwan ni ibsu.[271] Kutannoon siyaasaas tattaaffii mootummaan dhaabbilee farra malaammaltummaatiif haala mijataa uumuun bilisa ta'anii malaammaltummaa irratti akka duulan jajjabeessuu; sochii farra malammaltummaa irratti taasifamu cimsuuf deeggarsa walirraa hin citne taasisuun ibsama. Kutannoon siyaasaa cimaa ta'uu baannaan milkaa'inni hojii duula malaammaltummaa irratti taasifamuu gaaffii keessa gala. Akka naannoo Oromiyaatti kutannoon mootummaa malaammaltummaa to'achuu fi hir'iisuuf qabu namoonni qoranicha irratti hirmataan yaadota qaban ibsaniiru.

[271] Derick W [Brinkerhoff, (2000), Assessing Political Will for Anti-Corruption Efforts an Analytic Framework, John Wiley and Sons Ltd, p.242.

Kutannoo mootummaan malaammaltumaa dhabamsiisuuf qabuun wal qabatee yaadotni af-gaaffii irraa argame kutannoon yeroo gara yerootti kan jijjiiramu ta'uu agarsiisa. Kanneen kutannoon mootummaa cimaadha jedhan, mootummaan qaama malaammaltummaa irratti of danda'ee hojjetu hundeessuun qofti mootummaan kutannoo qabaachuu mirkaneessa jedhu.[272] Kanneen yaada kana hin deeggarre hundeeffamuu qofti kutannoo hin agarsiisu jechuun wantoota kutannoo osoo jiraatee rawwatamuu qaban tarreessu. Komishinichi kaayyoo hundaa'eef galmaan gahuuf bilisumma guutuu fi giddu-lixxummaa qaama kamiiyyuu malee hojjechuu fi deeggarsi adda addaa gama mootummaatiin taasifamu cimaa ta'uu barbaachisa jedhu.[273] Keessattuu abbootiin taayitaa Naannichaa Malaammaltummaa keessatti kan hirmaatan yoo ta'e fedhii qaama raawwachiistuu malee qorachuu fi himachuun akka hin danda'amne ibsama. Namootni aangoo olaanoo qaban yakka Malaammaltummaa raawwatan illee itti hin gaafataman amantaa jedhu kan qaban ta'uu yaada ogeessota hedduu irraa ni hubatama.[274]

Malaammaltummaa ittisuu fi hir'isuu irratti kutannoon siyaasaa gahaan jira jedhanii akka hin amanne namoonni af-gaaffiin taasifameef ni ibsu.[275] Mootummaan komishinichi bu'aa barbaadame akka argamsiisuuf osoo hin taanee waliigalteewwan adda addaa dhimma malaammaltummaa irratti mallatteeffaman, akkasumas bu'aawwan (gargaarsa adda addaa fi maqaa) komishinicha hundeessuu irraa argamu fayyadamuu barbaadeeti yaadni jedhu bal'inaan calaqqisa.[276] Kutannoo mootummaan gama malaammaltummaa ittisuutiin agarsiisu tarkaanfiiwwan gama nageenyaan fudhataman faana; deeggarsi komishiniif godhamu yoo madaalamu baay'ee gadi aanaa dha. Rakkoo malaammaltummaa cimaa naannoo keenya keessatti mul'atu faana komishinii cimsaa fi deeggaraa deemuun hin mul'atu. Kutannoo mootummaan komishinii cimsuuf qabu xiqqaa[277] akka ta'e agarsiiftuwwan akka hanqina loojistikii, humna namaa akkasumas bajataa komishinichi qabuun ibsamuu danda'a. Keessattuu hanqina loojistikiin wal qabatee rakkoon hedduun hojjetoota komishinchaa mudataa akka jiru ibsu. Ogeessonni

[272] Gar/Komishinara Tarreessaa kaasaa Ho/Qa/Poolisii Godina Wallaggaa Bahaa
[273] Af-gaaffii komaandar Hayiluu Qixoo, hogganaa komishinii mana amala sirreessaa godina Wallagga Bahaa, gaafa 15/5/2009; Abiyoot Fallaqaa, abbaa adeemsa hojii qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira haqaa godina Shawaa Bahaa, gaafa 12/6/2009 gaggeeffame.
[274] A/seeraa Masfin Geetaachoo
[275] Taaddalaa Balaachoo, Asaffaa, Alamaayyoo Nagarii, Baayyuu Fiqaaduu
[276] Taaddalaa Balaachoo
[277] Af-gaaffii Damballaash Tashoomaa, Abbaa adeemsa bulchiinsa qabiyyee lafa magaalaa Ejensii Misoomaa fi Manaajimentii lafa magaalaa godina Harargee Lixaa, gaafa 8/5/2009.

komishinichaa hojii isaanii raawwachuuf yommuu socho'an hanqina loojistiki irraa ka'uun geejjiba ummataan yeroo deeman, eegumsa addaa waan hin qabneef qaamni fedhii faallaa qabu miidhaa irra geessisuuf yaaluun ni mul'ata.[278]

Gama biraatiin kutannoon mootummaa laafaa ta'uu kan agarsiisu, mootummaan namoota ofii barbaadu yakka malaammaltummaa raawwatanillee seeratti akka dhiyaatan hin barbaadu. Kanaafis iddoo isaan itti qoratamanii seeratti dhiyaachuu hin daandeenyettii jijjireee hojjachiisa.[279] Kun immoo kutannoo mootummaan malaammaltummaa irratti duuluuf qabu maqumaaf komishinii hundeessuu malee xiyyeeffannoon jiru laafaa ta'uu agarsiisa.[280] Hojiin farra malaammaltummaas hojii duulaa fi haala yeroo qofa hordofuun hojjatamu fakkata. Yeroo bulchiinsi mootummaa naannichaa malaammaltummaa irratti cimsee duulu dhufu komishiniin malaammaltummaa irratti cimsee kan duulu yoo ta'u, yeroo kaan laafaa ta'ee argama. Gama tokkoon komishinii hundeessuu mataa isaatiin mootummaan malaammaltummaa irratti duuluuf kutannoo kan qabu fakkaatullee guutummaatti aangessee hojjechiisuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu namootni af-gaaffiin taasifameef ni ibsu.[281] Keessattuu dhimmoota qisaasamaan wal qabatan karaa odiitera muummichaa Oromiyaatiin komishiniif kan darbu ta'ullee, dhimmoota hudduurratti tarkaanfiin kan hin fudhatamne ta'uu odiiterootni muummichaa ni ibsu.[282] Gama mootummaanis dhimmota komishinichi tarkaanfii irratti hin fudhanne gabaasa kan argatu ta'us dhiibbaan gama mootummaatiin taasifamu hin jiru. Kun immoo kutannoon mootummaa hagas mara akka hin taane argarsiisa.

Kutannoon mootummaa maal akka fakkaatu madaaluuf bar-gaaffiinis daataan walitti qabameera. Bu'uura kanaan gaaffiin dhiyaate '***Malaammaltummaa dhabamsiisuu/ittisuudhaaf kutannoon mootummaan qabu hagami jettanii yaaddu?***' Kan jedhu yoo ta'u; namoota akka waliigalatti bar-gaaffii guutan 241 keessaa, deebistootni 231 ijoo kanarratti yaada qaban guutaniiru. Kanneen ijoo kana deebisan keessaa namootni 60 (25.97%) kan ta'an kutannoo mootummaan qabu olaanaa kan jedhaniidha. Namootni 85 (36.79%) kutannoon mootummaa malaammaltummaa

[278] Kiflee
[279] Tarrafaa Eddoosaa
[280] Af-gaafii Miidhaksaa Agaruu, abbaa alagaa waajjira haqaa godina Harargee Lixaa, gaafa 9/5/2009 gaggeeffame.
[281] Af-gaaffii Kadir Badhaasoo, ogeessa eeruu fuudhu komishinii damee giddu galeessaa bahaa; Hayiluu dassaaleny, ogeessa ittisa yakka malaammaltummaa, gaafa 27/6/2009 gaaggeeffame.
[282] Af-gaaffii Amantee Machaaluu, itti aanaa odiitera muummichaa Oromiyaa, Tashoomaa Adaree, odiitera mana hojii odiitera muummicha Oromiyaa, gaafa 2/6/2009.

dhabamsiisuuf yookiin ittisuuf qabu giddu galeessaa jedhaniiru. namootni 86 (37.22%) kan ta'an ammoo kutannoo mootummaan malaammaltummaa dhabamsiisuuf qabu gad-aanaa dha jedhaniiru. Kanarraa wanti hubatamu kutannoon siyaasaa malaammaltummaa dhabamsiisuuf jiru gahaa akka hin taaneedha. Walumaagalatti xiinxala af-gaaffii fi bar-gaaffii olitti taasifame irraa deeggarsi komishiniif gama bajataa, loojistikii, akkasumas humna nama guutuufiin taasifamu laafaa ta'uu; giddu-lixxummaan qaama raawwachiistuu jiraachuu; qaama raawwachiistuun yakkicha yoo raawwate kutannoon jiru hanga dabarsee kennuutti cimaa akka hin taane hubatameera. Gama biraatiin komishiniin gahee hojii isaa bahuu yoo dhiise dhiibbaanii fi hordoffiin gama mootummaan taasifamu jiraachuu dhabuun kutannoon mootummaa laafaa ta'uu kan agarsiisuudha. Kun immoo gama biraatiin bu'a qabeessummaa hojii komishinii kan xiqqeessuudha.

### 3.7 Ilaalchaa fi Amantaa Ummatni Komishinii Irraa Qabu

Ilaalchii fi amantaa ummatni komishinii irratti qabu, agarsiiftuwwan haalota mijatoo komishinichaaf uumamee fi raawwii hojii irratti hunda'uun madaalama. Mootummaan komishiniin bilisa ta'ee akka hojjetuuf aangessuu fi hidhannoo barbaachisu kan guuteef ta'uu irratti amantaa ummatni qabu maal fakkata kan jedhu irratti hirmaatotni yaada kennaniiru. Dhimma kana irratti ogeessotni komishinichaas ta'e sekteroota biroo mootummaan komishinicha hundeessuun ala bilisummaan akka hojjetu hin taasisne yaada jedhu qabu. Kanas kallattii humna namaa guutuu, loojistiwwan barbaachisuu guutuu, giddu-lixummaa jiruun wal qabsiisanii kutannoon jiru laafaa ta'uu ibsu. Kanarraa ka'uun komishinichis kutannoon dhimma hundaa wal-qixa itti deemuu kan hin dandeenye ta'uutu ka'e. Kunis kan agarsiisu amantaan ummatni mootummaan komishiniin aangeffamee bilisummaan hojjetaa jira jedhu gad-aanaa ta'uu isaati. Komishiniin aangoo isaa adeemsa seeraa eeguun loogii malee kan dhimma itti bahu ta'uu irratti amantaa ummatin qabu; kanaan wal-qabatee akka rakkootti kan ka'e osoo ragaa hin qulqulleeffatiin namoota dursanii qabanii tursiisuun kan jiru ta'uu dha. Akka dhimmoota biroo (kanneen akka nageenyaan walqabatanii) doorsisaanii akka amanan taasisuuf yaaluun kan hin jirree dha. Komishinichi namni yakka raawwate ragaa ijoo yoo ta'e himatarraa hambisuun danda'ama tumaa jedhu akka qaawaatti fayyadamuun loogii gochuun akka jiru namoonni hubachiisan jiru. Komishinichi hawwaasa bal'aatti siqee waliin hojjachuu irrattis hanqina akka

qabu ogeessonni kaasan jiru.[283] Ummanni komishinicha irraa amantaan qabu gadi bu'aa dhufeera ogeessonni jedhanis jiru.[284] Komishiniin qabatamaatti hojii olaantummaa seeraa kabachiisu hojjachuu hin dandeenye; sodaachisuu qofaaf (akka 'eboo mukaa') olaa hirmaatotni jedhan jiru.[285]

Dhimmoota biroo amanamummaa Komishinichaa miidhaan keessaa haala muudama hoggantootaa fi qaxarrii hojjatootaa ta'uu yaadota afgaaffiin argaman irraa hubachuun danda'ameera.[286] Komishiniin yeroo baay'ee dhimmoota walgahii irratti ka'anirratti hojjeta. Karaa biraatiin kan qaamni siyaasaa ittiin abbaa barbaadu himatu akka ta'e kanneen af-gaaffiin taasifameef ibsaniiru.[287] Kunis ilaalchaa fi amantaa hawaasni komishinichaaf qabu akka xiqqaatu taasiseera. Hawaasni komishinichi meeshaa ittiin sodaachisan jedhee amana. Kana ta'uu isaatiif sababni, sosochiin siyaasaa erga gaggeeffamee yookiin namni aangoo irraa erga ka'ee booda qorachuu fi himachuutti kan deemamu waan ta'eefi dha.[288] Haalli qorannoo yakka malaammaltummaa komishinichaa dhimmoota walgahii irratti ka'an irratti xiyyeefata jedhamee komatama. Kun immoo komishinichi ogeessa intelegensiiwwan/sarveeyilaansii adda addaa waan hin qabneef dhoksaan gochoota malaammaltummaa sakatta'ee baasuu kan hin dandeenye ta'uurraa madda. Qorannoo fi himannaan namoota yakka malaammaltummaa raawwatan jedhamanii hedduun isaa sosochiin siyaasaa (political movement) booda waan raawwatuuf hawaasni dhuguma namootni sun yakka raawwatan jedhanii amanuu fi komishinichi malaammaltummaa irratti of danda'ee duulaa jira jedhanii amanuurratti sodaan jiraachuutu

[283] Afgaaffii obbo Tasfaayee Katamaa, I/G Garee Inspeekshinii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa waliin gaafa Guyyaa 9/05/2009 gaggeeffame.
[284] Yoahannis, Tarrafaa Eddoosaa, daani'eel
[285] Chaalachoo KNFM Damee Ki/ lixaa
[286] Af-gaafii Miidhaksaa Agaruu, abbaa alagaa waajjira haqaa godina Harargee Lixaa, gaafa 9/5/2009; Bisiraat Tasfaayee, gaggeessaa garee dhaddacha yakkaa mana murtii olaanaa godina Shawaa Bahaa, gaafa 23/5/2009 gaggeeffame.
[287] Af-gaaffii Tarrafaa Daffaar, bakka bu'aa qondaala naamusaa waajira paabilik servisii fi qabeenya humna namaa godina Jimmaa; Wandwasan Bagaasha, abbaa alangaa abbaa taayitaa galiwwan godina Jimmaa, gaafa 18/5/2009 gaggeeffame.
[288] Af-gaaffii Mahaammad Jimaa, pirezidaantii mana murtii olaanaa godina Shawaa Bahaa, gaafa 23/5/2009; Ayyaanoo Warsamoo, qindeessaa Biiroo Haqaa damee Kibbaa, Addunyaa Dabalaa, abbaa alangaa Biiroo Haqaa damee Kibbaa, gaafa 24/5/2009 gaggeeffame.

ibsame.[289] Komishiniin yeroo hawaasni komii kaasu callisuun gaafa sosochiin siyaasaa ta'u tarkaanfii fudhachutti fiiga yaadni jedhu ibsameera.[290]

Gama biraatiin deebistootni 240 ta'an hojii komishinii hangam akka beekan gaafatamanii 19 (7.91%) komishinicha hin beeknu yoo jedhan; deebistootni 93 (38.75%) ta'an sirriitti kan kan beekaniidha. Deebistootni 128 (53.33%) hanga muraasa kan beeku. Dhibbentaa harka guddaa kan ta'an hojii komishinii kan beekanii fi hanga muraasa kan beekaniidha. Isaanumti kun bu'a qabeessummaa hojiiwwan komishinichi hanga ammaatti hojjetee akka madaalaniif gaafatamanii; bu'a qabeessummaa hojii komishinichaa olaanaa, giddugaleessa fi gad-aanaa jechuun madaalaniiru. Bu'a qabeessummaa hojichaa irratti deebistootni 176 madaallii isaanii kaa'aniiru. Bu'uura kanaanis deebistootni 4 (2.27%) bu'a qabeessummaan isa olaanaadha yoo jedhan, deebistootni 117 (66.47%) giddugaleessa jedhaniiru. Deebistootni 55 (31.25%) ammoo bu'a qabeessummaan hojii komishinii gad-aanaa dha jedhani. Deebistootni heedduun bu'a qabeessummaa hojii komishinichaa yoo madaalan giddu galeessa ta'ee argani. Kun immoo karaa biraatiin amantaa ummanni komishinicha irraa qabu giddu galeessa ta'uu agarsiisa. Gama biraatiin sochii farra malaammaltummaa mirkaneessuu irratti amataa ummatni komishinii irraa qabu madaaluf bar-gaaffiin daataan walitti qabameera. Bu'uura kanaan komishinicha irraa amantaa olaanaa qabna kan jedhan 34(14.91%); giddu-galeessa kan jedhan 121 (53.07%); namootni 73 (32.01%) amantaan qaban gad-aanaa dha. Gama biraatiin hojjetootni komishinichaa hojiiwwan hanga ammaatti hojjetaniin akka waliigalaatti mul'ata manni hojichaa qabate milkeessuu fi hanga ummannii irraa eegu bu'a qabeessa ta'uu isaanii akka sadarkeessan ta'eera. Deebistootni 43 bar-gaafficha kan deebisan yoo ta'u; kanneen keessaa namootni 26 (60.46%) hangi komishinichi hojjetee fi bu'a qabeessummaan isaanii giddugaleessa jedhaniiru. namootni 17 (39.53%) gad-aanaa ta'uu ibsaniiru. Olaanaa kan jedhan hin jiran. Qorannoon Inistitiyuutii saayinsii fi teknooloojii Adaamaatiin gaggeefames amantaan ummanni Komishinicha irraa qabu hanga barbaadamu ta'uu baatus kan qaamolee haqaa biroo irra fooyya'aa akka ta'e ni agarsiisa. Kana irraa kan hubatamu amantaan bu'aqabeessummaa Komishinichaa irratti hawwaasni qabu giddu galeessa ta'uu isaati. Akka waliigalatti komishinichi ittisa irratti hojii fooyya'e hojjatus

[289] Af-gaaffii Mahaammad Jimaa, pirezidaantii mana murtii olaanaa godina Shawaa Bahaa, Bisiraat Tasfaayee, gaggeessaa garee yakkaa mana murtii olaanaa godina Shawaa Bahaa, gaafa 23/5/2009.
[290] Af-gaaffii Amantee Machaaluu, itti aanaa odiitera muummicha Oromiyaa, gaafa 2/6/2009; Ascannaaqii Disaasaa, biiroo maallaqaa fi misooma dinagdee Oromiyaatti daarektoreetii karooraa, hordoffii fi gamaggamaa, gaafa 6/6/2009 gaggeeffame.

hojii olaantummaa seeraa kabachiisuu irratti hanqinoota hedduu waan agrsiiseef amantaan ummanni komishinicha irraa qabu hanga barbaadamu gadi ta'eera.

## 3.8 Aanggoo fi caaseffama Komishinii Naamausaa fi Farra Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa

### Seensa

Adddunyaarra dhaabbilee farra malaammaltummaa dhibbaa ol akka jiran amanama. Caaseffamnii fi aangoo dhaabbilee kanaa akkatuma sirna seeraa biyyaa fi naannoo isaaniittii garaa garummaa qaba. Akka waliigalaatti sochiin farra malaammaltummaa dhaabbata of danda'ee dhaabbatu (single-agency model) tokkoon kan gaggeeffamu ykn immoo sochii farra malaammaltummaa qaamolee adda addaa keessatti godhamuun (multiple –agency model) kan raawwatudha. Dhaabbatni farra malaammaltummaa of danda'ee dhaabbatu qabeenya, dandeettii fi aangoo giddu galeessa tokkootti walitti fiduun malaammaltummaa irratti duula qindaa'aa ta'ee fi milkaa'ina qabu gaggeessuuf yaadamee kan hundaa'udha. Faallaa kanaa dhaabbilee adda addaa keessatti adeemsa ykn kutaa xiqqaa sochiin farra malaammaltummaa gaggeessuu dhaabbilee duruma jiran keessatti hundeessuun malaammaltummaa irratti duula gaggeessuu biyyoonni filatanis ni jiru. Biyyoonni dhaabbata farra malaammaltummaa of danda'e hundeessan hedduun biyyoota malaammaltummaa hamaa fi hundee gadi fageeffateen miidhamaniidha.[291]

Dhaabbata farra malaammaltummaa of danda'ee dhaabuun maaliif barbaachise dhimma jedhu ilaaluun gaaridha. Qaamni farra malaammaltummaa akka dhaabbatu kan barbaachisuuf qaamolee idilee ykn buleeyyii hojii farra malaammaltummaa ittisuu ykn dhaabuu raawwachuu irratti hanqina kan qaban waan ta'eefidha. Kanaaf dhabbani farra malaammaltummaa ofii isaa malaammaltummaa irraa bilisa ta'ee, sochii farra malaammaltummaa qaamolee adda addaatiin gaggeefamu qindeessuun malaammaltummaa to'achuu ykn hir'isuu akka danda'u itti amanameet hundeeffama. Biyyi malaammaltummaa hamaan keessatti mul'atu rakkoo kana hir'isuuf dhaabbata farra malaammaltummaa cimaa isa barbaachisa.[292]

---

[291] Patrick Meagher, Anti-Corruption Agencies: A Review of Experience, IRIS Center, University of Maryland, Augst 2002, pp. 14

[292] Specialised Anti-Corruption Institutions Review Of Models, Organisation For Economic Co-Operation And Development (OECD) publication, 2008, pp.36

Dhaabbta farra malaammaltummaa of danda'ee sochii farra malaammaltummaa adda dureen qindeessu hundeessuun faayidaas miidhaas qaba. Faayidaawwan gurguddoo keessaa; ogummaa addaa (specialization and expertise) sochii farra malaammaltummaatiif gargaaru horachuuf ni fayyada; Carraan bilisuummaa hojii farra malaammaltummaa raawwachuu dandeessisu qabachuu olaanaa ta'a; dhaabbatichi haala haaraatiin kan hundaa'u (fresh start) waan ta'uuf ofii isaa malaammaltummaa irraa bilisa ta'ee rakkoo malaammaltummaa qaamolee biroo keessatti mul'atu irratti hojjachuuf carraa ni argata. Ummataaf itti gaafatamummaa fi iftoomina qaamolee kaan irra fooyya'u qabaachuuf ni fayyada. Amantaa ummataa argachuuf, ciminoota fi hanqinoota isaa salphaatti adda baasuun foyyeessaa deemuuf ni fayyada. Dhaabata farra malaammaltummaa of danda'e hundeessuun malaammaltummaa hamaa ta'e irratti tarkaanfii si'aawaa ta'e fudhachuufis haala ni mijeessa. Gama biraatiin immoo miidhaan (disadvantages) qaama farra malaammaltummaa of danda'e hundeessuu irraa dhufuu danda'an: baasii olaanaa kan gaafatu ta'uu, ko'oommachuu (isolation), qaamolee hojii wal fakkatu hojjatan atoomuu dhabuu fi waldorgommii hin mallee (rivalary) keessa galuudha.[293]

Aangoo qaamolee farra malaammaltummaaf kennamu ilaalchisees biyyoonni akkuma sirna seeraa fi rakkoo furuuf irratti xiyyeeffataniitiin dhaabbilee kanneen ni aangessu. Aangoo dhaabbilee farra malaammaltummaa yeroo ammaa akka addunyaatti jiranii fi babal'ataa dhufan irraa ka'uun barreefamoonni dhabbilee kanneen iddoo gurguddoo saditti ni qoodu. Isaaniis: dhaabbilee olaatummaa seeraa kabachiisuu fi ittisa malaammaltummaa dabalatee hojii farra malaammaltummaa hedduu hojjatan (*Multi-purpose agencies with law enforcement powers and preventive functions)*; qaamolee olaantummaa seeraa kabachiisan jalatti kanneen gurmaa'an *(Law enforcement agencies, departments and/or units)* fi Qaamolee ittisa, tarsimoo farra malaammaltummaa qopheessuu fi hojii qindoominaa hojjataniidha.[294]

Dhaabbilee warri gosa tokkoffaa jalatti ramadaman ittisaa fi itti gaafatamummaa mirkaneesuu akka kaayyoo olaanaatti qabatanii hojiiwwan qo'annoo fi gargaarsa tekinikaa ittisa malaammaltummaa, odeeffannoo fi barnoota, to'annoo fi qorannoo kanneen gaggeessaniidha. Modeela kana keessatti aangoon himachuu baay'inaan qaama biraa dhaabbatichaan ala jiruuf kan

[293] UN Guide on Anti Corruption policies, United Nations office on Drug and Crimes, pp.55
[294] Specialised Anti-Corruption Institutions Review Of Models, Organisation For Economic Co-Operation And Development (OECD) publication,2008, pp.55

kennamudha. Komishinootni Hong Kong fi Singaapoor fakkeenya gaarii yoo ta'n biyyoonni akka Lutaniyaa, Laatiiviyaa, Bostuwaanaa Ugaandaa fi bulchinsi '*New South Wales'* modeela kana hordofuun qaama farra malaammaltummaa hundeeffataniiru. Biyyoonni akka Koriyaa Kibbaa, Taayilaand, Arjentiinaa fi Ikuyaadoor immoo ejansii wal fakkaatu fi haala naannoo isaanii giddu galeessa godhatee hundaa'e qabu. Dhaabbieen modeela gosa lammaffaa qaban immoo kanneen qaamolee aangoo yakka qorachuu ykn himachuu qaban jalatti gurmaa'an ykn aangoowwan qorachuu, himachuu qaama tokkoo jalattii walitti fiduun itti hojjatamuudha. Modeelli kun biyyoota Awuroopaa lixaa kanneen akka Beeljiyeem, Ispeen, Kirooshiyaa, Romaaniyaa, Hangaariifi kkf keessatti beekamaadha. Dhaabbileen farra malaammaltummaa hojii ittisa qofa irratti xiyyeeffatan hojiilee ittisa malaammaltummaa kanneen akka tarsimoo malaammaltummaa qopheessuu, barnoota fi hubannoo uumuu, qo'annoo adda addaa gageessuun leenjii fi gorsa kennuu fi kff irratti xiyyeefatu. Qaamoleen gosa kanaa malaammaltummaa ittisuu irratti xiyyeeffatanis hojii kanaaf kan haala mijeessu aangoo qorachuu muraasa ni qabaatu. Biyyoonni akka Faransaay, Hindii Ameerikaa fi Bulgaariyaa'n faa qaama hojiilee kanneen hojjatu qabu.

Gara biyya keenyaatti yommuu deebinu, rakkoo malaammaltummaa hamaa (keessumattuu dhaabbilee mootummaa keessa) biyyaa fi naannoo keenya keessa ture hiikuuf qaamni farra malaammaltummaa of danda'e akka dhaabbatu itti amanamee bara 1994 komishiniin naamusaa fi farra malaammaltummaa federaalaa hundeeffamee jira. Komishinichi hojii farra malammaltummaa hojjatu keessatti aangoo malaammaltummaa ittisuu (barnoota, naamusa, qo'annoo fi deeggarsa, qabeenya galmeessisuu fi beeksisuu) yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuun kennameefi haaluma kanaan hojjataa ture. Haaluma walfakkaatuun KNFMNO bara 1995 caaseffamaa fi aangoo walfakkaataa qabaachuun hundeeffamee hanga ammaa tajaajilaa jira. Haa ta'u malee bara dhuma 2008 irraa eegalee aangoon yakkoota malaammaltummaa qorachuu fi himachuu KNFM Federaalaa irraa ka'ee gara poolisii federaalaa fi Abbaa Alangaa Muummichaatii naanna'ee jira. Tarkaanfiin kunis qorannoo sirna haqa yakkaa fooyyessuuf taasifame bu'ureeffate kan taasifame ta'uutu himama. Qorannoo ALA bara 2005'n gaggeeffame rakkoowwan sirna haqa yakkaa biyyatti keessaa tokkoo aangoon himannaa yakka addaan

faffaca'ee qaamolee adda addaaf kennamu akka ta'e ibsee jira.[295] mootummaanis qoranicha bu'ura godhachuun sirna haqa yakkaa fooyyessuuf, keessummattuu abbaa alangaa cimaa hojii haqa yakkaa haala walfakkaataa fi bu'u qabeessa ta'een gaggeessuu danda'u ijaaruuf aangoo dhimma yakkaa qorachuu fi himachuu qaamolee adda addaatiif (fkn KNFM, Abbaa taayitaa galii fi gumruukaa) kennamee ture, gara qaamolee haqaa buleeyyiitti deebisuun barbaachisaa akka ta'e ibsee jira.[296] Haa ta'u malee dhimmi kun ogeessotaa fi qondaaltota mootummaa gidduutti garaa garummaa yaadaa uumee jira. Ogeessonni sirna haqaa biyyattii irratti qorannoo adda addaa geggeessan aangoo qorannoo fi himannaa yakka malaammaltummaa KNFMF irraa kaasuun sochii farra malaammaltummaa ni miidha yaada jedhu ibsu.[297]

Dhimma kanaan walqabatee akka naannoo Oromiyaatti jijjiramni ykn fooyya'iinsi sirna haqa yakkaa (criminal justice) akka biyyaatti jalqabame gara naannootti haala falkkatuun kan raawwatu yoo ta'e faayidaan ykn dhiibbaan inni sochii farra malaammaltuummaa irratti qabu irratti hirmaatotni qorannoo kanaa yaada qaban akka ibsan gaafatamanii deebii kennan haala itti aanuun haa ilaallu.

Yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuu KNFMNO irraa kaasuun gara qaamolee Haqaa buleeyyiitti deebisuun duula farra malaammaltummaa irratti gaggeefamu ni miidhamoo ni fayyada gaaffiin jedhu hirmaatota qoranichaaf dhiyaatera. Hirmaatotni qoranichaa akka waliigalaatti deebii gosa sadi kennan. Gareen tokko aangoo qorannaa fi himannaa yakka malaammaltummaa komishinicha irraa kaasuun, sochii farra malaammaltummaa ni miidha yoo jedhan, gareen biraa immoo miidhaan inni fidu akka hin jirreefii inumaayyuu sochiicha kan deeggaru ta'uu ibsu. Gareen sadaffaan immoo aangoon qorannoo yakka malaammaltummaa qaama kamiifuu kennamu illee xiyyeeffannoon yakka malaammaltummaa keessattuu olaantummaa seeraa kabachiisuuf hin kennamne taanaan jijjiramni dhufu hin jiru yaada jedhu qabu.

Hirmaatota qoranichaa keessaa caalmaa kan qaban, aangoo qorachuu fi himachuu komishinicha irraa kaasuun duula farra malaammaltummaa ni miidha yaada jedhu qabu. Yaada kana kan

[295] Federal Democratic Republic of Ethiopia: *Comprehensive Justice System Reform Program Baseline study, 2005, pp.180*

[296] Seensa fi kwt.22 labsii lakk.943/2008 Abbaa alaangaa muummichaa hundeessuuf bahee

[297] Afgaaffii gaazexaan Itoophiyaa Reporter jedhamu ogeessa seeraa Yohanis W/Gabreil waliin ALA gaafa 13/04/2016 taasisee fi gaafa 26/03/2015 ogeessota biroo waliin taasise.

kennan ogeessota KNFMNO, abbootii seeraa, ogeessota qaamolee hirtaa adda adda keessa hojjatan, ogeessotaa fi hoggantoota qaamolee haqaa (poolissi fi wajjira Haqaa), ogeessotaa yuniversiitii ogeessota miidiyaa akkusumas miseensota bakka bu'oota ummataadha. Jalqaba irratti ogeessotni angoo kana KNFMNO irraa kaasuun hin barbaachisu jedhan komishinichi hanga irraa eegamu hojjachuu kan hin dandeenyeef haalota mijataa waan hin arganneef yaada jedhu qabu. Kanaaf mootummaan komishinii cimsee hojii kana haala bu'a qabeessa ta'een akka raawwatu gochuutu barbaachisa jedhu.[298] Yakkoonni malaammaltummaa walxaxoo fi yakkoota biroo caalaa haala dhoksaa ta'een kan gaggeefaman waan ta'eef A/Alangaa fi poolisii idileetiin qoratanii himachuun ulfaataadha; dhimmaa kanarratti qaama gahuumsa ogummaa fi xiyyeeffannoon addaatiin hojjatu qabaachuun barbaachisaadha yaada jedhu ogeessonni ni ibsu. Akka yaada ogeessota kanaatti adeemsa hanga ammaa jiruun qaamni of danda'e farra malaammaltummaa irratti akka hojjatu gochuun, xiyyeeffannoon dhimma kanaaf kennamu agarsiisa. Dabalataanis gahumsi addaa (specialization) hanga tokko uumamee jira. Kana dubatti deebisuun sochii farra malaammaltummaa waan miidhuuf, komishinicha cimsanii bu'aa akka fidu gochuun gaarii ta'a yaada jedhu qabu.[299] Dabalataan, namoonni aangoon qorannaa fi himannaa yakkaa komishinicha irraa fudhatamuu hin qabu jedhan yaaddoo bilisummaa qaamolee kanaa kaasu. Qaamolee Haqaa Poolisii fi Waajjirri Haqaa caaseffamni isaanii bilisummaa kan qabu miti; Qaamolee kunneen qaama raawwachiiftuu sadarkaa, sadarkaan jiraniin hoogganamu; Kun immoo yakka malaammaltummaa bilisummaan qoarachuu fi himachuu akka hin dandeenye isaan godha yaada jedhutu ka'a.[300] Haaluma walfakkaatuun, hojiin qorannoo yakkaa keessattuu, kan malaammaltummaa amanamummaa ummataa cimaa kan barbaadu yoo ta'u, haala amma jiruun qaamoleen haqaa biroon amanamummaan isaan ummata biratti qaban kan komishii gadi waan ta'eef hojii itti gaafatamummaa mirkaneessuu sirnaan hin hojjatan yaadni jedhus namoota qorannaa dhimma kana waliin walqabatu hojjataniinis ka'ee jira.[301] Rakkoon naamusaa ogeessota qaamolee haqaa (pooliss fi Abbaa Alangaa) biratti mul'atu hojii qorannoo fi himannaa yakka malaammaltummaa kana caala akka laafu gochuu danda'a yaadni jedhu ogeessota

[298] Amsaaluu Kumarraa, yohannis
[299] Iseetuu, Damoozee, Tarrafaa Eddoosaa, Nabii
[300] Nabii, Afgaaffii obbo Tasfaayee Katamaa, I/G Garee Inspeekshinii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa waliin gaafa Guyyaa 9/05/2009 gaggeeffame.
[301] Dr. Alamuu Disaasaa, Amaanoo Ganamoo

miidiyaa dabalatee, namoota baay'een yaada ibsameedha.[302] Dabalataan hojiin qorannoo fi himannaa qaamolee adda addaan kan raawwatamu taanaan, dhimmoota malaammaltumma qoratanii seeratti dhiyeessuun kan amma jiru caalaa lafarra kan harkifata yaadni jedhu ibsameera.[303] Hojiin farra malaammaltummaa irratti hojjatamu walqabataa waan ta'eef adda baasuun bu'aqabeessummaa sochii farra malaammaltummaa ni miidha oggeessonni jedhanis jiru. Hojiin malaammaltummaa ittisuu irratti hojjatamuu fi qorannoon yakka malaammaltummaa haalaan walqabata. Komishiniin qawa hojimaata keessatti mul'atu cufuuf qo'annoo yommuu gaggeessuu, dhimmoota yakka ta'n hubachuu waan danda'uuf achumaan namoota itti gaafatamuu qaban adda baasee qorannoo irratti gaggeessuun akka seeratti dhiyaatu yoo godhe hojii bu'a qabeessa ta'e hojjachuu danda'a. Hojiin ittisuu qorannoon hin deeggaramne taanaan barbaachisummaa fi bu'aqabeessummaan komishinichaa gaaffii keessa gala. Akka yaada ogeessota kanaatti, hojiin kallattii hundaan komishiniin yeroo amma hojjataa jiru sababa kutaan qorannoo fi himannoo jiruufidha.[304] Kutaaleen kun hin jirannee taanan sodaachisummaan komishinichaa waan hafuuf qaamoleen adda addaa hin atooman yaaddoon jedhu ogeessota komishinichaa fi kan alaatiin ibsamee jira.[305] Ogeessonni miidiyaa fi hoggantootni komishinicha itti siqeenyaan beekanis komishinichi aangoon qorannaa fi himannaa irraa fudhatamnaan hojii bu'aa qabu hojjachuu akka hin dandeenye tilmaamaniiru.[306]

Qabxiin biraa hojiin qorannoo fi himannaa yakka malaammaltummaa komishinii bira akka ture deeggaruuf ka'a bal'ina hojii biroon haqaa hojjatuu fi xiyyeeffanno dhimma malaammaltummaatiif kennamuu qabu waliin kan walqabatuudha. Biirichi aangoo fi hojii hedduu walitti sassabee raawwachuuf fi to'achuuf ni rakkata. Kana keessa immoo hojiin malaammaltummaa xiyyeeffannoo dhabuu danda'a yaadni jedhu ka'ee jira[307].

Faallaa kanaa, yaadni aangoon qorannaa fi himannaa yakka malaammaltuummaa komishinicha irraa ka'ee qaamolee haqaa buleeyyii (poolisii fi Abbaa Alangaaf) kennamuu qaba jedhanis yaada isaanii qabxii adda addaan deeggaruun ibsaniiru. Hirmaatotni yaada kana qaban hanga

[302] Efreem Hayilee, Alamaayyoo Tafarraa, Tarrafaa Daffaar, Najiib Abdurraman, Sayid Kadir, Zawdituu Abarraa, salamoon, Mahammad, Addunyaa, Korree, Abbabaa, Zinaabuu
[303] Efreem Haayilee
[304] Mahammadnur Abbaa Duraa KNFM Jimma
[305] Amaanoo, Nabii, Kataraa
[306] Abbabaa Asraat, Damoozee Maammee
[307] Isheetuu Dasee

namoota yaada faallaa olitti ibsame qabanii hin baay'atan. Namoonni yaaada kana ibsan hedduun isaanii hoggantootaa fi ogeessota qaamolee haqaa (poolisii fi A/alangaa) yoo ta'an ogeessonni, keessattuu Abbootiin Alangaa KNFMNO yaada kana deeggaranis hedduudha. Namoonni angoon qorannaa fi himannaa yakka malaammaltummaa komishinicha irraa kaafamu deeggaran qabxii kaasan keessaa tokko, komishiniin ittisa malaammaltummaa irratti akka xiyyeeffatuu fi hojii olaantummaa seeraa kabachiisuu qaamoleen haqaa akka raawwatan yaada jedhu kaasu. Akka yaada namoota kanaatti sochii farra malaammaltummaa keessatti xiyyeeffannoon godhamuu kan qabu adabsiisuu irratti osoo hin taanee ittisa yakka malaammaltummaa ta'uu qaba; adabsiisuun yoo barbaachise immoo qaamni gahuumsa kanaa qabu Abbaan alangaa fi poolisiin hojii kana raawwachuu qabu ejjannoo jedhu ibsu.[308] Hirmaatotni aangoon kunneen komishinii irraa akka ka'u deeggaran, ogeessonni komishinichaa hojii olaantummaa seeraa irratti gahuumsa hanga barbaadame akka hin qabne amanu. Keessummattuu hojiin qorannoo yakka malaammaltummaa sirnaan gaggeefamaa hin jiru yaadni jedhu ogeessota kanneeniin bal'inaan ibsameera.[309] Sirni qorannoo yakkaa poolisii bira jirus kan komishinii caalaa baay'ee cimaa ogeessonni ibsan jiru.[310] Gahuumsi qorannoo fi himannaa yakka malaammaltummaa gaaffii jala akka jiru ogeessonni komishinichaas ni amanu. Akka ogeessota kanaatti keessummattuu hojii qorannoo fi himannoo walitti makuun ogeessa gahuumsaa fi muuxannoo hin qabneen akka hojjatamu godhamuun raawwii hojii komishinichaa irratti dhiibbaa fideera.[311] Hojiin qorannoo yakkaa malaammaltummaa hanga ammaa kaka'uumsa komishinichaatiin gaggeefame akka hin jirree fi ogeessonni komishinchaa gaaffii poolisiin idilee yakka malaammaltummaa qorachuuf dhiyeessaniif illee gargaarsa irraa eegamu akka hin taasifne ogeessonni poolisii ni ibsu. Kun immoo komishinichi aangoo kana qabatee qaamoleen hojjachuu danda'ana akka hojii hin hojjenne godheera waan ta'eef aangichi qaama hojjachuu danda'uuf kennamuu qaba yaada jedhu qabu. [312] Yeroo ammaas taannaan hojii komishinichaa irra caalmaan garaa bakka bu'ummaan raawwataa kan jiru qaamolee haqaati yaadni jedhu ogeessata poolisii fi Abbaa Alangaatiin ibsameera.[313]

[308] Biraanuu Tsagayee
[309] Tarreessaa Kaasaa, Alamuu Guyyaansaa, Asaffaa
[310] Kom.Asaffaa
[311] Kataraa, Asaffaa, Dastaa, Yohannis
[312] Saajiin Anteenaa
[313] Tarreessaa Kaasaa, Kom. Asaffaa, Asaffaa

Qabxiin biraa garee fudhatamuu aangoo kanaa deeggaraniin kasaan, dhimma dhaqabummaa hojii komishinichaan wal qabatuudha. Akka yaada ogeessota kanaatti komishiniin giddu galeessaa fi dame muraasa irratti rarra'ee kan jiru yoo ta'u qaamoleen haqaa naannoo kaasee haaga Aanaa fi isaa gadittis caasaa issaanii hawwaasa keesstti diriirsanii hojjataa jiru. Kun immoo rakkaa dhaqabummaa komishinicha bira jiru kan furu waan ta'eef, hojii yakka Malaammaltummaa qoraachuu fi himachuu qaamolee haqaatiif osoo kennamee haala dhaqabummaa qabuun ni hojjatama yaada jedhu kaasaniiru.[314]

Giddu lixummaan qaamolee bulchiinsaa komishinii biratti kan baay'atu waan ta'eef, bilisummaan komishiniii qabatamaan jiru kan qaamolee haqaa gadi ta'uu ogeessonni ibsan jiru.[315] Haaluma walfakkaatuun ogeessonni (Qoratoota-Abbaa Alangaa) komishinichaas hojiin olaantummaa seeraa kabachiisuu birokiraasiin kan itti baaya'atee fi bilisummaa kan hin qabne ta'uu ibsaniiru.[316]

Bulchiinsa ogeessotaa fi tajaajila kenninsa haqa yakkaatiif illee aangoon dhimmoota yakkaa giddu galeessa tokkotti fiduu gaarii akka ta'e ogeessonni ni amanu. Ogeessonni ogummaa walfakkaatan qaban manneen hojii adda addaa keessa yommuu hojjatan faayidaa isaanii waliin walqabatee gaaffii ka'u haala walfakkaataan deebisuun rakkisaa ta'aa jira. ogeessonni komishinii fi qaamolee biroo kannen akka galii keessa jiran qaamolee yakka qoratanii fi himatanitti kan deebi'an taanaan rakkoon kun ni furama yaadni jedhu dhiyaatee jira.[317] Ogeessonni KNFMNO hojiin himannaa Biiroo Haqaatti kan deebi'u yoo ta'e bulchiinsaa fi faayidaa Abbootii Alangaatiif mijataa akka ta'e ibsanis jiru.[318] Dabalataan hojiin yommuu walitti dhufu itti fayyadama qabeenyaa fi hordoffii hojiitiif illee ni fayyada jedhu. Tajaajilli giddu galeessa tokkotti kennamu ifaajjii tajaajilamaa illee kan hanbisu ta'a yaadonni jedhan ibsamaniiru.[319]

[314] Tarreessaa , Kom.Asaffaa
[315] Asaffaa
[316] Yohannis, kiflee, warkayee
[317] Addisuu
[318] Tarrafaa
[319] Addisuu

Hirmaatotni qorannoo lakkoofsaan muraasa ta'an hojiin malaammaltummaa qorachuu fi himachuu xiyyeeffannoon itti kennamnaan komishiniis ta'u qaamolee haqaan raawwatamuu danda'a yaada jedhu ibsaniiru.[320]

Aangoo qorannaa fi himannaa yakkoota malaammatummaa komishinicha irraa kaasuun walqabatee yaadota armaan olitti ogeessotaan ibsaman irraa miidhaa fi yaaddoo akkasumas faayidaa fi carraawwan aangoo qorannoo fi himannaa komishinichaa jijjiruun walqabatee uumamu ibsameera.Warren komishinichi aangoo himannaa fi qorannaa qaabaachuu qaba jedhan, barbaachisummaa hojii farra malaammaltummaa qaama tokkoon hojjachuun qabu, gahuumsa (specialization) hojii farra malaammaltummaa irratti uumame, rakkoo naamusaa, bilisummaa fi amanamummaa qaamolee haqaa bira jiru kaasuu. Kanneen komishinichi aangoo qorannaa fi himannaa qabaachuu hin qabu jedhan immoo hojii fi yaadamni qaama farra malaammaltummaa of danda'e hundeessuu bu'a qabeessa hin taane; hojii qorannaafi himannaa ammas taanaan qaamolee haqaa kanatu hojjata waan ta'eef aangoo kannnen qaamolee kanaa kennuu barbaachisa ta'uu kaasu. Kana cinaatti barbaachisummaan dhimmoota yakkaa giddu galeessa tokkotti fiduun bulchuun qabu agarsiisu. Akka waliigalaatti ogeessonni fi nammoonni komishiniin aangoo himachuu fi qorachuu qabatee cimee itti fufuu qaban jedhan baay'ina qabu.

Aangoo KNFMNO murteessuu keessatti haala qabatamaa naannoo keenyaa fi muuxannoo addunyaa akkasumas, waliigaltee biyyi keenya dhimma kana irratti taasifte ilaaluun barbaachisaadha. Waliigalteen idil addaunyaa biyyi Itoophiyaa farra malaammaltummaa irratti mallatteessite dhimmi malaammaltummaa xiyyeeffannoon akka kennamuufii qabu ni ibsu. Qabxii xiyyeeffannoo keessaa tokko qaamolee duula farra malaammaltummaa dursan dhabuu fi bilisummaan akka hojjatan gochuudha.[321] Waliigalteewwan kenneen haala qabatamaa isaanii irratti hunda'uun aangoo dhaabbileen farra malaammaltummaa akka murteessan biyyootaaf dhiisera. Biyyootni malaammaltummaan hamaa qaban dhaabbilee farra malaammaltummaa of danda'anii dhaabbatanii fi aangoo ittisuu, qorachuu fi himachuu qaban akka hundeeffatan ogeessonni fi dhaabbileen farra malaammaltummaa irratti hojjatan ni akeeku.

[320] Caalaa, Efreem, Xilahuun
[321] Art.6(1) of UN convention on corruption and art.5(3) of AU convention combating and preventing corruption

Haa ta'u malee, qabxiin dhaabbieen farra malaammaltummaa aangoo yakka malaammaltummaa himachuu qabu moo miti jedhu falmisiisaa ta'aa dhufee jira. Akka waliigalaatti adeemsi yeroo ammaa hubatamu, gareen qaamoleen farra malaammaltummaa aangoo himannaa qabaachuu hin qaban jedhan, kanneen qaamolee kana laaffisuu barbaadan yoo ta'an, kannaane deeggaran immoo cimina isaanii kan barbaadan ta'uu ogeessonni dhimma malaammaltummaa irratti barreeffama adda addaa barreessan ni ibsu.[322] Muuxannoo biyyoota yoo ilaalle immoo fakkeenyaaf ogeessii diinagdee Baankii Addunyaa *Francesca Recanatini* jedhamu dhaabbilee farra malaammaltummaa 50 irratti sakata'a gaggeesseen kanneen qorannoo fi himannaa yakka malaammaltummaa walfaana qaban % 50 qofa akka ta'an agarsiisee jira. Haa ta'u malee dhaabbileen kunneen hundi jechuun haala danda'amuun aangoo yakka qorachuu akka qabanis ifoomsee jira.[323] kana irraa kan hubannuu dhaabbileen farra malaammaltummaatiif hojii himannaa yakkaa caala aangoo fi hojiin qorannaa yakka baay'ee murteessaa ta'uu isaati.

KNFMNO ilaalchisees komishinicha qaama of danda'e taasisanii hundeessuu fi aangoo hojii farra malaammaltummaaf oolu ittisuu, qorachuu fi himachuu akka qabaatu seeraan aangessuun qabxii ciminaa tokkodha. Hojii hanga ammaa komishinichi hojjates hanga barbaadame bu'a qabeessa akka hin taane hundinuu irratti kan waliigaleedha. Haa ta'u malee komishinichi hojii qabatamaa akka hojjatu deeggarsii fi kutannoon ture laafaadha. Komishinichi baajata gahaa fi meeshaalee hojii (logistics) gahaa hin argannee. Hoggantootaa fi ogeessota gahuumsa hojii farra malaammaltummaa sirnaan hojjechuu danda'anis baayi'inaa fi qulqullinaan hin qabu. hojiilee farra malaammaltummaa keessumattuu, olaantummaa seeraa kabachiisuu irratti sababa dhiibbaa alaa fi keessatiin hanga ummanni irraa eegu hin raawwanne. Sirni to'annaa fi hordoffiis dhabamuun isaa ogeessi haguma danda'u illee akka hin hojjanne godheera. Rakkoowwan kunneen hedduun isaanii haala mijataa (enabling environment) komishinichaaf uumuu waliin kan walqabatuudha. Haalota kanneen osoo hin mijeessine komishinicha irraa bu'aa eeguun hin danda'amu yaadni jedhu fudhatama kan qabuudha.

Gama biraatiin sirna Haqaa yakkaa biyyattii fi naannoo keenyaa fooyyessuuf himannaan yakkaa qaama tokkoon gaggeefamu akka qabu qorannoon fooyya'iinsa sirna haqa yakkaa irratti ALI

[322] Rick Mesick, Should Anticorruption Agencies Have the Power to Prosecute? https://globalanticorruptionblog.com
[323] Francesca Recanatini, Anti-Corruption Authorities: An Effective Tool to Curb Corruption?

bara1997gaggeefame ni akeeka. Qoranichi sababa uumama isaaniitiin qaamolee qorannaa yakkaa irratti gahuumsi addaa (specialization) isaan barbaachisu dhimma isaanii qoratanii qaama tajaajila himannaa yakka kenu (Public prosecution service) dhiyeessuun gaarii akka ta'e ibsa. Kun hin danda'amne taanaan immoo qaamolee aangoo dhimma yakkaa himachuu qaban gidduu walitti dhufeenyi fi dhiyeessi odeeffannoo cimaan akka jiraatu gochuun rakkoo addan faffaca'iinsa hiikuun akka danda'amus qoranichi ni akeeka.[324] Hojiin himannoo yakkaa (prosecution) bilisummaa fi gahuumsa olaanaan qaama qabuun gaggeeffamuu akka qabu irratti waliigalama. Ministeerri (Biiroon) haqaa hojii bal'aa sirna Haqaa biyyaa (naannoo) dursuu ykn bulchuu hojjata. Biirichi hojii mootuummaa gorsuu, dantaa ummataa fi mootummaa irratti himata siivilii hundeessuu, waliigaltee fi ragaalee adda adda addaa mirkaneessuu, wixinee seeraa qopheessuu, hubannoo yakkaa cimsuu fi dhimma yakkaa mootummaa bakka bu'ee himachuu hojjataa jira. Haala kanaan hojiiwwan heddummina qabanii fi murteessoo ta'an kana giddugala tokkootti walitti qabanii raawwachuunis ta'ee hogganuun ofeeggannoo barbaada. Bal'inni fi caasafamni Ministeera haqaa hojii himannoo yakkaa irratti dhiibbaa akka hin uumne biyyoonni abbaa alanga mummichaa fi Ministeera haqaa adda adda baasan jiru. Biyyoonni muraasni immoo qophiitti jiru.[325] Kana irraa kan hubatamu sirna haqa yakkaa hunda giddu galeessa tokkooti fiduu hogganuun hojii bal'aa fi ofeeggannoo barbaadu ta'uu isaati. Dhimoota kanaaf of eeggannoo barbaachisu osoo hin godhin yakkoota Malaammaltummaa dhimmoota yakkaa biroo waliin walitti makuun giddu galeessa tokkotti bulchuun xiyyeeffannoo fi bu'a qabeessummaa hojii farra malaammaltummaa irratti dhiibbaa fida. Muuxannoon mootummaa naanno Tigraay irraa kan hubatamus dhimmoota yakkaa giddugala tokkotti walitti fiduun hoogganuun faayidaa akkuma qabu dhimma malaammaltummaa irratti dhiibbaa mataa isaa akka fidu ta'uu isaati. Naannichatti bara 2001 hanga 2003 hojimaatni dhimmoota yakka hoggansa biiroo haqaa jalatti, giddu galeessa tokkotti akka bulu godhamee itti hojjatamaa ture. Kanaanis rakkoowwan dhaqabummaa, deddeebii fi dhimmoota ariitiin furuun danda'amee ture.[326] Haa ta'u malee dhimma malaammaltummaa irratti qulqullinni raawwii hojii gadi bu'aa ture.[327] Biirichi dhimmoota

[324] Federal Democratic Republic of Ethiopia: *Comprehensive Justice System Reform Program Baseline study, 2005, pp.230*

[325] Fakkeenyaaf Mootummaaleen naannoo Biyyaa Awustiraaliyaa fi Kanaadaa Ministeera Haqaa fi Abbaa Alangaa Muummichaa qabu. Mootummaan Biyyoolessaa Naayijeeriyaa immoo seera qaamolee lamaan addaan qooduuf bahu irratti marii gochaa jira.

[326] Afgaaffii Obbo Li'uul Kaasay Hoogganaa Biiroo Haqaa Naannoo Tigraay waliin gaafa o5/07/2009 taasifame. Ayitoom G/maariyaam

[327] Hagos W/Wayid, Bahiree Giday, Li'uul Kaasay

hunda walitti qabee hogganuufis akka rakkate, keessumattuu hoggansa ogeessotaa irratti rakkoon akka ture hoggantootni hubachiisaniiru. Fedhiin ummataas komishiniin of danda'ee akka tajaajila kennu waan ta'eef deebi'ee bara 2003 dhaabbachuu ogeessonni KNFM fi Biiroo haqaa naannicha ibsa kennanirraa hubachuun danda'ameera. Haaluma walfakkaatuun KNFM federaalaa aangoon himannaa fi qorannaa yakka Malaammaltummaa Komishinicha irraa kaafamuun hojii komishinichaa irratti dhibbaa akka fide (keessumattuu hojii hatatamaa ittisa malaammaltummaa irratti) ibsu.[328] Gama kaanin immoo erga jijjiramni caaseffamaa taasifamee yeroon gabaabaa fi bu'a qabeessummaa isaa madaluuf kan ulfaatu ta'us raawwiin hojii himannaa yakka malaammaltummaa Abbaa Alangaa Muummichaa gadi bu'aa ta'uu gabaasa aman hojichaa irraa ni hubatama. ALI bara 2008 KNFM federaalaan baay'inni yakkota Malaammaltummaa himannaan irratti banamee 972[329] yoo ta'u bara 2009 haga ji'a 9ffaatti yakkoonni himanni irratti baname 452[330]dha. Kanuma keessayis yakkoonni malammaltummaa ciccimoo baay'ee gadi aanaa ta'uu gabaasichi ni hubachiisa. Akka naannoo Oromiyaattis hojiin yakka malaammaltummaa himachuu biiroo haqaatiif yoo kenname xiyyeeffannoo dhaba yaaddoon jedhu bal'inaan ibsamee jira.

Angoo Komishinichaa haala amma jiruun dhiisuun wal simannaa sirna haqaa akka biyyaatti jiru irratti dhiibbaa qabaachuu fi dhiisuu isaa ilaaluun gaaridha. Itoophiyaan biyya sirna federaalaawaatiin bultudha. Mootummaan naannoo Oromiyaa qaamolee bulchiinsaa mirga ofiin of bulchuu ummataa mirkaneessan ijaaruuf aangoon Heeraan kennameefira.[331] Bu'ura kanaa Manni mare mootummaa naannoo Oromiyaa qaamolee hojii bulchiinsa naannichaaf barbaachisan hundeessuu danda'a.[332] Dhimma malaammaltummaa irrattis hammeenyummaa malaammaltummaan naannicha keessatti qabu ilaalchisee qaamolee kanaaf barbaachisan dhaabuu fi aangoo isaanii murteessuu danda'a. Dhimmoota yakkaa irratti aangoon federaalli seera baasuu qabu akkuma eegametti naannoon qaama raawwachiisu hundeessuuu fi aangoo isaa murteessuu danda'a. Naannoon Oromiyaa haala qabatamaa naannichaa faana dhimma Malaammaltummaaf xiyyeeffannoo kennuu fi Komishinicha aangoo guutuu faana cimsanii sochii farra Malaammaltummaa taasisuun itti amanamnaan Komishinichi caaseffamaa fi aangoo

[328] Kom. Alii,
[329] Gabaasa Raawwii Hojii KNFM Mootummaa Federalawaa Dimokiraatawa Itoophiyaa kan bara 2008 fuula 19.
[330] Gabaasa Raawwii Abbaa Alangaa Muummichaa Federalawaa Dimokiraatawa Itoophiyaa kan bara 2009 fuula 19
[331] Heera Mootummaa Itoophiyaa bara 1987 bahe, kwt.52(2)a
[332] Heera Mootummaan Naannoo Oromiyaa, labsii lakk. 108/1998 kwt.55(2)

amma qabu faana itti fufuu danda'a.Kanaaf KNFM Federaalaa aangoo yakka malaammaltummaa himachuu fi qorachuu dhabuun KNFMNO hojii farra malaammaltummaa haala guutuu ta'een hojjachuu fi seerota Malaammaltummaa irratti bahan hojiirra oolchuu irratti dhiibbaa addaa hin uumu.

Akka waliigalatti KNFMNO hojiin farra malaammaltummaa irratti hojjate haga barbaadamuu gadi fi bu'a qabeessa akka hin taane hubachuun ni danda'ama. Kanaaf immoo sababoonni keessaa fi alaa hedduun gahee taphataniiru. Keessumattuu Komishinichi deeggarsaa fi hordoffii barbaachisaa dhabuun bu'a qabeessummaa isaa irratti dhiibbaa fidee jira. Qabxiilee madaallii fi agarsiistota isaanii faana haala qabatamaa Komishinichaa gabatee armaan gadii irraa haa hubannu.

| ***Kallattii Madaallii*** | Agarsiistota (indicators) | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| ***Bilisummaa, bu'ura seeraa fi Aangoo*** | of danda'ee dhaabbachuu | Ergama | Aangoo | Muudama Komishinaraa | Aangoo irraa kaasuu Kom. | giddu lixummaa | meeshaa itti wal miidhan | | |
| ***Baajataa fi Humna Namaa*** | 'reeshoo' baajataa | baajata gahaa | baajata amansiisaa | mindaa hojjatootaa | haala qacarrii hojjataa | gahuumsa ogeessaa (qorannoo) | gahuumsa ogeessaa (ittisa) | leenjii | tasgabbii (stability) ogeessaa |
| ***Qorannoo fi Himannoo*** | dhaqabummaa | si'oominaan deebii kennuu | kaka'uumsa qorannoo yakkaa | baay'ina. Yak. qoratamanii | bu'a qabeessaummaa | dandeettii adabsiisuu | hooggantoota fi ogeessota olaanoo qorachuu fi himachuu | qabeenya deebisisuu | |
| ***Ittisa, Barnootaa fi Qo'annoo*** | baajata ittisaa | tarsimoo sochii to'annoo Mal. | qo'annoo hojimaataa | gorsa ittisa Mal. Kenname | barnoota fi dagaagina naamusaa | qaamolee hirtaa hirmachisuu | qorannoo (research) | Duula farra Mal. | itti fayyadama website fi midyaa hawwaasaa |
| ***Qindoomina qomolee Hirtaa*** | Deeggarsa Mot. | qindoomina qaamolee biroo | qindoomina dhaabbilee siivikii/dhunfaal | hirmaanna idil addunyaa | qindoomina KNFM biroo waliin | amantaa ummanni qabu (rakkoo Mal. furuu irratti) | | | |
| ***To'annoo fi Itti gaafatamummaa*** | Gabaasa dhiyeessuu fi dhaqabamaa gochuu | sirna to'annoo fi hordoffii | sirna komii keessaa | qabiinsa mirga shakkamaa | Al-loogummaa fi Haqummaa | Alloogummaafi Haqummaa maamilootaa | | | |
| ***Ilaalcha Hawwaasni KNFMNOtiif qabu*** | Mal. to'achuu irratti bu'a qabeessummaa komishinchaa | Ilaalcha fayyadamtootaa | ilaalcha fayyadamtoota dubartootaa | kutannoo siyaasaa | | | | | |

Gadaanaa=
Giddugaleessa=
Olaanaa=

**Boqonnaa Afur**

**Guduunfaa fi yaada furmaataa**

## 4.1 Guduunfaa

**Bilisummaa**

KNFMNO qaama of danda'e ta'ee labsiidhaan hundeeffamuu fi haaluma kanaanis hojiiwaan farra malaammaltummaa kan akka ittisuu, qorachuu fi himachuu wal faana akka hojjatu aangeffamee hojjataa jiraachuun akka ciminaattti ilaalama. Haa ta'u malee hooggantootaa (komishinaroota) muuxannoo, gahuumsa, hidhata siyaasaa hin qabne (apolitical) fi hawwaasa biratti fudhatamummaa qaban muuduu irratti hanqinni cimaan jiraachuun argannoo qoranichaa irraa hubatameera. Kun immoo bilisummaa fi hojii Komishinichi gama itti gaafatamummaa mirkaneessuun hojjatu irratti dhiibbaa uumera.Turtiin yeroo komishinaraa seeraan murtaa'uus, haalli aangoo irraa itti kaafamu iftoomina hin qabu. Bilisummaa Komishinichaa ilaalchisee hojii olaantummaa seeraa kabachiisu KNFMNO keessatti giddu lixummaan olaanaan jiraachuun isaa argannoo qoaranno kanaati. Qaamoleen siyaasa sadarkaa sadarkaan jiran hojii komishinichaa irratti dhiibbaa uumaa kan jiran ta'uun hubatamee jira. Keessumattuu, namoonni qaama hojii raawwachiistuu keessa hojjatan, malaammaltummaa raawwatanis dhiibbaa mootummaatiin (ajaja giddu galeessaa dhufuun) itti gaafatamummaa jalaa akka miliqan ni godhamu. Hooggansi komishinichaas hojii qorannoo fi himannaa yakka malaammaltummaa ogeesonni akka hin raawwanne ykn addaan kutan gochuun baay'inaan mul'ata. Garaagarummaa ilaalchaa fi wal dhabbii dhuunfaa irratti hunda'uun komishinicha akka meeshaatti fayyadamanii wal miidhuun ni mul'ata.

*Humna Namaa fi Baajata*

Hanqinni humna namaa rakkoo Komishinicha mudataa jiran keessaa tokkodha. Qaxarriin ogeessotaa ulaagaa adda bahee beekamu irratti kan hin doofne fi iftoomina kan hin qabneedha. Komishinichi humna namaa gahuumsaanis ta'e aay'inaan, hojii farra malaammaltummaa sirnaan

hojjatu hin horanne. Hojiin farra malaammaltummaa ogeessa gahuumsa addaa fi ogummaa adda addaa qaban kan barbaadu ta'us komishinichi ogeessota kanneen guuttachuu hin dandeenye. Komishinichi ogeessota gahuumsa qaban hawwachuu fi kanneen jiran tursiisuuf naannoo hojii mijataa hin taasifne.Ogeessotni komishinichaa leenjii ogummaa hojiin duraa argataa hin jiran; leenjiin hojirraas baay'ee muraasa. Ogeessoata ogummaa adda addaa kan qaban dhabuun milkaa'ina hojii komishinichaa irratti dhiibba uumee jira.

Sosochiin hawaasa hundee godhate taasisuuf bajatni baay'ee murteessaadha. Haa ta'u malee bajatni komishiniif ramadamu baay'ee gad-aanaa dha. Bajatni komishiniif ramadamu gahaa ta'uuf yoo xiqqaatee giddu-galeessaan, baja mootummaa naannichaaf ramadamu keessaa dhibentaa 0.1- 0.2% yoo ta'e; bajata komishiniin hojii duula malaammaltumaa irratti taasisuuf gaafatu dhibbentaan 66%-79% kan mirkanaa'uuf yoo ta'ee dha. Qabatamaa jiruun garuu bajatni komishiniif ramadamu bajata naannichaa waliin yoo ilaalamu baroota 2006-2008 giddu-galeessaan 0.06% dha. Hanga komishiniin gaafate keessaas baroota kana keessatti giddu-galeessaan 56.08% qofatu mirkanaa'aaf. Kanaafuu bajatni komishinichaa baay'ee gad-aanaa fi hojii duula malaammaltummaa irratti komishinichi taasisu galmaan geessisuu kan hin dandeenye jechuun ni danda'ama.

*Qindoomina*

Duulli malaammaltummaa irratti taasifamu dadhabbii qaama tokkootiin galma hin gahu. Waan ta'eefuu, qindoominni sekteroota mootummaa, miti mootummaa, dhaabbilee hawaasumaa (civil societies), dhaabbilee gargaarsaa (donor), komishinii biyyoota biroo waliin taasifamuu murteessaadha. Harcaatiin jiraatus Komishiniin sekteroota haqaa (abbaa alangaa fi poolisii) waliin qindoomina fooyya'aa ta'e ni qaba. Yakka malaammaltummaa irratti murtii fi ajaja kennuu ilaalchisee beellama dheeressuun ni mul'ata. Sekteroota mootummaa biroo kanneen akka odiitera muummichaa, Abbagaar, dhaabbilee hawaasaa, miti mootummaa, komishinii naannoo fi biyyoota biroo waliin qindoominni jiru laafaa ta'uun hubatameera. Sekterootni mootummaa adda addaas bifa barbaadameen qondaala naamusaa ramaduun hojii farra malaammaltumaa idileessannii hojjachuu irratti hanqinni jira. Hariiroon qaamolee haqaa federaalaa waliin jiru laafaadha. Dhaabbilee miidiyaa waliin qindoominaan hojjachuu irrattis laafinni ni mul'ata.

Komishinichi qaamolee alaan qofa osoo hin taanee adeemsoolee hojii ofii isaas qindeessuun hojii wal deeggaru akka hojjatan gochuu irratti hanqina mul'isee jira.

*Hojii Komishinichaa*

Ittisni yakka malaammaltummaa kallattii hojii komishinii isa guddaa dha. Toorawwan xiyyeeffannoo komishinii sadeen keessaa lamman isaanii ittisa yakka malaammaltummaa irratti xiyyeeffatu. Tarsiimowwan ittisa yakka malaammaltummaaf tajaajilan kanneen akka qondaala naamusaa manneen hojii mootummaa keessatti hundessuu, raayyaa farra malaammaltumma, gumii fi kilabiiwwan farra malaammaltummaa bal'inaan hundeeffamaa tureera. Hojiwwan ittisa yakka malaammaltummaa gama qo'annoo hojmaataa gageessuun qaawwa hojmaataa cufuu, websaayitii ykn miidiyaalee idilee fi hawaasaa fayyadamuun hawaasa bal'aa dhaqqabuuf taasifaman hanqina kan qabaniidha. Gama qo'annoo hojimaataatiin manneen hojii naannicha keessa jiranii fi hojimaata badaa jiru faana yoo madaalamu, hojiin hojjatame gadi bu'aa ta'uu agarsiisa. Qorannoo gaggeessuun dhimmoota xiyyeeffannoo farra malaammaltummaa barbaadan adda baasuurrattis hanqina bal'aatu jira.

*Qorannoo fi Himannoo*

KNFMNO waggoota sadan darban eeruu 3250 walitti qabuuf karoorfatee eeruu 3504 walitti qabuu danda'eera. Eeruu sassabuu irratti karooras ta'ee raawwiin komishinichaa hammeenyummaa fi babal'ina malaammaltummaa akkasumas, baayyina ummata naannichaa faana gahaa akka hin taane agarsiisa. Eeruu walitti qabaman keessaa hedduun isaanii dhimma dantaan dhuunfaan wal qabataniidha. Sababootni Komishinichi eeruu gahaa akka walitti hin qabane taasisan keessaa tokko eeruu kennuuf haalotni mijataan dhabamuudha. Komishinichi hawwaasaaf dhiyeenyaa fi dhaqabummaa hin qabu.Iddoon eeruu itti kennan iccitii eeru fi eeruu kennaa eeguuf mijataa miti. Waajjirichi eeruu simachuuf 'email' hin qabu; bilbilli tolaa eeruu kennuuf jedhames tajaajila gahaa kennaa hin jiru. Qabiinsa fi calallii eeruu irratti sirni to'annoo fi hordoffii waan hin jirreef iftoomina irratti dhiibbaa uumee jira. Gama biraan nomoota eeruu kennaniif eegumsi gahaan godhamaa hin jiru. Komishinichi eeruu fuudhuu fi qulqulleessuu irratti ogeessota gahuumsa, ogummaa adda addaa qabanii fi baay'inni hojii hojjatamuun wal-gitu

hin qabu. Kuni immoo eruuwwan gara komishinichaa dhufan yeroodhaan furmaata ykn deebii hin argannee fi namoonniis eeruu akka hin finne godheera.

Hojiin qorannoo fi himannoo Komishinichaan hojjatame akka waliigalaatti yoo ilaalamu hanga eegamuu gadi ta'ee hubatama. Dhimmoonni qoratamanii fi himannaan dhiyaate akkasumas dhimmoonni murti argatan baay'inni isaanii gadi aanaadha. Dhimmootuma qoratamanii himannaaf dhiyaatanis taanaan kanneen eeruu komishinichaaf kenname bu'ureeffatan %10 gadi. Komishinichi dhimmoonni kaka'uumsa isaatiin qorate hin jiran ykn baay'ee muraasa. Hojiiwwan hojjataman ilaalchisees ragaa fi galmee qabachuu irratti harcaatii guddatu mul'ata. Komishinichi hojiin itti gaafatamummaa mirkaneessuuf hanga ammaa hojjate gumacha qaamolee haqaa (Poolisii fi Abbaa Alangaa) irratti kan hundaa'edha. Komishinichi eeruu ykn galmee dhiyaate qoratee murtii itti kennuu irratti baay'ee harkifataadha. Dhimmoonni waggoota hedduu turan baay'inaan ni mul'atu. Abbootii taayitaa fi Ogeessota sadarkaa olaanoo irraa jiran himatanii adabsiisuu irratti jalqabbiin jiraatus, Komishinichi dhimmoota xixiqqoo qorachuu fi himachuun baay'inaan ni mul'ata. Namoota yakka malaammaltummaa raawwatan hunda loogii malee seeratti dhiyeessuu fi qabiinsa shakkamaa irrattis hanqinni jira. Eeruu kennitootaa fi ragaa baatotafis eegumsi godhamu laafadha. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ykn qisaasa'e deebisisuun laafaa dhufee jira. hojiiwwan kunneen bu'a qabeessa akka hin taane wantootni godhan humna namaa fi loogistikii gahaa dhabamuu; gahuumsi ogeessotaa hanga barbaadamuu gadi ta'uu; sirni itti gaafatamummaa dhabamuu ykn laafaa ta'uu fi caaseffama hojii hojjatamuun wal gitu guuttachuu dhabuudha.

*To'annoo fi Itti gaafatamummaa*

Komishiniin akka qaamolee to'annoo gaggeessan biroo (integrity institution) karooraa fi gabaasa raawwii isaa kallattiin caffeef dhiyeessuu dhabuun to'annoo godhamu akka laafu godheera. Qaamni haala addaan raawwii hojii komishinichaa hordofuu fi madaalus hin hundoofne. Ummannis raawwii hojii komishinichaa irratti odeeffannoo argachuu hin dandeenye. Keessa komishinichaa keessattis to'annoo fi itti gaafatamummaa mirkaneessuuf sochiin godhame baay'ee laafaadha. Dambiin naamusaa fi sirni hanqina naamusaa irratti tarkaanfii itti fudhatamu cimaan hin hundoofne. Sababa kanaafiis hanqina naamusaa uumame irratti tarkaanfiin sirreefamaa madaalawaa ta'e hin fudhatamne. Hojiin ogeessi hojjatu to'annoo dhabuu fi ogeessa ulaagaa hojiif roogummaa qabun madaaluu dhabuunis hanqina mul'ateedha.

*Amantaa fi Ilaalcha hawwaasaa*

Amantaan hawwaasni Komishinichi malaammaltummaa to'achuu danda'uu isaa irratti qabu gadi bu'aa dhufeera. Kanaaf immoo sababni guddaan laafina kutannoo mootummaa fi hojiin komishinichi gama itti gaafatamummaa mirkaneessuutiin hanga amma hojjate, hanga ummatni eegu gadi ta'uu isaati. Haa ta'u malee komishinichi qaamolee haqaa biroo waliin yoo ilaalamu amanamummaa qabu fooyya'aadha.

*Aangoo fi Caaseffama*

Gaaffii KNFMNO aangoo qorannaa fi himannaa yakkaa qabaachuu qaba moo miti? jedhu irratti yaadotni wal faallessan lama ni calaqisu. Hirmaatotni qoranichaa hedduun komishinichi aangoo yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuu qabaachuu qaba yaada jedhu qabu. kanneen hafan immoo aangoo kun qaamolee haqaa buleeyyiif kennamuun irra ni faayida yaada jedhu qabu. Aangoo kanneen komishinirraa kaasuun hojjiin farra malaammaltummaa adda akka facaa'u waan godhuuf bu'aqabeessummaa isaa ni huba. Dabalataanis dhimmi malaammaltummaa irratti xiyyeeffannoo akka laafu; gahuumsi addaa hojii farra malaammaltummaa akka hin jiraanne gochuu danda'a. Hanqinni naamusaa ogeessota qaamolee haqaa fi amantaan ummatani qaamolee kanaaf qabus hojii qorannoo fi himannoo malaammaltummaa miidha yaaddoon jedhu baay'inaan calaqisee jira. Gama biraan immoo yaadni aangoon kunneen komishinicha irraa fudhatamee qaamolee haqaaf kennamuu qaba jedhus ni jira. Qabxiileen yaada kana deeggaruuf dhiyaatan barbaachisummaa abbaa alangaa cimaa fi bu'a qabeessa ta'e hundeessuun qabu; faayidaa tajaajilli haqa yakkaa giddu galeessa tokkootti kennamuun dhaqabummaa fi dadhabbii hanbisuu irratti qaban akka ijoottii dhiyaatu. Dabalataan hojiin hanga ammaa komishinichi itti gaafatamummaa mirkaneessuu irratti hojjate bu'a qabeessa waan hin taaneef komishinichi ittisa irratti xiyyeeffatee aangoo itti gaafatamummaa mirkaneessuu qaamolee haqaatiif kennuun gaaridha yaada jedhutu ka'a. Akka waliigalaatti hojii itti gaafatamummaa mirkaneessuu irratti hojjatame hanga eegamee gadiidha. Kanaaf sababni ijoon ta'an haala mijatoon komishinichaaf hin guutamin hafudha. Deeggarsi Mootummaan komishinichaaf godhe laafaa ta'uun; kutannoon mootuummaan malaammaltummaa irratti qabu gadi aanaa ta'uun; giddu lixummaan hojii komishinichaa keessatti baay'achuu dhimmoota bu'a qabeessummaa komishinichaa irratti dhiibbaa guddaa fidaniidha. Muuxannoo biyyoota guddataa

jiranii fi rakkoo malaammaltummaa hamaa ta'e hiikkataa jiran irraayis kan hubatamu qaama farra malaammaltumma of danda'e dhaabuu fi kutannoon deeggaruun duula farra malaammaltummaa milkeessuun akka danda'amuudha. Qaamoleen farra malaammaltummaa kanneen immoo aangoo hojii farra malaammaltummaa haala guutuun hojjachuu dandeessisu (ittisuu, qorannoo fi himannaa) qabaachuun milkaa'aa taasisa. Keessumattuu hojiin qorannaa yakkaa milkaa'ina qaamolee kanaaf murteessadha.Qaamni farra malaammaltummaa of danda'ee aangoo guutuun hojjachuu yoo hin dandeenye hojiin farra malaammaltummaa akka miidhu muuxannoo Mootummaa naannoo Tigraay irraayis hubachuu dandeenya. Akka Oromiyaattis komishinichi sababa haalota olitti ibsameetiin hanga irraa eegame hojjatuu baatuus dhaabbatee aangoo guutuun socho'uun qabsoo farra malaammaltummaa keessatti dhiibbaa gaarii uumera. Kanaaf qaama kana irraa aangoo yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuu kaasuun sochii farra malaammaltummaa naannichaa duubatti deebisuu danda'a.

*Kutannoo Siyaasaa*

Duulli malaammaltummaa irratti taasifamu fiixaan bahuu kan danda'u, kutannoo mootummaan malaammaltummaa irratti qabu hanga dhumaa (zero tolerance) yoo ta'eedha. Mootummaan bu'ura waliigaltee Idil-Addunyaa galeen KNFM qaama of danda'ee fi dhimma Malaammaltummaa irratti aangoo guutuun hojjatu taasisee hundeessuun isaa qabxii ciminaa ijoodha. Haa ta'u malee qabatamaatti dhimmoonni kutannoo mootummaa irratti hanqina agarsiisan ni mul'atu. Deegarsi gama bajataa fi loojistikiin komishiniif taasifamu baay'ee xiqqaadha. Komishiniin namoota gahuumsaa fi amanamummaa ummataa qabaniin akka hoogganamu hin godhamne. Hojii itti gaafatamummaa mirkaneessuu keessatti qaamni raawwachiistuu dhiibbaa fi giddu-lixxummaa bal'aa taasisa. Haala kanaanis Abbootiin taayitaa yakka malaammaltummaa raawwatan yakkaa isaaniif akka itti hin gaafatamne godhamaniiru. Ta'nnoo fi hordoffiin gama mootummaan komishinii irratti taasifamu dhabamuun hanqina kutannoo agarsiisa. Akka waliigalaatti kutannoon mootummaan Malaammaltummaa to'achuu fi Komishinicha deeggaruu irratti taasisaa jiru haga barbaadamu gadi ta'uun ni hubatama.

## 4.2 Yaada furmaataa

### Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaaf

- Caffeen namoonni komishinichaa hoogganan muuxannoo, gahuumsa, hidhata siyaasaa kan hin qabne (apolitical) fi hawwaasa biratti fudhatamummaa kan qaban ta'uu adda baasee muuduu qabu.
- Caffeen bakka bu'aa fi qaama aangoo olaanaa naannicha akkuma ta'e malaammaltummaa yeroo ammaa naannicha keessatti rakkoo hamaa ta'e kanaaf xiyyeeffannoo kennuun hojiiwwaan hojjataman dhiyeenyatti hordoofuu qaba. Giddu lixummaa qaama raawwachiistuun taasifamus to'achuu qaba. Kanumaafis Komishinichi karooraa fi gabaasa isaa kallattiin yaa'ii caffeef akka dhiyeessuu fi akka irratti mari'atamu gochuu qaba.
- Dabalataan caffeen koree hawwaasa, ogeessota dhuunfaa, miseensota caffee, dhaabbilee siivikii fi miseensota dhaabbilee siyaasaa mormituu irraa walitti ba'an hundeessuun raawwii hojii komishinichaa hordofuu fi madaaluun itti gaafatamummaa mirkaneesuu akka hundaa'u haala mijeessuu qaba.

### Qaama raawwachiiftuu

- Qoodinsa baajataa irratti komishinichi baajata hojii farra malaammaltumma gaggeessuuf isa dandeessisu gaafii baajataa komishinichaa irratti hundaa'uun ramaduufii qaba. Kana malees qajeelfama irratti hundaa'uun Komishinichi qabeenya deebisisu irraa hanga ta'e hojii gaggeessuuf akka itti fayyadamu haala mijeessuufii qaba.
- Komishinichi hojii farra malaammaltummaa hojjatu irratti dhaqabummaa isaa akka fooyyessu loogistikii barbaachisaa ta'een deeggaruu qaba.
- Qaamni raawwachiistuu ulaagaa namni komishinara ta'u guutuu qabu (muuxannoo, gahuumsa, hidhata siyaasaa kan hin qabne (apolitical) fi fudhatamummaa hawwaasa biratti qabu) ifatti qopheessuun namoota gahuumsa kana qaban, koree of danda'ee fi hawwaasa hirmaachiseen qulqulleessuu fi fo'uun caffeef dhiyaate akka mirkanaa'u gochuu qaba. Akkaataan aangoo irraa kaafamuu komishinaraas iftoomina kan qabuu fi bu'ura seeraa kan eeggate akka ta'uu of eeggannoo gochuu qaba.

- Manni Marree bulchiinsa naannoo Oromiyaa hojii itti gaafatamummaa mirkaneessuuf komishinichi hojjatu irratti ofii isaas ta'e qaamoleen raawwachiistuu biroon giddu lixummaa fi dhiibbaa akka hin taasisne ejaannoodhaan to'achuu qaba. Olaantummaan seeraa akka mirkanaa'uu fi kanneen biroof illee fakkeenya akka ta'an, qondaalota yakka malaammaltummaa raawwatan irratti hojii itti gaafatamummaa mirkaneessuu komishiniin hojjatamu deeggaruu qaba.
- Hojiin farra Malaammaltummaa seektara hunda keessatti idileessuuf; manneen hojii hundi karoora farra malaammaltummaa baafatanii akka raawwatan, ogeessaa gahuumsaa fi roogummaa qabu qondaala naamusaa irratti ramadanii akka hojjechiisan xiyyeeffannoon hordofuu fi raawwachiisuu qaba.
- Dhaabbilee siivikii hojiin farra malaammaltummaa irratti bobba'uu barbaadaniif haala mijataa uumuu fi deeggaruun irraa eegama.
- Aangoo yakka malaammaltummaa qoarchuu fi himachuu murteessuun wal qabatee hammenyummaafi xiyyeeffannoo dhimmi malaammaltummaa argachuu qabu ilaalcha keessa galchuun tarkaanfiiwwan itti aanu fudhachuu danda'a.

***Tokkoffaa***, Manni maree Bulchiinsa Mootummaa naannoo Oromiyaa Komishinicha aangoo guutuu amma qabu waliin haalota mijatoo (baajata fi loogistiksii gahaa ramaduun; Hooggansaa fi ogeessa gahuumsa fi amanamaa ta'e akka qabaatu haala mijeessuun; giddu lixummaa hojii komishinichaa irratti taasifamu hambisuun) guutaniifii cimsuun (revitalize) hojii farra malaammaltummaa akka hojjatu gochuu qaba. Haala kanaan hojii hojjatames yeroo yeroon madaaluun barbaachisaadha.

***Filannoo Lammaffaa***, Barbaachisummaa fi fiixa-bahiinsi (feasibility) isaa qorannoon adda bahee, aangoo himannaa yakkaa Komishinicha irraa kaasuun yoo itti amaname, aangoo yakka malaammaltummaa himachuu qaama of danda'ee bilisummaan himannaa dhimmoota yakkaa raawwatuuf (public prosecution service) kennuun akka filannooti raawwatamuu danda'a. Aangoo yakka malaammaltummaa qorachuu hojii komishinichaa irraa gargar baasuun waan hin danda'amneef, Komishinichi Ogeessota gahuumsaa fi beekumsa addaa (specialization) qabaniin deeggaramee yakkoota malaammaltummaa qoratee qaama kanaaf akka dhiyeessuu fi himachiisu gochuun ni danda'ama.Walitti dhufeenyaa fi itti gaafatamummaa qaama lamaan gidduu jiru sirnaan to'achuun barbaachisaadha.

**KNFMNO**

